

**XIINXALA ASOOSAMA “YOOMI LAATAA?” IJA YAADXINA
MAARKISIZIMIITIIN**

QORATTUUN: TAKKAAYEE NIGAATUU DHAABAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA’EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITII MUUMMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

HAGAYYA, 2014

JIMMA, OROMIYAA

**XIINXALA ASOOSAMA “YOOMI LAATAA?: IJA YAADXINA
MAARKISIZIMIITIIN**

QORATTUUN: TAKKAAYEE NIGAATUU DHAABAA

GORSA: TAAYYEE GUDDATAA (PHD)

GORSA AANTEE: CIMDII WAAQUMAA (ASSO. PROF.)

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUTIN GUUTTACHUUF
QOPHAA’EE YUUNIVARSITHI JIMMAA KOOLLEEJHII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITII MUUMMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

HAGAYYA, 2014

JIMMA, OROMIYAA

YUUNIVARSIITII JIMMAA

DHAABBATA QORANOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lammaaffaa (MA) Afaan oromoo fi ogbarruu barsiisuun ittiin guuttachuuf Takkaayee Nigaatuu mata duree xiinxala Asoosama Yoomi Laataa?: Ija yaadxina Maarkisizimiitiin jedhu irraatti gaggeeffame sadarka ulaagaa Yuunivarstiin kaa'een guutera

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gargaaraa gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Maqaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa yookiin Qindeessaa Muummee Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu, kanaan dura Yuunvarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabiilee keessa kaa'uun koo nan mirkaneessa.

Maqaa Takkaayee Nigaatuu Mallattoo_____ Guyyaa 27/12/2014.

Barattuu_____ kan jedhamtu waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isheefi muummeef galchuu danda'uu gorsaan mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa_____ Mallattoo_____ Guyyaa_____

Galata

Duraan dursee, isa uumee har'aan nagahe galanni Waaqaa tokkichaaf haa ta'u. itti aansuun yeroon qorannoo kana gaggeessuu mata dure filachuu irraa jalqabee hanga qorannoon kun galma gahutti obsa ol'aanaa fi fuula nama hawwatuun beekumsa isaanii osoo narraa hin qusatin yaadafi gorsa ogummaatiin kan na maddii dhaabbatan gorsaa koo kan ta'an Taayee Guddataa(PhD)tiif galanni koo dachaadha.Akkasumas, gorsaa aantee koo Cimdii Waaqumaa (gargaaraaProf.)galanni ani qabu guddaa dha.Dabalataanis Abbaa manaa koo, Abbaa koofi hadhaakoo , hiriyoota koo kanneen yaadaafi maallaqaan na deeggartaniif galatan galcha.

Gabaajewwan

- A.B.O.A-----Adda Bilisummaa Oromoo Abboo
A.B.O-----Adda Bilisummaa Oromoo
A.D.W.U.I-----Adda Dimokiraatawaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa
A.I.B.O-----Adda Islaamummaa Bilisummaa Oromoo
A.T.B.O-----Adda Tokkummaa Bilisummaa Oromoo
E.D.U. (ኢ.ድ.ዩ)-----Gamtaa Diimokiraatawaa Itoophiyaa
(Ye Itoophiyaa diimokkiraasiyaawiii hibirat)
E.L.F-----Adda Bilisummaa Ertiriyaa (Ertirean liberation front)
E.P.D.M-----Sochii Dimokiraatawaa Ummattoota Itoophiyaa
(Ethiopia people democratic movement)
E.P.L.F-----Adda Bilisummaa Uummata Itoophiyaa
(Ethiopia people liberation front)
E.P.R.P-----Sochii Paartii Warraaqsa Uummattota Itoophiyaa
(Ethiopia people revolutionary party)
H/S-----Hayile Sillaasee
I.Ci.A.Ti.(ኢ.ሮ.አ.ት)-----Qabsoo Warraaqaa Cunquurfamoota Itoophiyaa
(Ye Itoophiyaa cuquunoochi abiyootaawii tigil)
I.Hi.A.Pa. (ኢ.ህ.አ.ፓ)-----Paartii warraaqaa Uummata Itoophiyaa
(Ye Itoophiyaa hizbi abyootaawii paartii)
I.Ma.Le.Di.Hi (ኢ.ማ.ሊ.ድ.ህ)-----Gamtaa Dhaabbiilee Maarkisummaafi Leeninummaa Itoophiyaa
(Ye Itoophiyaa Maarkisaawii Leninaawii dirijjit hibret)
Ma.I.So.N (ሞ.ኢ.ሶ.ን)-----Shochii Sooshaalistummaa Guutummaa Itoophiyaa
(Yemillaa Itoophiyaa Sooshaalist niqinaaqee)
M.Le.Di. (ማሌሪድ)-----Dhaabbata Maarkisummaafi Leeninummaa
(Maarkisiist Leeninist Dirijjit.)
O.Bi.Di.Ni (ኦ.ብ.ድ.ን)-----Sochii dimokiraatawaa ummata Oromoo
(Oromoo biher dimokiraasiyaawii niqinaaqe)
O.L.F-----Adda Bilisummaa Oromoo (Oromo liberation front)
T.P.L.F-----Adda Bilisummaa Uummata Tigiraanyi(Tigiray people liberation front)

Axeerara

Kaayyoon qorannoo kanaa yaadxina maarkisizimii bu'uureffachuun qabxiilee asoosamni xiinxalaf filatame haala dinagde, siyaasaa, dammaqina gitaatiin hammam akka calaqqisiisaa ture xiinxaluu dha. Karaa biraan ammo kaayyoo qorannoo kanaa taateewwaan asoosama kana keessatti ibsaman haala qabatamaa addunyaa calaqqisiisa kan jedhu xiinxaluudha. Haaluma kanaan qorannichi saxaxa ibsaatti kan dhimmaa bahe dha. Gosti qorannichaas akkamtaa dha. Qorannichi madda ragaa sadarkaa tokkoffaa kan ta'e sakatta'a dookimantii gargaaramuun kan asoosama "Yoomi Laataa?" keessaa fudhatamanitti kan dhimma bahe dha. Asoosamni qorannoon irratti gaggeeffames tooftaa iddattoo kaayyeeffataatiin dhimma bahuuni. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan qabxii bu'uura qorattuun dursittee qopheeffatte irratti hundaa'uudhaan akkataa wal fakkeenya isaaniitiin hiikni itti kenname jira. Hiikni kenname jechaani; haaluma kanaan barreessaan asoosama kana keessatti ergaa dabarsuu barbaade tooftaa fakkoombii gargaaramuun asoosamicha keessatti taateewwan duraa duuban xiinxalamaniiru. Argannoowwaan qorannoo kanaa; uummanni oromoo sirnoota darban keessaatti dinagdee gahaa qabaatus itti gargaaramuuf sirni yeroo sanaa akka isa danqaa ture ifoomeera. Baroota hedduu Oromoon qabeenya uumamni lafa isa badhaasees haa ta'uu kan ofii hojjatetti dhimma bahuun ulfaataa akka ta'ee hubachuun danda'ameera. Oromoon bara baraan yaaddoo qabeenyaa irra darbee lubbuu gabbaraa akka ture ifoomeera. Hireen Oromootaa ifaajeedhaan ala fayyadamummaa irratti mirga Rabbiin laateef kan irraa mulqamee ta'uun isaa ibsameraa. Sirnoota darban keessatti akkaataa uummanni oromoo dhimma dinagdee isaa irraatti aangoo qabaachuu fi dhabuun wal qabatee rakkoo gurguddoof akka saaxilama turee fi hirkataa ta'un isa ifoomee jira. Uummanni oromoo baroota hedduuf hacuuccaa fi garbummaa jala turu isaa kan ibsuu dha. Dabalataanis gita cunqursaa keessaa bahuuf qabsoo hadhawaa akka gaaggeessuufi gaheen qabsaa'ota oromoo bakka jiraniitti taasisaniin dhaloota gabrummaaf hin jilbeenffanne akka uumamu taasissee jiraachuun isaa ibsameera. Asoosama "Yoomi Laataa?" haala qabatamaa sabni oromoo dhiibaa gama dinagdee siyaasaa hawaasummaa walumaagalatti mootummoonni darban uummata Oromoo irratti Miidhaa gara garaa qaqaabsiisan iyyuu gama Dammaqina gitaatiin qabsoo garaa garaa gochaa akka ture hubanna.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	I
Gabaajewwan.....	II
Axeerara	III
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	6
1.3.2. Kaayyolee Gooree	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	7
1.5. Daangaa Qorannichaa	7
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	7
1.7. Qindoomina Qorannichaa	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	9
2.1. Maalummaa Ogbarruu	9
2.2. Gosa Ogbarruu.....	11
2.2.1. Maalummaa Asoosamaa	12
2.3. Maalummaa Qeeqa Ogbarruu	14
2.3. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu	15
2.3.1. Asoosamaafi Siyaasa	16
2.3.2. Asoosamaa fi Hawaasummaa	17
2.3.3. Asoosamaafi Diinagdee	18

2.4. Qabiyyee Maarkisizimii (The concepts of Marxism)	19
2.4.1. Ka’umsa Ayidiyoljii maarkisizimii (Ideological sources of Marxism)	19
2.5. Yaadxina Qorannichaa	20
2.5.1 Diinagdeefi Qeeqa Ogbarruu akka Maarkistootatti	20
2.5.2. Hawaasummaa Ija Maarkistootaatiin	21
2.5.3 Siyaasa Ilaachisee.....	22
2.5.4 Dhiibbaa Gita cunqursaa.....	22
2.6. Sakatta’a Qorannoolee Walfakkaatanii.....	23
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA	25
Boqonnaa kana jalatti kanneen ilaalaman	25
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	25
3.2. Gosa Qorannichaa.....	25
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu	26
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa	27
3.6. Mala Qaacceessa Ragaa	27
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALAA.....	29
4.1 Xiinxala Asoosama “Yoomi Laataa?”	29
Fakkeenyaaf,.....	30
4.1.2. Hiika Fakkii Qola Asoosama “Yoomi Laataa?”	30
4.1.3. sab-seenaa Asoosama “Yoomi Laataa?”.....	31
4.1.5. Xiinxala Haala Diinagdee.....	41
4.1.6. Xiinxala Haala Ilaalchaa	46
4.1.8. Dammaqinaafi Gita bittaa.....	49
4.1.9. Gama Hawaasuummatiin.....	56
4.1.10 Gama safuu Hawaasaa Eeguutiin	57
4.1.11 GAMA ADAATIIN.....	58

BOQONNAA SHAN:GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA.....	60
5.1. Goolaba	60
5.2. Argannoo.....	61
5.3.Yaada Furmaataa	63
WABIILEE.....	64
Dabalee.....	66

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti: qabxiileen dhihaatan seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, kaayyoo gooroo fi kayyoo gooree qorannichaa ,daangaa qorannichaa hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa kan dhihaatudha.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun ogummaa fi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenya isaa akkasumas waan keessoo namaatti dhaga'amu gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatu kalaqa sammuu ilma namaatti. Yaada kana ilaalchise, Lazar(1993:f,5) "Literature does seem to provide away of contextualizing how the member of the particicular society might be have or react in a specific situation" jechuun ibsiti. Yaada kana irraas, Ogbarruun taateewan garaagaraa hawaasa keessatti uumaman jechuun gadda, gammachuu, miiraafi ilaalcha qaban waan hawaasichi qabus ta'e mormuu karaa miidhagaafi hawwataa ta'en deebise hawaasaaf kan ibsu hojii kalaqa ilma namaa ta'u hubanna.

Dabalataanis, Finnegan(1978:f 18) "Literature is creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and social significance "jetti. Yaada hayyuu kana irraa waanti hubatamu, ogbarruun hojii kalaqaa hawaasa miidhaginaa fi bifa dhugummaattiin hawaasa keessaa waraabamuun deebi'anii hawaasaaf kan dhiyaatan ta'uusaa ibsiteetti. Kana jechuunis ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee muuxannoo dhala namaa karaa miidhaginaa fi mi'aa of keessaa qabuun kan calaqqisiisu karaa beekumsi hawaasaa ittii ba'ee mul'atu isa olaanaa ta'uu isaa kanarraa ni hubatama. Asaffaa (2009:ff,21-22) yemmuu ibsu "ogbarruun ogummaa kalaqaa waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruu fi jireenya keessatti itti bu'uurrassinuu fi akka qabatamu itti miidhagsinee fi faayessinee ittiin beekumsa ilmaan namaatti waa qabu tokko ittiin walii galaafnu dha." jedha. Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, ogbarruun ogummaa waa kalaquu ta'ee muuxannoo, jiruuf jireenya dhala namaa dhugaa jiru irratti hundaa'uun barreechinee kan ittiin ibsinuu fi waan hawaasummaa bu'aa qabu tokko kan ittiin waliif qoodnu ta'uu isaati. Gama biraatiin fedhasaa (2013:f,7) ogbarruu yeroo ibsuu "Ogbarruun hojii kalaqaa afoola fi barreeffamaa of keessatti kan hammatudha." jedha. Haaluma kanaan ogbarruun afoola sammuu namaa barreeffamaan dhiyaatu marti og barruudha jechuu akka hin taanedha. Ogbarruun dabarsa aadaa ummataa yoo ta'u, galmee namoota

hubannoo, muuxannoo, beekumsaa fi sadarkaa adda addaa qabaniitii. Misgaanuu (2012:f,7) ogbarruun hojii kalaqaa ilmaa namaa ta'ee aadaa, duudhaa, siyaasa, dinagdee, amantaa falaasama, hawaasummaa, jiru fi jireenya hawaasa tokko kan ittiin calaqqisiifamu dha. Gamaa biraatiin waa'ee ogbarruu Rabbirraa (2011:f,160) irratti yeroo ibsu, "Ogbarruun ogummaa fi dandeetti dhalli namaa ittiin aadaa duudhaa, falaasamaa fi haala jiruuf jireenya isaaittin ibsatudha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, hojiilee kalaqaa keessaa tokko asoosama. Asoosamni hojiilee kalaqaa ta'ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka daawitiitti kan ibsudha. Yaada kana Misgaanuu (2012:f,15) haala armaan gadiin ibsa." Asoosamni akaakuu ogbarruu keessaa tokko ta'ee kan barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoo fi ilaalcha isaatti dandeetti kalaquu isaatiin qindeessuudha. Akkasumas, asoosamni hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi'ee dhiyeessuu dha" jedha. Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu asoosamni barreeffama keessa jiraniin raawwataman bu'uura taasifachuun kalaqa sammuu namaa dabalatee barreeffamuun hawaasichumaaf kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Asoosamni gooroowwan ogbarruu barreeffama keessaa tokko ta'ee haala jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo bifa miira dubbistootaa ofitti harkisuun miidhagsee kan dhiyeessuu hojii kalaqaati. Yaada kana cimsuuf, Asaaffaa (2009:f,125) waa'ee asoosamaa yoo ibsu "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee amala sansaka hubannoo fi kkf namoonni of keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsu dha" jedha. Waraabbii armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu asoosamni hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee dhugaa jirurratti hundaa'uudhaan haala jiruu fi jireenya hawaasa tokko kan akka aadaa, duudhaa, amantaa hawaasummaa fi falaasama namoonni hawaasa keessatti qaban qooddattootatti uffisee ergaa isaa dubbistootaaf ittiin dabarsu ta'uu isaati, Dabalataanis Rabbirraa (2011:f,177) irratti waa'ee asoosamaa yoo ibsu, "Asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee argaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isudha. Akkasumas asoosamni mudannoo fi mufannoo namni tokko haala jiruu fi jireenya keessti muuxannoo argatu mul'suufi sammuu barreessaan kalaqame warra qaarraatti mul'atudha," jedha. Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee argaa yaada barreessaatiin kalaqamee haala jiruu fi jireenya dhala namaa addunyaa dhugaa keessaatti kan mul'isuufi muddannoo fi mufannoo namoonni haala jiruu fi jireenya

keessatti muuxannoo qaban mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee dubbistootaaf waraqaarratti dhiyaatu ta'uu isaati. Asoosamni ogbarruu jalatti kan ramadamuu ta'ee hojilee kalaqaa kan asoosaan haala jiruu fi jireenya hawaasa keessatti calaqqisiisuu danda'an muuxannoo qabu irratti hundaa'uun barreessuudha, Yaadrimee asoosamaa ilaalchisee, Berhanu(2009:f,9)irratti maalummaa fi seenaa dhufaatii asoosama akka kanaa gadiitti ibsee jira.

' The word fiction comes from Latin word "fiction" which means something imagined and invented. Fiction denotes a story created from the author's imagination. Hence, in general sense the word fiction refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact. Yaada armaan olii irraa kan hubatamu dhuftaan jecha asoosama jedhuu afaan Laatinii yemmuu ta'u, innis "fiction" jedhu irraa kan ta'eefi kalaqa yaada sammuu asoosaadhaan burqisiifamu, kan dhugaa qabatamaa hintaane seeneffama yaada sammuu isaa akka ta'e nu hubachiisa. Asoosamni kunis ,hojii kalaqa sammuu asoosessa keessaa bahee barreeffamuu fi barruu seeneffamaa yaada sammuu asoosaa keessaa kan maddu hojii dhugaa hawaasa keessatti calaqqisu kan barreessaan muuxannoo isaa waliin walitti fiduun dhugaa jiru fakkeessuun uumudha.Barreessaan asoosama yeroo barreessuu yaada isaa ibsachuuf afaan adda addaatti dhimmaa bahuu ni danda'a. Afaan bara asoosamaa sana kalaqaa barreessee jiru irratti hedduu dalaguu danda'a, kun immoo afaan,aadaa, jechoota safuu hawaasichaa fi kkf waan of keessaa qabuf as keessaan ifa bahu danda'a. Ogbarruuwwaan barreeffamaas kallatti adda addaan madaaluudhaan hawaasicha hammam akka ibsuu danda'u hubachuun ni dada'ama.

Ogbarruu afaanichaatii mitii Afaan oromoo irrattiyyuu rakkooleen adda adda itti waldarbaa akka ture beekamaadha. Ta'us, barreessitoonni Oromoo fi qaamoleen quuqama afaan kanaaf qaban callisanii hin teenye. Kunis, dhiibbaa Afaan Oromoo irratti gahe dandamachiisuufi harka marataniitaa'uuun cunqursaa akka hin dheeressineefi carraa jiru kamittuu fayyadamuun oromoota qopheessuu akka ta'e akeeka.Dhiibbaa Afaan Oromoo irra gahe Asaffaa (2009:f,12)yoo ibsu,barreeffamooni Afaan Oromoo barraa'uu jalqabuun dhiyoo kan hin taaneefi haalli kun afaanichi afaan ogbarruu adda addaa ittiin barreeffamu, afaan hojiifi afaan qorannoof qo'annoolee adda addaa ittiin gaggeeffamu akka hin taaneef dhiibbaan Habashaa laayyoo akka hin taane kan mul'isuudha. Haata'uu malee, barreessitoonni asoosamaas akkuma kanaan hin teenye dhoksaa fi obsa baay'ee keessa darbuun har'aan gahanii jiru . Wantoota barreeffame waliif dinqisiifachaa, qeeqa achi keessatti ka'uun qabu waliif kennuunis guddina ogbarruu Oromootiif tarkaanfii itti aanu akka ta'e hubatamuun barbaachisaadha.

Qeeqa yemmuu jennu, haaluma qeeqa ogummaatiin ija ogeessa qeeqaan ilaaluun yaadxina qeeqa sanaa murteeffachuun kan itti seenamuudha. Haalli kun ammoo, guddinafi dagaagina ogbarruu Oromootiif gahee mataa isaa kan qabuudha. Jechi Maarkisiziimiin jedhu, falasaamaa fi sirna siyaasa hojii hayyuu biyya Jarman Kaar maarkis (1818-1883) fi hiriya isaa Frederiik Enjiis (1820-1895) irratti kan hundaa'e ta'ee sirna siyaasaa yookiin yaadiddamni hayyuulee kanneenii irratti kan hundaa'e maarkisiziimii jedhama. Yaadxinni kun jiruu fi jireenya hawaasummaa keessatti sirna ittiin bulmaataa qabsoo gitaa fi jijjiirama isaanii akkamitti akka ibsurratti kan xiyyeeffatudha. Yaadxina kanatti dhimma bahuun ogbarruu Orommo irratti qeeqni gaggeeffame bal'inaan hin mul'atu. Yaadxinni kun ammoo ogbarruu tokko keessatti dhimmoota hedduu ilaala. Fakkeenyaaf dhimmaa dinagdee, siyaasaa, hawaasummaa gita cunqurfamaa fi k.k.f. akkamitti akka bakka bu'an ilaala waan ta'eef anis dhimmoota kana irratti fuulleeffachuun qeeqa gaggeessuun feedhii koo ta'e jira.

Asoosamoonni barreeffamanii hawaasa Oromoofi dubbistoota Afaan Oromoo kan ta'an bira gahuun guddina afaan kanaatif gahee mataa isaa akka qabu beekamaadha. Haata'uu malee, waan barreeffame kanneen qeeqa irratti gaggeessuun barbaachisaadha. Kunis, barreessitoota duraanii daran cimaniin akka barreessaniif jajjabeessuufi kanneen haaraa lafaa dhufaniif abdiin itti horuu ta'a. Kana taasisuun ammoo ogbarruun salphaatti akka hubatamuufi xiyyeeffatamu nitaasisa. Qorannoon kamuu yaaxxina isa barbaachisuun niqo'atama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa, xiinxala asoosama dheeraa "Yoomi Laataa?" jedhu irratti adeemsiisuuf yaadxinni maarkisizimii kan hojii irra ooludha. Kunis, yaadxinni kun dhimmoota hawaasa: kanneen akka diinagdee, siyaasa, dammaqina gitaa, cunqursaafi kkf kan bu'ureeffatuudha. Qorattuun qorannoo kanaatis; ija yaaxxina kanaa gargaaramtee wantoota inni irratti xiyyeeffattu erga adda baafattee booda asoosama dheeraa 'Yoomi Laataa?' jedhu kan Isaayyaas Hordofaatiin barreeffame gadi fageenyaan dubbisuun xiinxaltee jirti. Kunis, asoosama kana irratti hamma yoonatti yaadxina Maarkisizimii bu'ureeffachuun qorannoon gaggeeffame jiraatus, muurasa waan ta'eefi asoosamni kun haala bara mootummoota darbanii keessatti ummata Oromoo qunnamaa ture waan ibsuuf ija yaadxina kanaatiin xiinxaluun bu'a qabeessa ta'ee kan itti mul'ateedha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Guddinaafi dagaagina ogbarruu Oromoo yeroodhaa gara yerootti dabalaa jiraachuun isaa beekamaadha. Ogbarruulee kana daran akka babal'ataniif yaadxinoota adda addaa gargaaramuun xiinxaluun barbaachisaadha. Kunis, ogbarruu adda addaa yaadxina walfakkaataan yookiin yaadxina garaa garaatiin xiinxaluu nidanada'ama. Qorattuun qorannoo kanaatis ogbarruulee jiran keessaa asoosama dheeraa Afaan Oromoo yaadxina maarkisizimii gargaaramuun xiinxaltee jirti. Dabalataanis, qaawa qorannoo kanaan dura gaggeeffamanii ilaaluun qorannicha adeemsisuuf kan kaka'umsa horattedha. Kunis, qeeqni asoosama irratti adeemsifamaa jiru, bal'inaan yaadxina kana kan hin bu'refanee akka ta'e qorattuun hubattee jirti.

Qaawa gama kanaan jiru erga adda baafattee qorattuun qorannoowwan kanaan dura adeemsifaman kanneen dhiheenya mata duree ishee waliin qaban ilaaluuf yaaltee jirti. Isaan keessaa; qorannoo Mareemaa Abduu, (2011), 'xiinxala asoosama "Arraa Gurbaa!" ija yaaxxina maarkisizimiitiin': mata duree jedhu irratti kan adeemsifedha. Qorannoon mareemaafi kun yaadxina qorannichaa xiinxaluuf ooleen walfakkaata. Haata'uu malee, asoosamni isheen xiinxalte kan yeroo dhiyooti. Akkasumas, haalli siyaasa-diinagdee, jiruufi jireenya asoosama yeroo ammaa garaa garummaa ogbarruu bara mootummoota darbaniitiin kan qabudh. Walfakkeenya qorannoo kanaa yaadxina tokkotti gargaaramuu yoo ta'u, asoosama adda addaafi barri ogbarruu qeeqamee gargar ta'uun adda addummaa qorannoo keenyaati. Akkasumas qorannoo Raajii Mokonnoon (2012)"Qeeqa asoosama miilaa hin shokoksinee ija yaaxxina Maarkisizimiitiin" mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeessiteetti xiyyeeffannoo qorannoo ishee immoo ayidoloojii maarkisizimii keessatti hammam akka agarsiifame kan xiyyeeffatee ta'uu fi caacculee asoosamaa tokko tokkoon ilaalu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef garaa garummaa kan qabudha. Wantii qorannoo kana waliin tokko isa taasisu yaadxina maarkisimii fayyadamuun asoosama "miila hin shokoksine" gargaaramuu dha.

Kanaaf, qorannoo kun yoo adeemsifame, dhimmoota yaadxini kun irratti xiyyeeffatu keessumaa: siyaasa bara sanaa, diinagdee, ilaalcha mootummichaafi namootaa, hawaasummaa fi kkf hawaasa Oromoo yeroo sanaa ija akamiittin akka ilaalama turaan kan xiinxaludha. Kunis, dhaloonni asosaama kana irraa taai'insoota fi dhiibbaa saba Oromoo irra gaha turee, hubaachisuun akka of hubaatu fi seenaa saba isaa akka gadi fageenyaan qaratuu kan isaa taasiisu dha. Akkasumas, ogbarruuleen baay'inaan maxxanfamaa jiran xiinxala irratti

adeemsisuufi barreessitootti onnee horuuf hojiin isaanii faana dhahamee xiinxalamuun guddina Ogbarruu Oromoo keessatti gahee akka qabu qorattuun hubattee jirti. Haata'uu malee, qeeqni bal'inaan waan hinmul'anneef hanqina jiru furuuf asoosama dheeraa 'Yoomi Laataa?' kan mootummoota darban bu'ureeffatee barreeffame yaadxina maarkisizimiitti gargaaramtee xiinxala ishee gaggeessitee jirti. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uura armaan gadii xiyyeeffachuun adeemsifamee jira.

- Asoosama 'Yoomi Laataa?' keessatti dhimmi siyaasa Uummata oromoo yeroo sanaa akkamitti akka ibsame addeessuu.
- Asoosama kana keessatti diinagdeefi aadaan hawaasa Oromoo haala akkamiitiin akka ilaalama ture ibsuu.
- Waa'een dammaqina gitaa uumuudhan sirna cunqursaa of irraa qolachuun akka danda'amu wanti agarsiisu maali?
- Dhimmi ilaalchaa asoosama kana keessatti akkamitti calaqqifame jira?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa asoosama 'Yoomi Laataa?' ija yaadxina Maarkisizimiitiin xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyolee Gooree

Qorannoon kun kaayyolee gooree armaan gadii bu'ureeffachuun kan adeemsifamuudha.

- ✓ Asoosama 'Yoomi Laataa?' keessatti haala qabatamaa siyaasa uummata Oromoo haala kamiin akka inni ibsu agarsiisuu.
- ✓ Asoosama kana keessatti akkaataa xiinxala maarkisizimiitiin dhimmi diinagdee akkaataa itti mul'ate ibsuu.
- ✓ Waa'een dammaqina gitaafi cunqursaa keessaa bahuu asoosama kana keessatti calaqqifamuu isaa ibsuu.
- ✓ Asoosama kana keessatti dhimmi ilaalchaafi aadaa hawaasa Oromoo haala akkamiitiin akka ilaalama ture addeessuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Ogbarruun Oromoo jalqabbiin isaa as dhihoo ta'uun beekamaadha. Haata'uu malee bara cunqursaafi ammas, barreessitoonni Oromoo harka kennanii hinteenye. Ogbarruu isaan yeroodhaa gara yerootti barreessuun ummataa gahan kana qeequun barbaachisaadha. Kunis, hojiiilee isaaniitiif xiyyeeffannoo akka kennaniifi kanneen barreessuuf hawwii qaban ammoo waan xiyyeeffachuu qaban akka argatan nitaasisa. Dabalataanis, qeeqni dubbistoonni akka waa xiinxalaniif gahee mataa isaa kan qabuudha. Yaaxxina markisizimiitti gargaarmuun ammoo dhimmoota hedduu waan bu'ureeffatuuf, bu'aa hedduu niqabaata. Haaluma kanaan, qorannoon kun faayidaalee kanaa gadii niqabaata jedhamee amanama.

- Namoota qorannoo kana dubbisaniif yemmuu asoosamicha dubbisan salphaatti ergaa asoosama kanaa akka hubatan nitaasisa.
- Barreessitoota duraanii jajjabeessuu, haaraatti ammoo onnee horuun, qeeqa kana yoo dubbisaniif xiyyeeffannoo waan barreessuu barbaadanitti akka kennan nitaasisa.
- Namoota qorannoo kana fakkaatan gaggeessaniif akka maddaatti nifayyada.
- Guddina asoosama Afaan Oromootiif gahee mataa isaa niqabaata.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kana kitaaba asoosama oromoo “Yoomi Laataa?” jedhu kan Isaayyaas Hordofaatiin bara 2013, ALH irra deebiin maxxanfame yaadxina markisizimiitiin qeeqame jira. Qeeqa asoosama kanaatiif yaadxina kana filachuun waanti barbaachiseef markistonni og barruun haala qabatamaa jireenya hawaasaa akkamiin calaqqisiisaa? isa jedhu irratti xiyyeeffatu. Haaluma kanaan yaadxina ogbarruu tokko keessatti dhimmoota akka dinagdee, siyaasaa dammaqinsa gitaa, caasaalee hawasummaa dhaabbilee amantii fi k.k.f gadi fageenyaan kan ilaaludha. Asoosamicha immoo kanaan filadheefis kaayyoo qorannoo kana galmaan ni ga'a jedhee waan itti amanee fi asoosamichi kan yeroo dhiyoo ta'u baatus dhimmi hawaasa Oromoo yeroo sanaa maal akka fakkaatuu agarsiisa.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu hanqina mataasaa qabaachuu mala. Haata'uu malee qorannoon gaggeeffamu kamuu yeroo adeemsifamu rakkoo ta'e ni fura jedhameeti. Qorannoon kunis xiinxala asoosama dheeraa “Yoomi Laataa?” jedhu, ija yaadxina markisizimiitiin kan

gaggeeffamedha. Kana waan ta'eef, akkaataa qorattuun asoosama eerame keessaa waraabdee xiinxaltee yaada barreessaa guutummaan guutuutti bakka bu'uu dhiisuu danda'a. Sababni isaa ergaan barreessaa biratti waan argamuuf jechuudha. Akkaataa seeneffama asoosama eerame kanaatti ergaa barreessaan dabarfachuu barbaadeefi akkaataan ani itti xiinxale hanqina qabaachuu danda'a. Akkasumas asoosama kana irratti mata duree yaadxina maarkisizimiitiin qofa irratti qorannoo adeemsisuun hanqina qorannoo kanaatti.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaate dha. Boqonnaalee kanneen jalatis mata dureewwaan adda addaa nijiru. Haaluma kanaan mata-dureewwan boqonnaa tokko jalatti argaman: seensa boqonnichaa jalatti; seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi qindoominni qorannichaa dhihaatanii jiru. Boqonnaan lammataa ammoo, maalummaa ogbarruu, maalummaa asoosamaa, qeeqa ogbarruu, yaadxina qorannichaafi sakatta'a qorannoolee walfakkii kan hammatuudha. Boqonnaan sadaffaan saxaxa qorannoo, gosa qorannichaa, iddattoofi iddatteessuu dabalatee mala qorannoo kan ofkeessatti qabatuudha. Boqonnaan afraffaan xiinxala ragaaleeti. Ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabamanis akkaataa ergaa isaanitiin walitti fiduun xiinxalamani jiru. Boqonnaa shanaffaafi inni dhumaa goolaba qorannoo, argannoo qorannoofi yaada furmaataa kan ofkeessatti qabatuudha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaan kun sakatta’a barruulee firoominaa kan mata duree qorannichaa waliin hidhata qaban of-jalatti qabatee dhiyaateera. Qabxiileen as jalatti dhiyaatan kunis: maalummaa ogbarruu, maalummaa asoosamaa maalummaa qeeqaa ogbarruu, faayidaa qeeqaa ogbarruu, bu’uura yaaxxina markisizimii, xiyyeeffannoo yaaxxina kanaa, gama diinagdeetiin, hawaasummaa, siyaasaafi sakatta'a barruu wal-fakkaatanii boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatanii jiru.

2.1. Maalummaa Ogbarruu

Afaan meeshaa dhalli namaa ta’iinsota akka; seenaa, aadaa, duudhaafi barsiifata hawaasa tokkoo ittiin barreeffamuun kaa’amu keessaa isa angafadha. Afaan Oromoos akkuma afaanota biroo tajaajila kanneeniif kan ooludha. Innis dubbattoota baay’ee kan qabuufi sirna barreeffamaa mataa isaa kan qabuudha. Akka qorannoowwan tokko tokko agarsiisanitti, Afaan Oromoo biyyoota kan akka: Itoophiyaa, Keeniyaa fi Soomaaliyaa keessatti bal’inaan dubbatama. Akkasumaas, sabaafi sablamoota biyya keenya keessa jiran kan akka: Sidaamaa, Adaree, Bartaa, Anyu’ak, Komoo, Daawiroo Kafichoofi kkf afaan dhalootaa isaanii cinaatti Afaan Oromooti akka dhimma bahuun jireenya guyyaa guyyaa kanneen akka bittaaafi gurgurtaa ittiin nigaggeeffatu. Haata’uu malee, walakkeessa jarraa kudha saglaaffaa dura afaanichaaf xiyyeeffannoon akka hinkennamneefi akka afaan xiqqaa ta’eetti ilaalamaa tureera. (Teshome, 2013)

Ogbarruun dhimmoota jiruufi jireenya dhala namaa adda addaa wajjiin walitti dhufeenya waan qabuuf hiikawwan adda addaa kennamaafii ture. Halli kun ammoo, ogbarruuf hiikni hunda galeessa ta’e, akka hinkennamneef kan taasisedha. Dhalli namaa ogbarruun osoo hinjalqabiin dura duudhaa isaa kan ittiin ibsachaa ture ogafaan akka ta’e beekamaadha. Ogafaan ammas, kan jiru kan gara fuuladuraattis kan jiraatudha. Kanaafuu, ogbarruun ogafaanis akka ofkeessatti hammatu hubachuun barbaachisaadha. ‘Literature also includes the oral traditions, legends, myths and saga from classical times right through to the folktales’ of non-literate societies. Literature further includes our own living tradition of children’s games, songs and stories.’ Ruth F. (1970). Kana irraa kan hubannu, ogbaruun wantoota barreeffamaan hinjirre kanneen akka oduu durii, baacoo, tapha ijoollee, faaruu daa’immaniifi seenaalee gaggabaaboo kan ofkeessatti akka hammatu kan agarsiisudha.

Hiika ogbarruu ilaalchisee yaadoleen adda addaa akka jiru armaan olitti ibasamee jira. Kana kan taasise ammoo, ogbarruun dhimma jiruufi jireenyaa, falaasama saba tokkoo waan ta'eefidha. Dabalataanis ogbarruun yaada qeenxee ta'een bakka buufamuu kan hindandeenyeefi yaada walxaxaa, bal'ina qabuufi uumama jireenyaa waliin hidhata akka qabu waraabbiin kanaa gadii ni ibsa."Literature does not lend it self to single tidy definition because the making of it over the centuries has been as complex, unwieldy and natural as life it self." Meyer (2005:f,1) jedha. Egaa ogbarruun dirree qorannoo gara garaa keessatti waan ilaalamuuf guyyaa gara guyyaatti hiika jijjiiramaa akka qabaatu kan taasisedha. Ogeessota ogbarruu kanneen hintaanee, kallattii ogummaa isaaniitiin yemmuu hiikan nimul'ata. Kun ammoo, Ogbarruun dirree qorannoo adda addaa keessatti akka ilaalmu kan taasisedha. Hiika ogbarruu kana yookiin sana jedhanii kaa'uun ulfaataadha. Yaada kan Asaffaa, (2009:f,21) yoo deeggaru, 'It is impossible to define literature. It is an experience of life.'jedha. Ogbarruuf hiikni hunda galeessi akka hinjirreefi ogbarruun muuxannoo jireenya ilmaan namaa ta'uu isaa agarsiisa. Walumaagalatti, ogbarruudhaaf hiikni adda addaa kan kennameefi kunis haala dirree qorannoo isaanii irratti bu'ureeffachuun waan hiik aniif hiika walfakkaataa akka hinqabaanne kan taasisedha.

Dagaaginni ogbarruu tokkoo guddina afaan sanaa wajjiin kan hidhata qabu ta'uun isaa beekamaadha. Ogbarruun Oromoos sadarkaa guddina Afaan Oromoo wajjiin walqabata. Kunis, hojii irra ooluu qubeefi sanaan dura script adda addaatiin kan barreeffames nihammata. Haata'uu malee, barreeffamni Afaan Oromoo barreefamuu kan jalqabe jaarraa kudha afraffaa keessaa eegaluu isaa nihiimama. Namoonni tokko tokko ammoo sirni barreeffama Afaan Oromoo jaarraa 19ffaa keessa eegaluu isaa eeru. Keessumaa, sadarkaa jechootaatti afaan dubbii irraa gara afaan barreeffamaatti jijjiiramee barreeffamaa akka ture agarsiisa. (Teshome, 2013fi Mekuria, 1994). Seenaa guddinafi dagaagina Afaan Oromoo walakeessa jaarraa kudha saglaffaa keessattis ga'ee guddaa kan taphachaa turan kanneen akka: Sh/Bakrii Saaphaloo, Onismoos Nasiib, Sh/Muhaammad Rashaad Abdulle, Xilahuun Gamtaafi kanneen biyya alaa ammoo, lammii Jaarman kan ta'ee, J.L.Krapfi Karil Tutschekidha. Jarreen kunis sirna barreeffamaa adda addaa kanneen akka Saabaa, Roomaafi Arabaa fa'atti dhimma bahaniijiru.

Qaamoleen kunniin dhimma amantiis ta'ee kan Afaanii yemmuu barreessan mootumma biyyatti biratti fudhatama hinarganne. Fakkeenyaaf Onesmoos waa'ee amantaa isaanii Afaan Oromootiin barsiisaafi barreessaa yemmuu turan mootummaan Minilik isaan hidhaa turee, gaafa mana hidhaatii isaan baasan ammoo hojii isaanii duraanii amantaa uummata barsiisuu

akkasumas daa'imman isaaniilee barsiisuu akka hin qabnee dhorkamaniiru, Mekuria, (1994: 96). Kana taasifamuun isaanii kun ammoo namoota Afaan Oromoofi ogbarruu isaa irratti hojjechuuf fedhii qabanillee akka jiban taasisee jira. Haata'uu malee, du'aa mootummaa Minilikiin booda immoo Finfinnee irratti waraanii ta'aa turetti jaawwartoonni tokko tokoo ogbarruu Oromoorratti hojjechaa turaniiru. Fakkeenyaaf, (Teshome, 2013). Cerulli's (1922) wabeeffachuun, '*Folk Literature of the Oromoo of Southern Abyssinia*' jedhu shoora ol'aanaa taphatee jira. Hojiin isaaniis, afoolaawwan Oromoo baay'ee barbaachisoofi murteessoo ta'an hammatamanii jiru. Hojii kanneen keessaatis sirboonni addaa addaa kan akka: sirba jaalalaafi faaruu loonii keessatti argamaniiru. Walumaagalatti, Ogbarruun Afaan Oromoo akkuma afaanota Itoophiyaa biroo hacuuccaafi miidhaan hamaan irra gahaa kan tureefi yeroo ammaa kana tartiiba barreeffama Roomaa bu'ureeffachuun kan madaqfamuun asoosamoonnifi kitaabonni garaagaraa ittiin barreeffamuun hawaasa bira gahaa jiru.

2.2. Gosa Ogbarruu

Ogbarruun hojii kalaqaa akka ta'e armaan olitti ibsamuuf yaalamee jira. Kunis, goorowwan adda addaatti kan qoodamuudha. Ogbarruun hojii kalaqaa kan barreeffamaan jiru yookiin afaaniin labataa labatatti daddarbaa dhufedha. Kanaafuu akaakuu ogbarruu qooduufis salphaatti kana jechuuf dirreewwan qorannoo kunniin babal'chuun akka ulfaatu taasiseera. Kunis, duraa duubni qindoomina qooddii adeemsa walaba ta'e yookiin kanadha jedhamuun lafa kaa'uun nicima. Sababni isaa sadarkaa kamittuu ulaagaan qoodinsaa murtaa'ee lafa taa'e jiru waan hin jirreefidha. Kanaafuu, hiika qooddii murtaawaa ta'e tokko kennuuf dayeessota gidduutti walddhabbiin akka jiru akeeka.

Ogbarruun kun hojiiwwan kalaqaa kan akka: asoosama, walaloofi diraamaa of jalatti haammata. Gooroowwan ogbarruu kanneen keessaa qorannoon kun asoosama dheeraa Afaan Oromoo irratti kan xiyyeeffatudha. Gooroowwan ogbarruu keessaa asoosamni isa tokkodha. Kunis, akkaataa dheerina isaaniifi ijaarsa isaanii bu'ureeffatee asoosama dheeraafi gabaabaa jechuun niqoodamu. Asoosamni gabaabaan, akaakuu ogbarruu ta'ee, ergaa gabaabaafi bal'ina kan hinqabne akka ta'e dubbatama. Yaada kana ilaalchisee, Berhanu. (2009:f,51) maalummaa asoosama gabaabaa yoo ibsu, "...a short story is a short realistic fictitious narrative in prose." Jedha. Kana jechuunis asoosamni gabaabaan seeneffama haqa jiru bu'uureffatee bifa hoolootiin dhiyaatu jechuudha.

Akkasumas, seeneffamni gabaabaan seenaffama (asoosama) dheeraa irraa kan gabaabbatu ta'ee, yaada bu'uuraa dhimma tokkoo irratti bifa hololoon kan dhiyaatudha jedha. Hojii kalaqaa sammuu barreessaatiin kalaqamuu fi ergaa tokko qofa kan of keessatti qabatuudha. Dabalataanis, Robert, (2000) yoo ibsu, asoosamni gabaabaan dalagaa kalaqa ofkeessaa qabu ta'ee hojii daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamu, jechoota kuma kudhan hincaalle akka qabatu akeeka.

2.2.1. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni gooroowwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee waa'ee namootaa namootaaf kan dhiyeessuu barreeffama kalaqa sammuu ilma namaaati. Waa'ee asoosamaa ilaalchisuun Misgaanuu (2012:f, 15) "Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoo fi ilaalchasaatti dandeetti kalaquusaa qindeessuudha. Akkasumas hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi'ee dhiyeessuudha." Yaada kanarraa wanti hubatamuu, barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isudha. Kanamalees mudannoo fi mufannoo namni tokko haala jiruuf jireenya muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee waraqaarratti kaa'amuun hawaasichumaaf deebi'ee dhihaatu dha. Dabalataannis, Asaffaan (2009:f,125) "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokkoo dhugaa jirurratti hundaa'e amala sansaka, hubannoo fi kkf Namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha" jedha. Waraabbii armaan oliirraa kan hubatamu asoosamni hojii kalaqaa sammuu barreessaatiin uumame nam fakkiitti garaaramuun dhugaa hawaasa keessa jiru dubstootaaf kan dhiyeessuu ta'uu isaati.

Gama biraatiin, Misgaanuu(2012:f,20)waa'ee asoosamaa yoo ibsu,"Asoosamni waan addunyaa dhugaa kana irratti jireenyaa keessatti nu quunnamee fi nu quunnamuu danda'u barreessaan uumee fi qindeessee bifa qabatamaa ta'een nuuf dhiyeessuudha. Akkasumas, asoosamni dhugaa jiru bu'uureffachuun kan barreessaan ogummaa isaa itti dabalee barreessuudha" jedha. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, asoosamni waan addunyaa dhugaa keessatti argamu ta'ee, jiruuf jireenya keenya keessatti wantoota nu mudatanii fi nu mudachuu danda'an kan barreessaan kalaqee fi qindeessee bifa ifa ta'een nuuf dhiyeessuu; akkasumas, asoosamni dhugaa jiru fuulleeffachuun kan barreessaan ogummaa isaa itti dabalee barreessu ta'uu isaati. Gabaabumatti,

asoosamni gooroowwaan ogbarruu keessaa tokko ta'ee, barreessaan addunyaa argaa yaadaatiin namfakkiitti gargaaramuun haala jiruu fi jireenyaa uummataa dhimmoota dhala namaa kanneen akka aadaa ,safuu, duudhaa, jaalala, falaasama, siyaasaa fi dinagdee haala miira namaatti dhaga'amuun jechoota mimmiidhagoo fi humna qabanitti fayyadamuun kan dhiyaatu barruu hojii kalaqaati.

Asoosamni asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa jedhamee bakka lamatti qoodamee ilaalamuu danda;a. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas asoosama dheeraarratti waan ta'eef, yaadrimee waa'ee asoosama dheeraarratti kan xiyyeeffatudha. Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa kan mul'atedha. Birhaanuu (2009;f, 32)“ Asoosamni dheeraan gooroowwan asoosamaa keessaa tokko ta'ee, jecha Afaan Ingilizii “Novel” jedhu kan bakka bu'u yommuu ta'u, barreeffama dheeraa jaarraa 18ffaa keessaa mul'atedha” jedha. Dabalataanis asoosamni dheeraa karaa afuriin gosoota ogbarruu biroorraa adda ba'ee kan beekamudha. Kunis, asoosamni dheeraan seeneffama ta'uun nama biraatiin seenaffamuun isaa diraamaarraa adda kan ta'udha. Inni biraan immoo, asoosamni dheeraan dheerina isaatiin asoosama gabaabaa irraa kan adda ta'udha. Akkasumas, bifa hololootiin barreeffamuun isaa walaloo irraa kan adda taasisu yommuu ta'u, hojii kalaqaa ta'uun isaa immoo barreeffama hololoo kanneen seenaa dhugaa ta'iinsoota namootaan himaman irraa adda kan isaa taasiisudha,

Asoosamni dhimmoota kana yeroo dhiyeessu dhimmoota biroonis wal make dhiyeessuun beekama.”community is a complex concept possessing varying ethical, political, social psychological and epistemological dimension which finds re current expression as alirerary theme.(McClinton,2011;19) Akkasumas Asoosama keessatti walitti bu'insi nama dhuunfaa fi hawaasa bal'aa giddutti kan raawwatu ta'uun dhimmaa ijoo ta'ee dhiyaachuu danda'a.”The conflict b/n individual and the community is a common theme in literature and focuses on opposite forces, society history and the community at oddy whith individual subjectivity desire and will (MC Clinton 2011:20) Asoosamni dhimmoota hawaasummaa ogumaan faayee kallatti garaa garatiin kan dhiyeessuu fi hawaasa waliin adda bahee jiraachuu kan dandeenyedha.

2.3. Maalummaa Qeeqa Ogbarruu

Jechi qeeqa jedhu jecha Giriikotaa duraanii “*krites*” jedhamu irraa kan dhufe yoo ta’u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuuti. Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa waloon tokko walaloo saa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo’oowwan walaloo, dhiibbaa walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan ga’uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti gargaaramaan akka ta’e namatti mul’isa. Habib (2005:f,1).

Jecha qeeqa jedhu kana haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun yemmuu ilaalamu, hojii qaama tokkoo gadi buusuu akka ta’etti fudhatama. Haata’uu malee ija ogummaatiin yoo ilaallu, hojii namootaa kallattii qaama sana jajjabeessuufi sirreessuu danda’uun xiinxaluu jechuudha. Qeeqni ogbarruu ammoo, hojii kalaqa ofkeessaa qabu sana ija ogeessaatiin qeequu gaafata. Kunis, ogbarruu barreessaa/tuu qofa osoo hintaane dubbistootaaf dandeettiin yaaduu isaanii akka dabalu taasisuun, gama barreessaatiin ammo, yaada qeeqaan kenneef fudhatee/ttee hojii isaa kan gara fuula duraa akka fooyyessee dhiyeessuuf gumaacha ol’aanaa akka qabu ni ibsama. Akkasumas, hojii ogbarruu qeequun guddina ogbarruu biyya tokkoo keessatti tumsa guddaa kan qabu ta’uutu hubatama. Waraabbiin armaan gadiis kanuma ibsa

Qeeqni akkuma maqaa isaa irraa hubatamu hojii qaama tokkoo dinqisiifachuun kanneen cimina qaban akka itti fufan, gama hanqinni jirun ammoo, akka sirratuuf, hojii taasifamuudha. Seenaan jalqabbii qeeqa ogbarruu dhimma qeeqa walalootiin akka walitti hidhata qabu hayyoonni nidubbatu. Kunis, hamma hojiin kalaqaa asoosama dheeraa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqaa walii galaatti ilaalamaa kan turedha. Kanaaf, qeeqni jaarraa 18ffaa dura hojii walaloo irratti barreeffame kamiyyuu akka qeeqa barruu kalaqa hunda haammatutti fudhatama. Akka Dutton (1984:f,15) ibsutti, “...any criticism written before approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature”.

Ogbarruun kamuu yeroo barreeffamu dhimma jijjiiruuf barreeffamu niqaba. Dhimmicha hubachuuf ogbarruu sana qeequun bu’aa mataa isaa qaba. Qeeqa ogbarruu irratti yaadolee adda addatu jira. isaan keessaa muraasa yoo ilaallu, Mario (2005:f,100), “...the term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, literary critique is some times used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews.” Waraabbiin kun

kan agarsiisu, qeeqni ogbarruu hojii sana madaaluun hiika itti kennuudha. Adeemsa kana keessatti, ciminaafi hanqina ogumni sun qabu xiinxaluun furmaata itti kannaa deemuudha. Akkumaa gooroowwan ogbarruu barreeffamaa kanneen biroo asoosama dheeraa tokko qeequun faayidaalee adda addaa qaba. Kunis, kallattii barreessaan, kallattii dubbisaa fi kallattii guddina ogbarruuf akkasumas, hawaasa maraaf faayidaa guddaa qaba. Dabalataanis qeeqa ilaalchisee, ogbarruu qeequun akkaataa caasaa isaafi barbaachisummaa murtoo isaa walbira qabuun bu'aa dubbisaa irratti hundoofnee qajeelfama dhuunfaa yookiin duuchaatiin qoqqoonnee madaallii walii gala taasisuudha (Duttonfi Richard, 1984:f,459).

Akkasumas qeeqni ilaalcha sirrii ta'een karaa ogbarruu ittiin diqisiifannu, madaallu, dhuftee qorataa ittiin ilaallu, sammuu dubbistootaa ittiin kakaasnuufi xiinxalluudha. Kanaafuu, qeeqni murtii qaamni tokko ogbarruuf laatu, dinqisiifanna hojiiwwan hojjatamanii haala barruu, madda, xiinsammuufi ka'umsa seenaa achi keessa jiruu ija ogeessaatiin haala dhugaa hawaasaan walqabsiisanii xiinxaluu akka ta'e, Lodge (1988:63) nieera. Kanaafuu qeeqaan/tuun ogbarruu wantoota qeeqni bu'ureeffatu hubachuun ilaalcha sirrii qabataniis ogbarruu qeequun barbaachisaadha. Kunis, xiyyeeffannoo waan barbaaduuf ogbarruu kamuu qeequuf dursa sammuu ifaafi walqixxummaa ilma namaaf dursa kennuun barbaachisaadha.

2.3. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu

Ogbarruu qeequun hojii ogbarruu sana sakatta'uun adeemsa murtii itti laachuuti. Kun ammoo barreessaa sadarkaa irra jiru akka hubatuuf kan gargaaruufi qaamolee barreessuuf qophii ta'an wantoota xiyyeeffachuu qaban akka beekaniif nigargaara. Ogbarruu qeequun hojii qaama sanaa daran fudhatamaa akka taasisuu danda'u waraabbiin armaa gadii nideeggara. Ellis, (1974:f,54) akkas jechuun ibsa. "...the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other luis have missed." Walumaa galatti, ogbarruu qeequun ergaa ogumni sun dabarsuu barbaadu ifatti baasanii agarsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Yaadxinootni qeeqa ogbarruu filoosoofii hiikaafi qeeqa barruu kalaqaati. Daandii namootni hojii kalaqaa tokko ittiin qeeqan faana dha'uun barruu kalaqaa sana xiinxalanii hiikaniifi ga'umsa qulqullina isaa madaalanidha. Seenaan yaadxina ogbarruu biyya Giriikitti akka jalqabe himama. Yeroo sana qeeqa walaloofi oguma jecha bareedaan ilaalcha namaa jijjiiruu yaada jedhu, qabatee

hanga jaarraa 18^{ffaa}tti jechoota mimmiidhagoofi ukkaamamoo ta'an fayyadamuun bu'uureffame. Jaarraa 20^{ffaa} keessa immoo yaadxina dibaabee qo'annoo barnootaan daangeffame kallattii garagaraan walqabsiisuun kitaaboota dubbisuu akka ta'etti amaname. Akka hiika ammayyaatti garuu, yaadxinni obgaruu barruulee kalaqaa xiinxaluu, hiikuu, ibsuu, ceepha'uu, ga'umsa qulqullina isaa madaaluuf ka'umsa kan ta'udha. Barruun kalaqaa hojii waa uumee sammuu ilma namaa barreeffamaan jiran: asoosama, walaloo, barruu diraamaafi iskiriiptii fiilmii hammata. Yaadxinoonni qeeqa ogbarruu hedduu akka ta'an Green (1996) ni eera. Isaanis; Yaadxina Xiinsammuu, Yaadxxina Bifiyyee, Yaaxxina Dhugummaa, Yaaxxina Koorniyaa, Yaadxina Maarkisummaa, Yaadxina Femeniizimii yookiin Dubartummaa, Yaadxina Safuu Yaadxina Hawaasummaa, Yaadxina Seenaawaafi kan kana fakkaatan. Yaadxinoota kanneen keessaa qorannoon kun yaadxina Maarkisizimii kan bu'ureeffatuudha. Walumaagalatti, yaadxinni ogbarruu kallattii irra barruu kalaqaa tokko qeeqnu kan nutti agarsiisu yoota'u, bakka gurguddoo afuritti qoodamuu ilaalama. Isaanis: qeeqa galumsa fuulleffataa, qeeqa barreessaa fuulleffataa, qeeqa barruu fuulleffataafi qeeqa dubbisaa fuulleffataa fa'a. Qorannoon kun wantoota maarkisizimii keessatti hammataman hunda bu'ureeffatee kan adeemsifamu ta'a.

Maarkisiizimiin ogbarruu qeequun akka bu'aa ogbarruutti kan ilaaludha. Ilaalchi maarkisizimii yeroofi bakkaan kan hindaangeffamne walitti bu'iinsa gita bittootaafi cunqurfamtoota gidduu jiru haala qabatamaa dhugaa hawaasichaa asoosamni haala ittiin dhiheesseen ni qeequuf nugargaara. Akkasumas, falaasamaa, amantaa, mootummaa, aartii, sab-quunnamtii, saayinsiifi teeknooloojiiifi kan kana fakkaatan diinagdee irratti ijaaraman akka bu'ureeffatu Guerinfi kaawwan (1992:327) ni ibsa.

2.3.1. Asoosamaafi Siyaasa

Asoosamni hojii kalaqaa dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ibsaamuudha. kana ilaalchisee Misgaanuu (2012:f,15) "Asoosamni akaakuu ogbarruu keessaa tokkoo ta'ee kan barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu dandaa'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoo fi ilaalcha isaatti dandeetti kalaquu isaatiin qindeessuudha. Dabalataanis (MCClinton, 2011:f,19) Asoosama keessatti walitti bu'iinsi nama dhuunfaa fi hawaasa bal'aa gidduutti kan raawwatu ta'uun dhimmaa ijoo ta'ee dhiyaachuu danda'a. Kana keessaa, siyaasni isa tokkodha. Hawaasni Oromoo mootumma adda addaatiin cunqursaa gara garaa isa qunnamaa kan turedha. Rakkoo kana hawaasani dhaloota

hubachiisuufi addunyaa irratti beeksisuuf asoosamaan ibsatee jira. Kana ibsachuufiyyuu carraa kan hinarganne ta'uu asoosamni jalqabaa bara 1983 maxxanfamuun ragaadha. Asoosamoonni yeroodhaa gara yerootti barreeffaman kunneen xiyyeeffannoon isaanii guddaan gabrummaa waggaa dheeraadhaaf sabni kun dhiibaa ture kana ibsuufi fala isaa hawaasa hubachiisuufi dhugaa Oromoon qabu beeksisuu akka ta'e agarsiisa. Haala kana keessatti daandii bilisummaa ummata ofitti mul'isuufi quuqaa isaanii ibsachuuf dhimmoota siyaasaa bara baraa ni ibsu. Karaa biraatiin, asoosamni dhimmoota garaagaraa dhiyeessue keessatti haala siyaasaa biyyattii mul'isuu keessatti qooda ol'aanaa qaba. Asoosamni qorattuun qorannoo kana adeemsisuuf filattes, haala siyaasa mootummoota darbanii keessatti haala jiruufi jireenya Oromoofi qooda isaan Itoophiyaa ijaaruu fi tursiisuu keessatti qaban maal akka fakkaatuufi dhiibbaa saba kana irra gahe ilaalchisee asoosama 'Yoomi Laata?' jedhu keessatti bifa kamiin akka dhihaate nixiinjalama.

2.3.2. Asoosamaa fi Hawaasummaa

Hawaasni kamuu haala jireenya mataa isaa qaba. Hawaasummaan ammoo dhimma hawaasaan walqabatuudha. Asoosama keessatti hawaasni hamma jirutti hawaasummaan nijiraata. Ogbarruun dhimmoota hawaasaan walitti hidhata qaban kamuu haala kalaqa barreessaa sanaa bu'ureeffatee nidhiheessa. Asoosamni dhimma hawaasaa ta'uu Zarihuun, (1998:154) yoo ibsu, 'asoosamni tokko yeroo qophaa'u aadaa barichaa, haala jireenya hawaasichaa, akkasumas afaan hawaasichallee haalaan nutti agarsiisa,' jechuun addeessa. Waraabbii kana irraa kan hubannu, barreessaan asoosama, asoosama yemmuu qopheessuu calaqqee jiruufi jireenya bara sanaa akka ta'eetti akka dhiheessu nuhubachiisa. Keessumaa, asoosamoonni Afaan Oromoo quuqaa hawaasa sanaa ibsuuf waan qophaa'aniif rakkoo kana keessaa diinagdeen isa tokkodha.

Asoosamni wantoota akka aadaa, duudhaa, safuu, hariiroo maatii, gadda, gammachuu, hinaaffaa, jaalalaafi jibba yemmuu dhiheessu dhimmoota biroo haala walxaxaa ta'een dhiheessuu kan danda'udha.

Yaada kana Jennifer (2011:f,19) akkas jechuun nideeggara. 'Community is thus a complex concept possessing varying ethical, political, social, psychological and epistemological dimension which finds recurrent expression as a literary theme.' Dabalataanis, barreessaan asoosamaa waldiddaa nama dhuunfaafi hawaasa bal'aa gidduutti akka raawwatu taasisuun kaayyoo ijoo gochuun qopheessee dhiheessuu mala. Akkasumas, Jennifer (2011:f,20) yaada kana yoo ibsu, "The conflict b/n individual and the community is a common theme in literature

and focuses on opposing forces, society, history and the community at odds with individual subjectivity, desire and will...” Walumaa galatti, asoosamni wantoota hawaasummaa ilmaan namaa wajjiin walqabatan kalaqa itti dabaluu dhugaa bara sanaa kan lafa kaa’u, hawaasa kan bu’ureeffatu akka ta’e nutti agarsiisa.

Asoosamni dhimmoota kana yeroo dhiyeessu dhimmoota biroonis wal make dhiyeessuun beekama.”community is a complex concept possessing varying ethical, political, social psychological and epistemological dimension which finds re current expression as alirerary theme.(McClinton,2011;f,19) Akkasumas Asoosama keessatti walitti bu’insi nama dhuunfaa fi hawaasa bal’aa gidduutti kan raawwatu ta’uun dhimmaa ijoo ta’ee dhiyaachuu danda’a.”The conflict b/n individual and the community is a common theme in literature and focuses on opposite forces, society history and the community at oddy whith individual subjectivity desire and will (MC Clinton 2011:f,20) Asoosamni dhimmoota hawaasummaa ogumaan faayee kallatti garaa garatiin kan dhiyeessuu fi hawaasa waliin adda bahee jiraachuu kan dandeenyedha

2.3.3. Asoosamaafi Diinagdee

Hawaasni kamuu jiraachuuf xinnaatus guddatus, diinagdeen isa bu’uraati. Sabni cunqurfame garuu diinagdee isaa nidagaagfata jedhanii eeguun gowwummaadha. Kanaafuu rakkoo gama diinagdeen sabni tokko qabu furuuf asoosamni filannoo jalqabaati jechuu dandeenya.Kana jechuun asoosamni caasaa rakkoo uumuufi qaama rakkoon dabareen waldarbitu garee hawaasaa miidhamaafi miidhaa ta’e karaa ogummaan kuulameen nicalaqqisiisa. Asoosamni dheeraan kutaalee gara garaa kan ofkeessaa qabu ta’ee, hariiroo diinagdeefi kutaa hawaasaa gidduutti rakkoo jiru bifa kalaqa qabuun ijaaree kan mul’isuudha. ‘The novel’s intricate relationship with the economy and class structures means that contradictions within its own construction can underscore anxieties and conflicts present in society.’Sarah (2018:f,32). Waluumaa galatti asoosamni dheeraan haaluma oguma barreessaatiin dhimmoota hawaasatti gufuu ta’an barreessaadhaan faayamuun rakkinicha ifa gochuu gara furmaata barbaadutti akka deemamu kan taasisudha Dhimmuma kana comyn(2018;f,32) yoo ibsuu “The noval’s intricate relation ship with the economy and class structures means that contradiction can unders core anxieties and conflicts presents in society jedha. Kanaaf, asoosamni dhimmoota diinagdeedhaan wal qabatan kallatti adda addaatiin dhiyeessuun rakkoo hawaasa keessa jiru ifatti baasa. Asoosama kana keessatti dhimmi dinagdee uummata oromoo akkamiin akka mul’ate ibsamee jira

2.4. Qabiyyee Maarkisizimii (The concepts of Marxism)

Yaadxinni maarkisizimii qabxiilee armaan gadii akka ofkeessatti qabu Terry (2004) fi Tomasz (1970), haala kanaa gadiitiin kaa’anii jiru.

2.4.1. Ka’umsa Ayidiyolojii maarkisizimii (Ideological sources of Marxism)

Abbaan yaadxina maarkisizimii kan ta’e Markis ayidyolijii mormii yaadotaa (dialectical method) “Feuerbachian materialism” jedhaman irraa kan burqisiisedha. Burqisiisaan yaadxina kanaa akka jedhutti wantoonni addunyaa kanarrati dhaabbataa ta’uun isaa qaamni tokko akka kan birootiin dhiibamu taasiseera. Ayidiyolojiin kun dhugaan qaama namaa caala xiinsammuu wajjiin akkaa walqabatu eera. Kunis, hafeewwan kalaqa qaban kanneen dhala namaatiin barreeffaman akkamiin qaama namaa irra sammuu wajjiin hidhata qaba kanneen jedhu fa’a xiinxala.

A. Ayidiyolojii Tariiba yaada mormii bu’ureeffate (Dialectical materialism)

The idea of dialectical materialism is one term which aptly explains marxist thought. This principle distinguished his thought from the ideas of utopian socialists . Thus emphasizes class, socioeconomic status and power relations among various segments of society. Qabiyyeen kun yaada mormii sochii dhaabbataa gama addunyaa hunda biratti fudhatama qabu hundeessuu ilaalcha jedhu kan of keessaa qabuudha. Mormiin dhaabbataan kunis, guddinni dhufeera kan jedhamu yoo jijjiiramni dhala namaa qabeenyaa walqabachuu caalaa qulqullina yemmuu hidhata qabaatu akka ta’e agarsiisu. Akkasumas wantoota tartiiba guddinaa eeguun jijjiiramni addunyaa keenya keessatti jiraachuu isaa addeessa.

B. Ayidiyolojii seenaa bu’ureeffate (Historical materialism)

Ayidiyolojiin kun qaawwa ayidiyolojiin mormii yaada qabu guutuudhaaf akka ta’e barreessitoonni kunniin ni eeru. Kunis, wantoota duraanii irra dhaabbachuun jijjiirama roga siyaasaa, hawaasaafi qaamaafi sammuu nama dhuunfaatiin dhufu hammachuu akka qabu ibsu. Ayidiyolojiin kun qabiyyeelee kanaa gadii ofkeessatti qabata.

- I. The society, its classes and the struggle between them/ kutaa hawaasaafi qabsoo gidduu isaanii jiru.

Ilaalchi kutaa hawaasa adda addaa bu'uura qabsoo ummata sanaati. Hariiroon hawaasaa ammoo, wantoota duudhaa isaanii irratti hundaa'uun kan bakka buufamu yemmuu ta'u, tokko tokkoo isaanii irra caaluuf adeemsa taasifamu keessatti qabsoon gitaa gidduu qaamolee kanaatti ni uumama. 'In our world composed by matter the social relations are characterized by the matters reflection in society: the private property and different attitude to it.' Tomaz (2002: f,11)

II. The superstructure/ Caasaa ol'aantummaa

Caasaa ol'aantummaa qabu kanneen jedhaman kutaa siyaasa magaalaa, dhaabbattota siyaasaa, seeraa, duudhaalee biroofi kkf fa'a hammata. Kana jechuun qaamolee abbootii qabeenyaa fi oomishtoota adda addaa qabachuun jijjiirama hawaasaan dhufu haguuganiidha. 'Superstructure—political institutions like state, political organizations, law, customs etc.—which are determined by the capitalist relations of production, can only be changed in a revolutionary way when workers free the productive forces fettered by the capitalist, the forces dormant in the proletarian society.' Tomasz (2002 f12)

III. The class consciousness (hubannoo kutaa hawaasaa)

Akka barreessaan kun jedhutti yaaxxinni maarkisizimii wantoota akka madda diinagdee hawaasaafi dhimma jireenyaa ta'etti ilaala. Yaadonni siyaasaa, amaantii fi xiinsammuutiif bu'uurri fedhii mi'a irraa burqu jedhu. Yaada kanas 'According to Marx' theory of materialism on the class consciousness is a product of the economical life conditions in society. Political ideas, mentality, religion and morality are all formed by the material aspect of being. Tomasz (2002 f12)

2.5. Yaadxina Qorannichaa

Yaadxinoonni qeeqa ogbarruutiif gargaaran hedduun akka jiran armaan olitti tuqamuuf yaalamanii jiru. Yaadxinoota kana keessaa qorannoo kana gaggeessuuf qorattuun yaadxina maarkisizimiitti dhimma kan baatedha. Kanaafuu, dhimmoota yaadxina kana keessatti bu'uura ta'an ilaalamaniifi kanneen biroo haala kanaa gadiitiin dhihaatanii jiru.

2.5.1 Diinagdeefi Qeeqa Ogbarruu akka Maarkistootatti

Maarkistootaatti dalagaaleen hawaasa keessatti hojjataman kamuu dhimma diinagdee akka bu'ureffatu dubbatama. Kunis, kan agarsiisu dhimmi diinagdee bakka guddaa qabaachuu

mul'isa. Diinagdeen dhimma bu'uura hawaasa tokkoo ta'ee, humna qabeessaafi walitti dhufeenya hawaasaatiif angafa akka ta'e waraabbiin kanatti aanu ni ibsa. 'The economic relation forces and relations of production or modes of production are the primary determining factors in all social relation.' Siegel (1970:10). Maarkistoota biratti waa'een diinagdee bu'ura akka ta'e hubatamee jira. Kanaaf, akkaataa jiruufi jireenya dhala namaa kamuu keessatti diinagdee bakka ol'aanaa qaba. Addunyaan kamuu sararkaa qaama dhuunfaas ta'ee hawaasaa diinagdeen nimurteessiti jechuudha. Dhimmi diinagdee kun kallattii adda addatiin kan ka'u yoo ta'eyyuu addunyaa duriifi ammaa kana keessatti hundaaf walfakkaataa miti. Kana kan taasise uumaa osoo hintaane haala qoodiinsa abbootii irreefi yeroo qabeessotaati. Jarri kun ammoo safuufi safeeffannaa homaatuu kan hinqabnedha. Haalli kun ammoo addunyaa asoosamaa keessatti bal'inaan mul'ata. Walumaa galatti addunyaan asoosama keessatti mul'achuun dhugaa qabatamaa addunyaa kan nutti agarsiisudha.

2.5.2. Hawaasummaa Ija Maarkistootaatiin

Hundeessittotaa yaadxina kanaatiif sirni sooshaalizimii sadarkaa adeemsa ce'umsa sirna kappitaalizimii irraa gutummaatti gara sirna hawaasummaatti jijjiiruun amaloota sirna kappitaalizimii balleessuun akka ilaalcha gaariitti fudhatu. Kun kan barbaachiseef oomishaa dureeyyii kappitaalistootaa, dhuunfaadhaan maallaqa kuufachuun guddina akka quucarsuu malu hima. Akkasumas, hojjetoota akka namaatti osoo hintaane akka meeshaa adeemsa hawaasaatti ilaaluudha. Kana hambisuuf yaadxinni kun angafadha. Asoosamni dhimmoota kana yeroo dhiyeessu dhimmoota biroonis wal make dhiyeessuun beekama. "community is a complex concept possessing varying ethical, political, social psychological and epistemological dimension which finds re current expression as alirerary theme. (Clinton, 2011:f,19) Akkasumas Asoosama keessatti walitti bu'insi nama dhuunfaa fi hawaasa bal'aa giddutti kan raawwatu ta'uun dhimmaa ijoo ta'ee dhiyaachuu danda'a." The conflict b/n individual and the community is a common theme in literature and focuses on opposite forces, society history and the community at oddy whith individual subjectivity desire and will (Clinton 2011:20) Asoosamni dhimmoota hawaasummaa ogumaan faayee kallatti garaa garatiin kan dhiyeessuu fi hawaasa waliin adda bahee jiraachuu kan dandeenyedha.

2.5.3 Siyaasa Ilaachisee

Dhimmi siyaasaa addunyaa maraaf dhimma bu'uradha. Kunis, Rabbii gaditti dhimmi bulchiinsa haaloota addunyaa kanneen waliin jiraachisuufi walnyaachisu waan bu'ureffatuufidha. Kunis, akkaataa qabsoo garee hawaasaa, sochii garichaafi bu'aan siyaasa isaa biyya sana guddisuufi ajjeesuufi bakka guddaa qaba. Dabalataanis, gaggeessummaa qaama sanaa irratti ciminniifi hanqinni nimul'ata.

2.5.4 Dhiibbaa Gita cunqursaa

Biyya Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti dhiibbaan karaa dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa aadaa afaanii, amantiifi k.k.f dhiibbaafi cunqursaa uummata kana irra gaha ture amana kan hin jedhamneedha. Bu'uuruma kanaan uummatni oromoo akkuma hawaasa kamiyyuu dhimmoota bulchinsaa fi siyaasaa jaarraawan darbanii hanga ammaatti yoo ilaallee seenaa jaarraa dheeraa mataa isaa akka qabu beekamaadha. Haala bulchinsaafi siyaasa uummata oromoo ilaalchisuun ,Asmaron (2006:f,128) akkas jedha, "Historically Gadaa has been seen as better method of governing than other forms in the region. The gadaa system was oppressive in practice though proclaimed as democratic and just in oromo oral tradition).

Yaada kana irraa kan nuuti hubannu uummanni oromoo jaarraa tokkoon duratti sirna bulchinsaa fi siyaasa kan mataa isaa qaba ture; innis sirna Gadaa jedhamuudhaan beekama. Sirni kun immoo Sirna bulchinsa biyyatti sirnaa dimookiraasii akka ta'etti kan amanamu dha. Haaluma kanaan sirni bulchinsaa siyaasa uummata oromoo kun bu'uura sirna dimokiraasii kan addunyaa yeroo ammaa kana faarsaa jirtuu fi kan biyyoonni qarooman itti gargaaramaa jiran akka ta'etti kan fudhatamu dha. Bifuma kanaan uummanni oromoo sirna kanaan of bulchaa kan ture ta'uu isaa hubana. Akka Ibsaa Guutamaa (2003:f,48) ibsetti Minilik yaada sirnoota darbanii itti cimsee akka adeeme keessummaayyuu gochii ajjeechaa hidhaa kanneen isa dur turan irraa garajabinaan kan guutamee fi bakka hundatti kan wal fakkatuu ta'uu ibsa. kana malees lafa oromoon akka lafee isaatti ilaalu irraa fudhachuun ofii abbaa lafa ta'anii oromoo hojjetaa ofii godhatanii ergama isaanii hojiirra oolchaa turan. Bara minilik oromoon dide ajjeeffame kan filannoo dhabee humna isaa jala gale akka jiraatuu fi gama diinagdeen lafti isaa irraa fudhatamee akka ergamaa ta'uu gocha kan turedha.

Aangoo siyaasaa oromoo sirna Gadaarraa qabaachaa ture akka ukkaanfamu gochaa inni raawwate hamaa ture. Kanarraa wanti hubatamu oromoon aangoo diinagdee lafa isaa aangoo

hawaasummaa aangoo siyaasaa fi eenyummaa isaa akka dhabu taasifamee kan ture ta'uu akka ibsaan (2003:ff,54-55)barreesetti akkaataa saamicha qabeenyaa bifa dhaabbatummaa akka qabaatu taasise.Gibirrii isaa fi aanga'oota inni lafa oromoo irraa fudhee kenneefi akka kaffalamu sirna hacuuccaa dinagdee dhaabbataan qindaa'ina uume. Sirnichi oromoon dinagdee siyaasaa hawaasummaan akka inni saamamuu fi dhiibamu tasiseera. Mootumman Dargiis ilaalcha siyaasa sooshaaliizimii kan qabate ta'ullee, ilaalcha dhokatan mootota darbaniin raawwataa ture biyyaatti maraammartoo duraanii keessa galchee yeroo gara garaatti bulchaan sirnichaa Mangistuu H/maaram yeroo tokko tokkoo Tewadiroositti of dorgomsiiisuu yeroo kaan ammoo yaalii biyya "Itoophiyaa tokkitti"ijaaruu keessatti gahee Minilik ajaa'ibsiifacha akka ture Ibsaan (2003:ff,63-65)ibseera. Kana irraa wanti hubatamu,Dargiinis gochuma warra duraanii itti fufuun sababa gara garaan lolaa hidhaa, fi ajjeechaaf saba oromoo akka saaxila ture hubachuun ni danda'ama .

Sirna ADWUI keessatti immoo battaluma sirni Dargii kufeen dhaabbileen siyaasaa hedduun walitti dhufuun mootummaa Ceehumsaa hundeessuu danda'aniiru.Mootummaa waliin hundeessani waliin hojeetaa turanis booda filannoo gaggeeffamee heera bara 1995 ALA labsameen mootummaan ceehumsaa hafee biyyattiin heeraan buluu eegalte. Oromoon qabsoo taasiseenis saba isaa walaboosuuuf halkaniifi guyyaa of wareegaa akka ture fi ilmaan isaa ciccimoo ta'an ittiddhabe jira. Mootummaa Dargii kuffisuu keessatti dhaabbileen oromoo gahe guddaa qabaataninis bakkeetti dhibamuun akka hafanis taasifamee jira.Gitni cunqursaa shira adda addaa xaxuu qabsoon oromoo akka saamamuu fi bilisummaan uummatichaa akka hadheeffachaa ture dha. Angootti hirkachuudhaan hacuuccaa gareefi nama dhuunfaa irratti gaggeessaa akka turan agarsiisaa.

2.6. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii

Qorattuun qorannoo gaggeessuuf qorannoowwan kanaan dura adeemsifaman ilaaluun qaawa isaan qaban argachuun bu'uura qorannoo tokkooti. As jalatti qorannoolee namoota gara garaatiin adeemsifaman haala kanaa gadiitiin ilaalamanii jiru. Isaan keessaa,qorannoo: Lamlam Taayyee, (2013) 'Xiinxala Caaseffama Aangoo Koorniyaa Asoosamoota Suuraa Abdii, Hawwii fi Illaa, ija yaadxina Maarkistoota Dubartummaatiin', jechuun qorannoo kan adeemsifte yoo ta'u, adda addummaan qorannoo kanaafi kan Lamlam asoosamoota gara garaa xiinxaluu keenyaa fiakksumas, yaadxina maarkisizimii keessaa dubartummaa qofatti dhimma bahuun ishee garaa garummaa qorannoo keenyaa isa biraadha.

Akkasumas,qorannoo Mareemaa Abduu, (2011), ‘xiinxala asoosama “Arraa Gurbaa!” ija yaaxxina maarkisiizimiitiin’: mata duree jedhu irratti kan adeemsiftedha. Qorannoon mareemaafi kun yaadxina qorannichaa xiinxaluuf ooleen walfakkaata. Haata’uu malee, asoosamni iseen xiinxalte asoosama siyaasni isaa yeroo Dhiyoo ta’edha. Akkasumas, haalli siyaasa-diinagdee, jiruufi jireenya asoosama yeroo ammaa garaa garummaa ogbarruu bara mootummoota darbaniitiin kan qabudh. Walfakkeenya qorannoo kanaa yaadxina tokkotti gargaaramuu yoo ta’u, asoosama adda addaafi barri ogbarruu qeeqamee gargar ta’uun adda addummaa qorannoo keenyaati. Qorannoo Raajii Mokoon(2012)”qeeqa asoosama miilaa hin shokoksinee ija yaadxina Maakisizimiin”mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeessiteetti xiyyeeffannoo qorannoo ishee ammo ayidoloojii maarkisizimii keessatti hammam akka agarsiifamekan xiyyeeffatee ta’uu fi caacculee asoosamaa tokko tokkoon ilaaluu irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef garaa garummaa kan qabu dha. Wantii qorannoo kana waliin tokko isa taasisu yaadxina maarkisizimii fayyadamuun asoosama “Miila hin shokoksine”gargaaramuu dha.

Kanaaf, qorannoo kun yoo adeemsifame, dhimmoota yaadxinichi irratti xiyyeeffatu keessumaa: siyaasa bara sanaa, diinagdeen, ilaalcha mootummichaafi namootaa, hawaasummaa fikkf hawaasa Oromoo yeroo sanaa ija kamiin akka ilaalaman kan xiinxaludha. Kunis, ogbarruuleen baay’inaan maxxanfamaa jiran xiinxala irratti adeemsiisuufi barreessitootatti onnee horuuf hojiin isaanii faana dhahamee xiinxalamuun guddina Ogbarruu Oromoo keessatti gahee akka qabu qorattuun hubattee jirti. Haata’uu malee, qeeqni bal’inaan waan hinmul’anneef hanqina jiru furuuf asoosama dheeraa ‘Yoomi Laataa?’ kan mootummoota darban bu’ureeffatee barreeffame yaadxina maarkisizimiitiin xiinxalameera. Walumaagalatti qorannoowwaan namoota adda addaatiin taasifaman kunneen qeeqa asoosamootaa irratti hojjetamuu isaanii wal fakkeenya qorannoo wajiin qaban kan agarsiisu ta’u. Kanaaf qorannoon kun immoo kallatti qorannoo biroo hin ilaallee asoosama (2013)maxxanfame yaadxina maarkistoota xiinxaluun diinagdee, hawaasummaan, siyaasaa gita cunqursaa fi ilaalchaan asoosamicha keessatti bakka bu’aman jiruufi jireenya hawaasaa oromoo akkamiin calaqqisisaa jedhu irratti fuulleffachuun qorannoolee kaan irraa addaa ta’a.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ilaalaman: saxaxa qorannoo, gosa qorannichaa, madda ragaalee, adeemsa iddattoofi iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaalee kan ofkeessatti qabatuudha.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun asoosama mata dureen isaa “Yoomi Laataa?”jedhu ija Yaaxxina markisitootaan kan xiinxalli gaggeeffame ta’ee; Fileen (2019:f,112) yoo ibsu “Xiinxali qabiyyee odeeffannoo walitti qaban tokko keessatti dhimoota ijoo jiran gaaffiilee bu’uuraa ka’uufi ibsamuu qaban qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu dha”jedha. Yaada Fileen (2019:ff,112-113)yoo ibsu mata dureen odeeffannoon walitti qabame jiru tokko dhimma maalii irratti akka xiyyeeffatu adda baasee ibsuudhaaf tooftaalee ragaalee akkamtaa itti qaaccessaan keessaa isaa tokkodha”jedha. Itti dabalees Addunyaa,(2011:f,63)yoo ibsu qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffate kan gaggeeffame fi odeeffannoo akkamtaarratti yoo hunda’ee saxaxni isaa ibsa akkamtaa qualitative descriptiveta’a jechudha. Kanaafuu saxaxni qorannoo kana asoosama dheeraa Yoomi Laataa?jedhudha. Qorannoon kun kan ibsame mala qorannoo akkamtaarratti waan hunda’eef saxaxni isaa ibsa akkamtaadha. Yaadolee asoosamicha keessaa walitti sassaabamee dhimoota akkamii akka ibsaan xiinxalee jechaan ibsa. Kanaaf ammo saxaxa ibsaatti dhimmaa baheera.Qorannoon mala akkamtaan gageeffamu tokko odeeffannoo argate mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiyeessuuf gargaara jedha. Saxaxni kunis iddattoo qorannoon sassaabame xiinxaluun jechaan ibsuuf kan tajaajilu dha.

3.2. Gosa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama Yoomi Laataa? jedhu kan Isaayyaas Hordofaa bara 2013 irra deebiin maxxanfame keessatti ija yaaxxina maarkisizimiitiin xiinxaluudha.Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorannoon kun malleen qorannoon tokko itti fayyadamutti tajaajilamuun kan gaggeeffamudha. Haaluma kanaan qorattuun gosa qorannoo jiran keessaa mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramtedha.Sababa mala kana filatteefis qorannoon dookumantii sakatta’uudhaan walqabatu mala qorannoo kanaa jala galuu waan danda’uufidha.

Qorannoo akkamtaa(qualitative research) ilaalchisuun Dastaa(2013:f33) yemmuu ibsu,"qorannoo akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu afgaaffii,dookumantii sakatta'uufi kkf dha''jechuun ibsa.Haaluma kanaan qorannoon kun yemmuu gaggeeffamu qorattuun asoosamicha gadi fageenyaan erga xiinxaltee booda odeeffannoo argatte sana jechaan waan ibsiteef gosa qorannoo akkamtaatti dhimma baateetti.

3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa odeeffannoo qorannoon kun ittiin dhimmaa bahu madda ragaa odeeffannoo sadarkaa tokkooffaati. Kunis kan ta'eef odeeffannoon kallattiidhaan asoosama filatame keessaa waan sassaabuufidha. Asoosamni "Yoomi Laataa?"jedhu dhimmoota dinagdee dammaqinsa gitaa fi cunqursaa uummata oromoo ilaalchisee maal jedha ergaa maalii dabarsa? Kan jedhuuf ragaan asoosamicha keessaa kan fudhatamu ta'a. Kanaaf qorannoon kun madda odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa (primary source of data)tti dhimma baha.Innis mala sakkatta'a barruutiin ta'ajechuu dha. Haaluma kanaan ragaan odeeffannoo qorannicha ta'a jechuudha.

3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Asoosama bara 2013 irra deebiin maxxanfame keessaa qorattuun kaayyoo qorannoo kana galma geessisuu kan dandeessuu mala iddatteessuu miti carraatiin. asoosama mata dureen "Yoomi Laataa?"jedhu filateetti.Akkaataa Bryman(2004:f, 333) iddateessuu yoo ibsu "current study non probability sampling was adopted and it stipulates that not all elements in the population have alike hood of being selected in to the sample"yaada kana irratti hunda'uun, qorannoo kan keessatti mala iddatteessuu miti Carraatti dhimmaa bahuun. Asoosama dheeraa afaan oromoo ija Yaadxina Maarkisizimiitiin xiinxalamee jira.Akkaataa Bryman (2004:f, 333)qorannoo akkamtaa mala iddatteessuu kaayyeffataa irratti buu'raa purposive sampling is aqualitative research based samling methad"jedha.Haaluma wal fakkaatuun, Seale(2004:f,199)hiikuti malli iddatteessuu kaayyeffataa mala ittiin hirmataan mata duree qorannoo waliin hariiroo murteessaa qabaachuudhaan filatamudha. "defines purposive sampling as atechnique where participants are selected on the basis of having a significant relation to the reseach topic"jedha. Dabalatanis,ania fi Ajifunike,(2002:f,199)yoo ibsan mala iddateessuu kaayyeeffataa keessatti hirmaataa kamtuu qorannoo hamatamu akka qabu kan murta'uu, yaada qorattootaa irratti hunda'uunidha. "in personal judgment to determine which respondents to in clude in the study"jedhu. Bu'uruma kanaatti fayyadamuun non-probability sampling , Asoosama dheeraa

Yoomi Laataa?kan bara 2013 irra deebiin maxxanfame mala iddatteessuu kaayyeeffataa (purposive sampling) dhimma bahuun xiinxaleera. Sababni isaas asoosamni filatame kun haala jiruu fi jireenya ummata oromoo dhimmoota diinagdee dammaqinsa gitaa waan calaqqisiisuuf qorattuun ija yaaxxina maarkisizimiitiin qeequuf mijataadha jettee waan itti amantteef, mala kaayyeeffataa faayyadamuun akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa isa tokko ta'ee kan qorattuun beekumsa dhimmicharratti qabduu irraa ka'uun kanneen odeeffannoo sirrii ta'e irraa arigachuun danda'a jettee amanuun murteessuudha. Kannuma irra ka'uun qorattuun mala iddattoo kana fayyadamteetti.

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf ragaa funaanuun hojii isa bu'uuraati. Ragalee kanneen ammoo haala qorannoo sanaa bu'ureeffachuun meeshaalee ittiin walitti qabannu adda baasuu qabna. Qorannoo kana keessatti malli ragaan ittiin sassaabame mala sakatta'a ragaa /document analysis/ti. Sababni isaas hojiin qorannoo kanaa qeeqa asoosama "Yoomi Laataa?" jedhu keessaa sakatta'uudhaani. Ragaa qorannoo kanaaf barbaachisan kitaabaa xiinxalaaf filatame jalqabaa hanga xumuuraa gadii fageenyaan dubbisuun qabxilee ija yaaxxina xiinxalichaa tumsan waraabuun yaadannoo barreeffamaan fuula, madda waraabii kitaabichaa waliin qabatamudhaan Ragaan qorannoo qulqulleeffataaf barbaachisu sakatta'a barruu ta'uu akka malu Creswell (2012:223)ni deeggra. Qorattuun qorannoo kanaas, dhimmoota yaaxxinni qorannoo kanaaf filatame bu'ureeffatu irra dhaabbattee asoosama sakatta'uun haala olitti ibsameen ragaa walitti qabatte xiinxaltee jirti.

3.6. Mala Qaacceessa Ragaa

Hojii qorannoo kana keessatti yaada asoosamichaa xiinxaluuf dursee kitaabichaa xiyyeeffannoon dubbisaa deemuudhaan keeyyaata qabxii yaadxinicha bu'uura godhateen walitti dhufeenyaa qaban fuula isaa waliin qabatamaa deema. Xiinxala ragaa keessatti qorattuun ragaa kuufattee lafaa qabdu iddoo hiika itti kennittuudha. Bu'uuruma kanaan Fileen (2019:f112) yoo ibsutti odeeffannoon saxaxa qorannoo akkamtaadhaaf tooftaaleefi meeshaa adda addaatiin walitti qabuun kallattii adda addaan xiinxalamuufi qaaceffamuu danda'a jedha. yaadrimeen akkamtaa jedhu kun yaada ykn ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akkaataa uummanniifi hawaasni jedhutti ilaalutti, ibsutti hiika itti kennutti ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Dabalataanis, Addunyaa (2011:f,71) yoo ibsu, "Qaacceessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha

qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorattuun hordofuu qabdu keessaa warra muraasa''jedha.

Haaluma kanaan ragaa sassaabame qulqullinaan qindeessuun qaaccessitte jirti. Ragaan funaaname asoosamarraa waan ta'eef haala dhugaa adduunyaa asoosamichi keessatti barreeffame wal bira qabuun hiikni itti kennameera. Kunis ragaan funaaname dhugaa qabatamaa waliin yeroo wal bira qabamee ilaalamu maal jechuu akka barbaade hiikni itti kennameera.kanaaf asoosama barreeffame kana yaadxina maarkizisummaati dhimma bahuun haalli qabatamaa hawaasa oromoo akkamiin akka ibsame xiinxalameera. Itti aansuun ragaalee kana qaacceessuunii fi hiika itti kennuun qaama gabaasa qorannoo xumuuraa keessatti boqonnaa afur keessatti hammatamee dhiyaateera.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen madda ragaa irraa argaman ni qaacceeffamu. Kunis, ragaaleen meeshaa funaansa ragaaf oolanitti dhimma bahamuuf argame keessumaa mala sakatta'a ragaa qorattuudhaan qophaa'an bu'ureeffatee xiinxalamanii jiru. Dabalataanis, haala gaaffii qorannoo fi kaayyolee qorannichaa bu'ureeffateen qorattuun asoosama kanaa gadi fageenyaan erga dubbistee booda mata dureelee adda addaatti qooduun haala kanaa gadiitiin xiinxalttee jirti.

4.1 Xiinxala Asoosama “Yoomi Laataa?”

Kitaabni qorannoon kun irratti adeemsifame asoosama dheeraa Yoomi Laataa?jedhu yemmuu ta'u, barreessaa Isaayyaas Hordofaa Mijjanaatiin barreeffamee yeroo afuraffatiif Finfinneetti Maxxanfameedha. Barri maxxansa isaa 2013 yemmuu ta'u fuula 278 kan qabuu dha. Asoosamichi haala dubbistoota harkisuu danda'uun qoqqoodamee kutaa 16tti hiramuu kan dhiyaatedha. Haala kanaan dhiyaachuun isaa dubbistootni nuffii tokoo malee boqonnaa fudhachaa dubbissuf kan mijatuu dha.

4.1.1. Hiika Yoomi Laataa?

Yoomi laataan hawwiidha. Namni rakkina adda addaa keessa jiru hawwii isaa kan gara fuulduraafi tattaaffii isaa bu'ureeffatee nihawwa. Hawwiin isaas akka galma gahuuf ni carraaqa. Carraaqqiin hawaasni Oromoo gabrummaa keessaa bahuuf aadaafi afaan ofii tikfachuuf taasisa waan lakkaa'amee hin dhumne dha. Kanaafuu, asoosamni garee diddaa gabrummaaf qabsaa'aniifi gita cunqursitootaa gidduutti taasisamaa jiru irraa ka'e cunqurfamtoonni barii akka barbaadaniifi dimimmisni isaa fagaatee waan itti mul'atu fakkaata. Oromoonni bara sanaa haala hammaataa keessa akka turan ibsuun haala qabatamaa yeroo ammaatiin dhaloonni kun seenaa sana hubatee dhiibbaa alagaa kamiifuu osoo hin jilbeefatin yeroo isaafi bakka hawwan akka gahuu danda'an agarsiisa. Kanas, barreessaan asoosama kanaa hamilee qabsaa'otaafi kutaa hawaasaa hundatti horuuf dimimmisa argachuuf hawuun yoomi laataa? jechuun abdi isaa waan waaqatti laate fakkaata.

Qabsoon ummata Oromoo baroota dheeraadhaaf qoree bishaan keessaa kan itti ta'an tokkoo lama miti. Qaama saba kana irraa dhalate, kan gara laafummaa hawaasa Oromootiin guddifame, kan mootummoota cunqursitootaan qubachiifameefi kanneen dhimma jiruuf jireenyaatiif kutaa biyyattii keessa jiraataa turan karaa adda addaatiin qabsoo isaanii fashaleessuuf tattaaffiin isaan

taasisan laayyoo miti. Harka caalaa mootummaan dhufaani fi darbaan hawaasa kan tokko taasisuu irra bittinneessee waanjoo ummatatti camadate aangoo dheereffachuu filata. Asoosamni Yoomi Laataas carraa hawaasa kanaa walii isaaniitiin rukutuufi carraa jireenyaa caalaa balbala du'a isaanii bal'isuu kanaaf Kallatti kenna.

Fakkeenyaaf,

Aje/10 Firoomsiin mirga sabasaa Oromootiif kan quuqamuudha. Amma garuu qajeelfama isaaf kennameef dhiiga lammii isaa dhangalaasuuf gara Baabbiletti garee ajjeestotaa hogganuudhaan qajeele. Hamma achi gahutti fuula isaa karaa foddaa konkolaataan dachee Oromiyaa ilaalaa galaana yaadaa keessa galee “Yoomi Laataa?” jedha. Takkaammoo caluma jedha. Takkaammoo sagalee olkaasee hafuura dheeraa baafachaa “Yoomi Laataa?” jedha, konkolaachisaan loituu Luuleen garuu kan inni jedhu hingalleef. Aje/10 Firoomsiin otuma yaada gara garaa olbaasee gadi buusuu iddoo jedhame gahan. (Isaayyaas, 2013: f, 241).

Egaa keeyyanni armaan olii kan agarsiisu Oromoonni akkuma cunqursaa jalaa bahuuf waliin carraaqaa turan mootummaa aangoo harkaa qabu utubuun cunqursaa dheeressuu keessatti qooda ol'aanaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Kana gochuu isaaniitti ammoo kanneen gaabbii qabaniifi murtoo dabarfamee itti laatame guutummati hawaasa isaanii miidhuu akka hinbarbaanneefi gaafa haalli kun jijjiiramuun dimimmisa duumessaa keessaa orraa waaretti bahuu akka danda'an hawwaa turuu isaanii mul'isa

4.1.2. Hiika Fakkii Qola Asoosama “Yoomi Laataa?”

Asoosamni “Yoomi Laataa?” barreessaa Isaayyaas Hordofaatiin maxxansi isaa jalqabaa bara 2002 A.L.H, maxxansi lammaffaan bara 2003 A.L.H, maxxansi sadaffaan bara 2004 A.L.H kan maxxanfame yemmuu ta'u, maxxansi afuraffaa fi kan qorattuun kun qeeqxe ammoo waggaa sagal booda bara 2013 A.L.H kan maxxanfame dha. Haguuggi kitaaba kanaa irratti gama jalqabaatiin barreeffama mata duree kitaaba kanaa kan ta'e, Yoomi Laataa? kan jedhu, suuraa barreessaafi maqaa barreessaa kitaabichaatu mul'ata. Mata dureen kitaaba kanaa halluu cuquliisaan kan bakka bu'edha. Maqaan barreessaa ammoo halluu adiidhaan bakka buufamuun suuraan barreessichaa duumessa roobuuf dhihaate keessa kobbee harkatti qabachuun walakkaa saaqqee taa'ee jira. Haalli filannaa halluufi akkaataan taa'icha barreessaa fakkoomiidha. Kunis, barreessaan kun haala wayita sanaa fakkiiwwanitti dhimma bahee ibsuu isaa nu hubachiisa. Fuula haguuggii gama boodaatiin ammoo halluu cuquliisni akkuma jirutti yaanni barreessaafi

kanneen gulaaltotaa halluu adiidhaan katabamuun taa'ani jiru. Asirratti walaloon barreessaadhaan fuula kan irratti barreeffames akkuma warra kaanii halluu adiidhaan taa'ee jira. Dhaabbanni dhuunfaa teessoo isaa eerame tokko ammoo, qubee saabaatiins miila jala kaa'amee jira. Fakkiileen fuula haguuggii kitaaba kanaa irratti argaman haala mata duree kitaabaa hawwataa taasisuun kaa'amanii jiru. Kunis, halluuwwan, ta'iinsota uumamaa (duumessa), kobbee barreessaan afaanitti qabateefi halluun barreeffamaa fakkoomiidha.

Akka kootti ammoo, barreessaan asoosama kanaa halluu kitaabichaa cuquliisa filachuun gama waaqaatti waan ta'ee olkennachuu isaa natti agasiisa. Karaa biraatiin duumessa keessa taa'ee miira taajjabbiitiin kobbee harkattii qabachuun isaa dhalootaaf waan arge barreessuuf qophaa'uun dimimmisa keessaa ifatti bahuun akka danda'amu hawwu isaa mul'isa. Maqaan barreessaa, walaloon barreessaan kalaqameefi yaanni namootaa halluu adiidhaan barreeffamuun isaa haqa daba hinqabne akka ta'etti natti mul'atee jira. Walumaa galatti fuulli haguuggii kitaaba kanaafi halluuwwan filataman mata duree asoosaan asoosamichaaf laateen kan waliitti hidhata qaban akka ta'e hubatamee jira

4.1.3. sab-seenaa Asoosama “Yoomi Laataa?”

Mata duree kana jalatti kan ilaalaman haala ijaarama seenaa asoosamaa barreessaadhaan qindaa'aniidha. Asoosaan asoosama kanaatis haala qabatamaa hawaasa Oromoo wayita sanaa keessumaa gama siyaasaatiin, diinagdeefi hawaasummaa isaanii namfakkiiletti lubbuu horuun lafa kaa'ee jira. Asoosamichi kunis haala jiruufi jireenya uummata Oromoo gama bulchiinsaa, siyaasaa, aadaa, duudhaa, seenaa, afaan, amantii, falaasama, diinagdee, qaroominaafi hawaasummaa uummata Oromoo bu'uureffachuun kalaqameera. Yoomessi asoosama Yoomi Laataa? bara mootummoota sadii kan ofkeessaa qabuufi gama bakkaatiin ammoo: godina Harargee, Boorana, Baalee, Arsii, Shawaa, Shawaa Lixaa, Waallaggaa Bahaa, Wallaggaa Lixaa, Jimmaa, Karrayyuu, Jiillee, Iluu Abbaa Booraafi handhuura biyyaattii kan taate magaalaa Finfinneefi magaalaa Dirree Dhawaa keessatti qooda fudhataniiru. Keessumaayyuu, gochaaleen isaa Harargee Bahaa, Shawwaa Lixaa, Wallaggaa Bahaafi Wallagga Lixaa akkasumas, magaalaa Finfinnee irratti bal'inaan kan xiyyeeffatedha

Naannoo Oromiyaa alattis naannooleen asoosama kana keessatti maqaan dhahaman: magaalaa Asoosaa, gammoojjii Ertiriyaa, Magaalaa Asmaraa, Tigiraayi Dhiyaa, Buufata Leenjii Loltummaa Bilaattee, Gaamoo Goofaa, Gondor, Goojjami, Kaaba Itoophiyaa Raayyaa, Yejjuuufi

Awaaziin (Manzee) yoo ta'an, biyyoota alaarraa ammoo Soomaaliyaa, Keeniyaa Kaabaa, Jibootii, Awurooppaa, Gaanfa Afrikaa, Jarman Lixaa, Sudaan, magaalaa Kaartum, Moombaasaa, biyyoota Israa'eel, Ameerikaa, Ameerikaa Kaabaa, Yemen, Yuuniversiitii Kaartum, ganda. Ondurummaa laga Abbayyaa qarqara, Zimbaabuwee magaalaa Haraaree, Faraansaay, Xaaliyaaniifi Ingilizii wareen jedhaman keessatti qooda fudhataniiru. Magaalli handhuura Oromiyaa Finfinneeniifi magaalli Godina Harargee bahaa ammaa kan taate Harar qooda bal'aa bakka warra qabaniidha.

Jaargochi seeneffamichaa kutaa jalqaba irraa eegalee namfakkii guddaa kan jedhamtuu Siintolinnaadha. Maqaa ishee kana kan iseef moggaase abbaa ishee yoo ta'u, ishees bu'aa bahii adda addaa keessa bahuun namfakkiilee biroo waliin waldiduufi walii galuun asoosamichi akka miidhagu taasifamee jira. Oromoon ilmaafi ilmoo isaa yoo moggaasu wantoota adda addaa bu'uura. Kanas , ayyaana ilaaluun raawwata.

Siintolinnaan mucaa Harargee naannawa Harar bakka addaa Harawwee jedhamutti guddatte. Umrii waggaa 16ffaa isheetti ilmaa obbo Jaarraa Walabummaa kan maqaan isaa Yaadannoo jedhamutti heerumte. Qanyaazimaach Gizaachoo intala bareeddu kana qalaadii isaani irratti argachuu isaanii gammadanii siintolinnaa sanyoomfatanii wajjin jiraachuu jalqaban. Gaaf tokko yaadannoon akka miidhaan daaksisu erganii ofii isaanii Siintolinnaa bira dhaqan. Yaadannoon osoo midhaan daaksisuu deemuu qarshii midhaan ittiin daaksisu irraanfatee waan baheef gara manaatti yoo deebi'u, Qanyaazimaach fi Siintolinnaan waliin ciisanii jiru. Yeroo kana mancaa fudhatee utuu isaan qabachuuf yaalanii mataa irraa kutee gate. Siintolinnaan ooyiruu mishingaa keessa dhokatee, erga inni deemee booda, mucaa ishee fudhattee gara Dirre Dawaatti baduuf masaraa Raas mokonnoon bira teessee konkolaataa eeggachaa utuu jirtuu; Raas Geetaahuufi Waariyoo konkolaachisaa isaanii argattee gara Finfinneetti jaraa wajjin galte.

Raas Geetaawu Siintolinnaa fudhatee yemmuu galu haadha manaa isaanii giifti Liidiyaa ishee akka hojjattuutti ilma ishee ammoo akka waan lafaa argatanitti gochuun amansiisuuf walii galan. Raasis ijji isaani Siintolinnaa waliin jooruu erga jalqabee oolee buleera. Akka tasaa ta'ee gaaf tokko firri Giiftii Liidiyaa duunaan mana boo'ichaa deeman. Namni du'e kun fira dhiyoo Giiftii Liidiyaa waan ta'aniif, mana boo'ichaa buluuf dirqamaniiru. Carraa argame kanatti gargaaramani Raas Geetaawu fedhii isaani galmaan ga'atan. Gaafa kana irraa jalqabani Raas dhoksaadhaan Siintolinnaa qunnamuu jalqabaniiru. Raasiifi Giifti Liidiyaan Sandaabaa akka ilmoo isaanitti

waan kunuunsaniif itti tolaa dhufe. Akkuma umriin isaa dabalaa dhufeen mana barnoota ilmaan qondaaltota olaanoo mootummaafi ilmaan soressootaa itti baratanitti barumsa isaa barachuu jalqabe. Raas Geetaawu bara mootummaa H/Sillaasee qondaaltoota olaanoo mootummaa kanaa turan. waamicha isaaniif taasifame fudhachuu diduun lola waraanaa keessa seenanii wal-jijjiirraa dhukkaasa isaan gidduutti ta'een rukkutamanii du'aniiru. Giiftii Liidiyaanis akka xiqqoo turaaniin dhukkubsatanii lubbuun darbaniiru. Yeroo kanatti qabeenya isaanii kanatti kan hafe intala isaan guddisan Fiqir, Sandaabaa, Siintolinnaa, Waariyoo, ijoolleewwan Fiqirfaafi waardiyyoota isaani warra turanidha. Hootelli Siintoolinnaa faa kan Raas Geetaawu waan ta'eef mootummaa Dargii Siintolinnaa doorsiisuu jalqabnaan Finfiinnee gadi lakkiftee Hararitti deebitee hojii hoteelaa jalqabde.

Hoteelli ishee bakka wiirtuu warra Waanbadootaa(Yeshiftoochi maa'ikel)jechuun irratti cufameera. Harar keessa lubbuun jiraachuun akkuma ulfaachaa dhufeen Siintolinnaan lubbuu isheef, sodaattee gara magaalaa Finfinneetti deebite. Walumaagalatti namfakkii goobaan galeessa kan taate, Siintolinaan aarsaa baay'ee kaffaltus, namoota jireenya ishee keessatti barbaachisan mucaa ishee Sandaabaa, ijoollee mucaa ishee kan ta'an Alkumaa fi Alkitil akkasumas, haadha manaa mucaa ishee Yuunivarsitii biyya alaa irraa digirii sadaffaan eebbifante wajjiin walarguun asoosamichi bifa maatii walitti fiduun gammachiiseen goolabamee jira.

4.1.4. Xiinxala Haala Siyaasaa

Siyaasni Oromoo bara baraan rakkina keessoofi alaatiin hawaasa kana miidhaa turuun isaa beekamaadha. Kana jechuun keessoodhaan lammii Oromoo ta'ee kan garaaf bitamu yemmuu ta'u kan alaa ammoo, namoota sabni biraa isa biratti nama hintaaneefi sammuu beeyiladaattii gadi ta'een kanneen yaadaniin dhiibbaa sabicha irra gahu jechuudha. Kana cabsuu keessatti, gaheen qabsaa'ota Oromoo bakka jiranitti taasisan sababoota adda addaatiin gufatus, haalli tureefi sochiin isaan godhan dhaloota gabrummaaf hinjilbiiffanne akka uumamu taasisee jira. Yaaduma kana ilaalchisee, walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee mootii Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee garbummaan bulchuu kan danda'e namoota uummata oromoo keessaa bahan aangoofi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas amantaan, lagaaniifi gosaan akka walqoqqoodu gochuun oromoo oromoodhaan rukutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessa. Dirrib(2016:f,431) Haaluma walfakkaatuun Asaffaa,(2015:f,3)

uummanni oromoo sirna alagaa jalatti osoo hin kufin akkaataa ittiin bulaa ture yoo ibsu, ‘‘Available source show that the oromo were effectively organized under the gada egalitarian system during the 16th and 17th centuries until they were partitioned into Kenya and Ethiopia during the scramble for Africa and conquered under the abysinian monarchic role of Minilik II’’. Akkaataa yaada hayyuu kanaatti ragaaleen jiran akka mul’isutti Awurooppaan Afriikaa qooddatanittifi uummanni oromoos Keeniyaafi Itoophiyaatti qooduun sirna mootii minilik II jalatti kufaatii, jaarraa 16ffaa fi 17ffaa keessa sirna ittiin bulmaataa hawaas dinagdee ittiin gaggeeffatu sirna gadaa jedhamu baroota hedduu dura tumatee kan ittiin bulaa turedha. Haalli siyaasa Oromoo akkam akka ture akkam ta’uu akka qabu kallatti kan kaa’an keessaa ogbarruun humna ol’aanaa qaba. Ogbarruuwwan dhalattoota Oromootiin barreeffamanii haala siyaasaa bara adda addaa labataaf calaqqee akka ta’u godhan keessaa asoosamni ‘Yoomi Laataa?’ isa angafaati. Asoosma kana keessattis, siyaasni bara sanaa maal akka fakkaatu hafeen kanaa gadii ragaa guddaadha.

Minilik Oromiyaa kan gabroonfate ijoollee Oromoo kan akka Goobanaa Daancceeedhaan gargaarameeti malee qophaasaa hin turree. Bara sana moototi oromootaa utuu tokko ta’aniiru ta’ee silaa minilik oromiyaatti hin cehu ture. Osoo Goobanaanillee Mootota Oromootaa godinaalee fi aanaalee wajjiin tokkummaa uummate minilikitti garagaleera ta’ee silaa Oromiyaan har’a kan oromoota taati turte. Harka bulchiinsa alagaa jala hin taanu turre. silaa mootiin nafxanyaa gar mootii tokko nafxanyaa gara biraatti daddabarsamaa waggaa dhibbaa gabrummaa jala hin jiraannuu turre. (Isaayyaas, 2013:f,238)

Waraabbiin armaan olii irraa kan hubatamu: dhalattoonni oromoo qubaan lakkaa’aman kanneen akka Goobanaa faa gabrummaa oromoo irra akka gahu kanneen taasisaniidha. Kunis fakkeessuu gara halagaa goranii lammii ofiif quuqamu dhabuun alaagatti wal dabarsaanii keennuun ni mul’aata. Kanaaf qoqqoodamanii akka turee agarsiisa. Keessumaa, walii galtee dhabuun maddaa rakkoo guddaa akka ta’e mul’sa. Wanti nama ajaa’ibu, Oromoonni godinaa fi aanaatis bulchiinsa mataa isaanii kan qaban yoo ta’anillee, wal qoqqoduun laga fi naannoon walitti dhufeenyaa dhabuu fi waliigaltee dhabuun qaamolee tokko tokkoon mul’atun murtee mataa isaaniitti akka dhimma hin bahee namattii agarsiisa. Kun immoo waliin mariin gidduu bulchitoota kanatti waan dhabameef gita bittaa jalatti kufuuf isaan saaxilee jira. Dabalataanis, gocha isaan raawwataniin

dhaloonni itti aanu aarsa akka kaffaluu fi gabrummaa jalaa bahuuf yeroo dheeraa akka itti fudhate kan nutti agarsiisuudha.

Mootumman Dargiis ilaalcha siyaasa sooshaaliizimii kan qabate ta'ullee ilaalcha dhokatan mootota darbaniin raawwataa ture, biyyaatti maraammartoo duraanii keessa galchee yeroo gara garaatti bulchaan sirnichaa Mangistuu H/maaram, yeroo tokko tokkoo Tawadiroositti of dorgomsiisuun yeroo kaan immoo yaalii biyya “Itoophiyaa tokkitti” ijaaruu keessattii gahee Minilik ajaa'ibsiifacha akka ture Ibsaan (2003:f, 63-65) ibseera. Kana irraa wanti hubatamu Dargiin gochuma warra duraanii itti fufuun sababa gara garaan lolaa hidha fi ajjeechaaf saba oromoo akka saaxilaa ture hubachuun ni danda,ama.Kanaafis, Waraabbiin armaan gadii raga guddaa ta'a.

Dargiin tooftaa adda ta'een ilaalcha Oromummaa hundee isatii buqqisee ilaalcha sirna nafxanyummaa diriirsaa akka jiru kan hubatan ijiilleen Oromoo Oromummaan isaaniitti dhagahame kan dhaabbiilee siyaasaa shaman I. Ma.Le.Di.Hi.keessaa jiran tokko tokko

Dargii qabsaa'uuf tokkummaa ummatanii iccitiidhaan dhaabbata (Sochii dimokiraataawaa ummata oromoo) jedhamu hundeessan sagaleen dhaaba kanaa “Tarkaanfii”jedhama. Garuu Dargiin itti dammaqee yeroo gabaabduu keessatti rukutee diige(Isaayyaas 2013,f.191)

Akka Waraabbii armaan oliitti:Ijoolleen oromoo yeroo adda addaa miidhaa warra Nafxanyaa of irraa fonqoolchuuf dhooksaan waldaalee adda addaa hundeessa turaaniiru. Dargiin garuu itti dammqqee diiguus ijoolleen Oromoo saba isaaniitif qabsaa'an osoo abdi hin kutaattin itti fuufanii qabsaa'aa akka turaan hubaachuun ni danaa'ama.Haata'uu malee Dargiin jaraa kana dadhabsiisuuf, kaadirootaa isaa hunda meeshaa waraanaa hidhachiisee ijoollee oromoo saba isaaniif qabsaa'an akkaa diinaatti akka lammii biyya ormaatti lakkaa'uudhaan harka qullaa isaanii hanbiseera. Kanas rawwachuun isaa, nama meeshaa waraanaa hidhate qofattu qabsaa'a jedhee yaadettu,garuu ijoolleen Oromoo miidhaa isaan irraa ga'e ofirraa faccissuun qabsoo isaani irraa boodatti hin deebinee ajjessanuus, hidhaanus,gidiraa meeqa keessa jiraachaa yeroo kamuu tole jedhee halagaaf osoo hin jilbeenfatin osoo boodeettii hin deebi'in bilissummaa saba isaaniitiif dhabbachuun hamma tokko dhaloonni haaraan akka mataa ol qabatuu gochuu isaanii hubanna.

Dargagoota saganta siyaasaa irratti”Narrow nationalismii(dhiphummaa saba) fi of tulummaa saba wal qixa kan balaaleffataniifi kan qabsaa,an ta’uuisaanii waltajjii garaa garaarratti yoo ibsanillee ejjennoo shovinizmiidhaan nafxanyaan Dargiidhaan ajjeefamee fi hidhamehin jiru. Garuu “Narrow nationalist”ittin jechuudhaan tarkaanfii goolii diimaadhaan kan ajjese Oromoota kumaatamaan lakkaa’amu.(Isaayyaas 2013:f,192)

Akka waraabii armaan olitti:Oromoota mirgaa ofii isaani fi saba isaniitiif qabsa’anuu “Narrow nationalist”ittiin jechuudhaan tarkaanfii goolii diimaadhaan Oromoota kumaatamaan lakkaa’aman ajjeesuu hidhuu fi gidiraa adda addaa yoo irratti raawwatan,nafxanyaan dargiidhaan kan ajjeefamees, hidhames akka hin jirre hubachuun ni dandeenya.Kunis kan mul’isu Mootummaan Dargiis Oromootaa karaa adda ta’een dhabamsiisuu yaadettu.Kunis ta’ee, ijolleen oromoo mirga sabasaaf qabsaa’uu eenyummaan isaa itti dhaagahamuu, jaraaf bitamuu kan didee maqaa adda addaa itti moggaasuun baayee isaanii fixaa akka turaan warra lammii isaaf hin yaadnee ammoo gara ofiitti dabaluuun saba isaa akka miidhuu isaaf qabsaa’uu irra isaatii akka qabsa’uuf wal ficiisiisaa akka turaan, dhaloonnii ammaa kanaa irraa waa baratee eenyummaa isaa beekke akka lammiisaaf dhaabbatu ta’uu isaa nu hubachisa.

Dargiin Finfinnee keessatti “Goolii Diimaa jechuudhaan dargaggootaa fi namoota gurguddaa irratti tarkaanfii ajjeechaa fudhachaa jira.”“Tarkaanfii Goolii diimaa” Jechuun kan ajjeefaman “farreen warraaqsa, cunqursitoota, saamtota,fiyudaaltota, Meensheviitota , Naaroo nashinaalistoota Anaarkistota fi walumaa galatti maqoota gara garaa itti maxxansuudhaan qabeenya isaanii irra fudhata mana jireenyaa isaanii irraa fudhatee waajjira bulchiinsa gandaa fi olaanaa godhama. Kana malees konkolaataa fi qabeenya garaa garaa irraa fudhatanii tajaajila dhuunfaa isaaniif olchatu.(Isaayyaas 2013.f.122)

Waraabii armaan olii irraa wantii hubanuu, mootummaan tokko gara mootummaa biraatti yeroo jijjiramuu namoota deggeraa mootummaa isaa dura ta’aan irraatti miidhaan gara garaa qaqaabsiisuun isaa hin oolu, barii wal hin fakkaatuu jedhuu mitiiree!Dargiin yeroo gara aangootti dhufuu namootaa kanaan duraa qabeenyaa saba oromoo saamuudhaan durooman irraa lafti kan qotee bulaatii jechuudhaan qabeenyaa isaan duur namoota irraa saaman harkaa

fudheera. Haata'uu malee ammas, oromootaaf wantii fooya'ee hin dhufneefi, innis, warruma jala figduu fi eergamtuu isaa ta'anitu qabeenyaa namaa samuun duroomuuf caraquutti ka'an, yoo barbaadan ajjeessuu hidhuu konkolaataa mana jirenyaa kan ofii taasisuu jalqaban ammas waa'ee miidhaa saba oromoo kan yaadu hin dhufne, kana malees maqaa adda addaa itti moggaasuu, ajeechaafi adaamoon ijoollee oromoo itti fufee jennaan carraan isaanii ammas qabsoo saba isaaniitiif gara bosonaattii deebi'uun hanga sabni isaanii bilisoomuutti qabsaa'uun iddoo adda addaattii wareegama, godaanaa, hidhamuufi dhitamuun gochaaleen k.k.f osuma irraatii raawwatamaa jiruu utuu alagaaf hin jilbeefatiin qabsoo isaani jabeeffachuun dhalootaaf waa kaa'ani akka darban hubachuun danda'ma..

Ummanni oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti kufee jalqaba jaarraa 19^{ffaa} eegalee karaa adda addaatiin qabso mirga abbaa biyyummaa isaa yeroon inni bifa gurma'eenis ta'e bittina'een hin taasisn hafee hin ture. Haata'uu malee gitni bitootaa sirnoota darbanii oromoota gantuu ta'an faayidaadhaan ofiitti qabuun oromoo irratti kaasuun akka cabsaa turan galmeen seenaa ni addeessuu (dirribii, 2016:f,431) Haalumaa kanaan waraabbiin asoosama keessaa fudhatamees akka armaan gadiittii ka'ee jira.

Angoo mootummaa qabatan, fakkeenyaaf bara 1928 (A.L, Awu. 1936) hoggantooti oromoo dhiyaa 33 taha dura taa'ummaa kumsa Morodaatiin mootummaa Ingilizii deggeersa akka isaani godhuuf xalayaa barreessan. Kunis Qonsiilli Ingilizii konfedereeshinii Oromoo dhiyaa hundeessuudhaan akka gamtoomaniitti akka isaan hundeessuuf xalayaa ergatan Qonnsiilli Ingilizii Magaalaa Goreetti argamu gaffiii isaanii harkaa fuudhuu dide. (Isaayyaas, 2013:f,84)

Waraabbii kana irraa wanti hubannu: Mootummaan H/sillaasee oromoota mirga isaanii kabachiisiisuuf qabsaa'an humnoota tokkummaa biyyaa diiguuf socho'an jedhee miidhaa adda addaa waan irraan gaha tureef, mootummaa konfedereeshinii Oromoo dhiyaa hundeessuuf akka mootummaatti beekantii argachuuf mootummaan Ingilizii akka deggaarsa godhuuf xalayaa yoo barreessanuus Qonsiilli Ingilizii magaalaa Goreetti argamu mootummoota gamtoomanitti akka dhiheessuuf yoo gaafaatan dhaabbanii kunis gaaffii isaanii harkaa fuudhuu didee, H/Sillasee garuu aangoo mootummaatti waan deebiseef sochii siyaasaa biyya jaallattoota Oromoon jabaataa waan deemef waldaan maccaa fi tuulamaas yeroo gabaabduu keessatti baduun ,Hoggantoota

waldichaa ajjeefamanii baay'een isaanii immoo yoo hidhamaniru. Haata'u male Oromooni bilisummaaf utuu abdiin kutiin gootonni Oromoo bakka adda addaatti fincila guddaa kaasuun sochiin siyaasaa biyya jaallattoota Oromoo jabaataa deemuun waldaan maccaa fi tuulamaa akkasumas qabsoon qonnaan bultoota oromoo, oromootaa miliyoonaan lakkaa'aman sochoosuudhaan akka isaan sirna bututaa kana rukutan gochaa turuun barri inni cunquursaa sirnoota nafxanyaa tole jedhe fudhatee itti taa'ee akka hin jirree nu hubaachisa.

'Farreen warraaqsa tarkaanfiin warraaqsa irratti fudhatamu'.....xabbaab behertanyoochi' jedhamee barreeffame argitee baay'ee naate. Kessumaa kan baay'ee ishee naasiseefi ishee suukaneesse maqaa ishee arguu isheeti.' (Isaayyaas, 2013: f,99)

Waraabbiin armaan olii kan mul'isu, siyaasni biyya keenyaa bara baraan rakkoo ulfaataa kan qabu dha. Kunis Oromoota mirga saba isaanittif qabsaa'an maqaa garaagara itti moggaasuun miidhaa adda addaa irratti raawwachaa kan turaani fi siyaasni dhaalaan akka raawwatu taasiisani fudhachuun akka ture kan agarsiisuudha. Kunis, bulchiinsa qaama isa duraa faalleessu, akkasumaas osoo qaamni sun hin beekiin dhoksaan midhuuf yaaluunis ni mul'ata. Dhalattoota oromoo rakkinaaf jecha moototatti hirkaatanii jiraacha turaani carraa argatanitti fayyadamanii of foyyeessuu yoo yaalan basaastooni irratti kakka'uun dhoksaan qaama seeraa kan mootummaa sanaaf amanamaa ta'eef laachuun dhiibbaa adda addaa irraan gahuu isaanii mul'isa. Haalli kun ammoo, dhalattoota Oromoo kanneen gabrummaa lammii isaaniif dhaabbatanii sochii gochuuf yaalan, akkasumas, rakkinaaf jecha moototatti hidhatanis rakkinichaaf akka saaxilaman taasisee jira. Haalli kun yeroo ammaas waan mul'atuuf gabrummaatti yeroo dheeressuu, akkasumaas waliif amanamaa ta'u dhabu, lammii ofii halagaaf dabarsanii lachuu irraa dhaloon akka of qusachuu maalu akeeka.

Jijjiirama mootummaa keessatti sabni kamiyyuu gahee isaa nibahata. Kunis, kallatti saba isaa guddisuufi quucarsuun ta'uu mala. Asoosama kana keessatti J/Taaddasaan Birruu Oromoonni barataniif qooda leencaa qaama bahan keessaa tokkodha. Hafeen armaan gadiitis, duula barnoota bara sanaa keessatti namoota qooda qaban ni addeessa.

J/Taaddasaan jalqabarratti mootummaa nafxanyaa kanaaf amanamoo turan Sababii kanaan bara waldaan Maccaa fi Tuulamaa hundeeffame miseensumman keessa galanii hojjechuu hin barbaadne.H/sillaaseen guutummaa biyyaaleessaarratti barnoota jalqaba uummata barsiisuuf duula barumsa jalqabaa kan yefidel saraawiitti jedhamu yeroo

hundeessan jalqabarraatti J/Taddasaan hojii kana dura taa'ummaadhaan akka gaggeessan filatan. J/Taaddasaanis itti gaafatamumma isaaniitti kenname kana fiixaan baasuuf sochii jaqaban. Uummatti hundi akka baratuuf sochii cimaa gochuu jalqaban Iddoo baay'ee deemuudhaan ibsaa kennu. (Isaayyaas, 2013f,73)

Waraabbiin armaan olii kan mul'isu, J/Taaddasaan “erga Xaaliyaaniin biyya kan keessaa bahee booda gara biyyaatti deebi’anii huma waraana biyyaalessaa kan “biheeraawii xoor”jedhamu keessatti sadarka aangoo adda addaarratti ajejaa tahanii hojjechaa waan turaniif ciminaa fi dandeettii isaaniitiin sadarkaa Jeneraalummaa ga’uudhaan qondaaltota mootummaa kana keessaa tokko ta’uu danda’aniiru.isaanis walqixxummaa ilmaan namaatti kan amanan nama uumamaan beekumsa guddaa qabanidha. H/Sillaaseen guutummaa biyyaalessaarratti barnoota jalqabaa uummata barsiisuuf duula barumsa kana durataa’ummaadhaan akka gaggeessan filatan J/Taaddasaanis itti gaafatamummaa isaanii fiixaan baasuuf sochii yoo jalqabanuu,Ummanni hundi akka baratuuf sochii cimaa gochuu jalqaban. Iddoo baay’ee deemuudhaan ibsa kennu eegalan. Haata’umalee tattaafiin isaan taasiisan kanatti qondaaltota mootummaa akka itti hin gamadneedha. Dabalataanis, itti gaafatamummaa itti laatame ciminaan keessa bahuuf hojii isaani amanammuma ciminaan hojjachuu isaa nutti agarsiisa.Mootummaan ol’aantummaa kaabaa leellisu hawaasa Oromoo miidhuudhaaf, tattaaffii adda addaa taasisaa ture. Dhiibbaa kana keessaa barnoota akka hinbaranne taasisuuf Oromoota aangoo isaanii keessa jiran akka saba kana ta’an wallaaluudhaan iccitiin maryachiisaa turanii jiru. Keessumaa; J/Taaddasaa Birruu akka qaama isaanii ta’etti fudhachuudhaan fedhii gabrummaa hawaasa kanaaf qaban maryachisan. Barnoonni lammii hundaaf osoo hintaane qaama murtaa’e qofa akka baratuuf affaarsuun nimul’ata. Yaada kanas, hafeen armaan gadii ni akeeka.

Haata’ullee malee carraaqiin isaanii kun qoondaaltota mootummaa kanaa baay’ee yaaddoo keessa galche. Muummichi ministiraa Akiliiluu Habte Wald gaaf tokko galgala J/Taaddasaa mana isaatti affeeree utuu wajiin haasa’anii Akiliiluun akkas jedhe. Dhaga’i Taaddasa ati yefidel saraawitii amma jalqabne kana sababa godhattee ummata hundaan baradha jettee dadammaqsaa jirta. (Isaayyaas, 2013:f,73).

Xiinxala gocha baattoo siyaasaa irraa argateen J/Taaddasaan of mil’achuu eegale. Kunis, eenyuuf dhaabbachuu akka qabu, yaada isaa eenyuuf qooduu akka qabuufi hubachuudhaan qabsoo gama saba isaatiif taasisuutti naanna’e.

Jechi muummichi ministeraa Akilliiluu H/Waldi kun J/Taaddasaaf barumsa guddaa kene. Galgala sanaa kaasee ilaalcha badaa mootummaan nafxanyaa ummata Oromoo irratti qabu ifaati hubachuudhaan eenyuu wajjin dhaabbachuu akka qaban, maal gochuun akka isaanirraa jiru keessa deddeebi'anii yaaduu jalqaban. Kana booda saba isaanii Oromoof qabsaa'uuf kutatanii ka'an. (Isaayyaas 2013:f,74)

Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun J/Taaddasaan qabsoo hawaasa isaa gama barnootatti fiduuf taasifamu keessatti bakka ol'aanaa itti kennuun hawaasni kun barachuufi mirga guutuu qabaachuu isaa ifatti bakka hojiif deemutti mul'isuu eegale. Akkasumas, yaalii gita bittaatiin taasifamu hubatee qomoo ofii fi kanneen biroo qabsoo keessatti ija adda addaatiin ilaaluun eenyummaa fi ilaalcha namootaa adda baafachuu danda'eera. walumaa galatti, qabsoon kun akka galma gahuuf waldaa dhaabuun isaanii hafuun isaa kanaa gadiitiin ifoomee jira.

Tarkaanfiin duraa J/Taaddasaan fudhatan waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti jiru siyaasa keessa seenuu hin qabu'Garuu isaan sodaa tokko malee mirgaa Oromootiif qabsaa'uuf ejjennoo cimaa qabaniitti fufan Jibba sirna nafxanyaa kana barbadeessuuf mala dhahuu jalqaban. (Isaayyaas 2013:f,73).

Duula barnootaaf taasifamu keessatti gaggeessaan waldaa maccaaf tuulamaa kan ta'e J/Taaddasaan dhimma barnootaa qofa osoo hintaane bilisummaafi ilaalcha qajeelaa akka qabaatu gorsa kennaa ture. Kanas, jireenya gaarii jiraachuu irra darbee lammii ilaalcha gaarii akka qabaatuuf gorsa ol'aanaa laachuu isaa gaazexaa Addis Zaman wabeeffachuun addeeffamee jira. Kunis, qooda qabsoo keessatti inni qabu mul'isa. Bu'uuruma kanaan hafeen armaan gadii yaadicha ni ifoomsa.

Duula barumsa jalqabaa Yefidal saraawiiti jedhamu kanaaf hogganaa ta'anii yeroo hojjetan walquunnamtii uummata waliin godhan hundarratti bu'aa barumsaa fi bilisummaa ibsu. Fakkeenyaaf Hagayya 14 bara 1956 gaazeexaa Addis Zaman irratti akka barreefametti J/Taaddaasan uummata magaalaa Finfinnee ganda yekkaa yeroo dubbisan akkas jedhanii turan; Namni biyyaaf yaadu hundi ummati isaa jireenya gaarii akka jiraatu barbaada. Namni yaada qajeelaa qabu ofii isaatii duroomee lammiin isaa akka hiyyoomu hin barbaadu. Kanaaf namni barate mirga isaa gaafata. Namni hin baranne akka booddeetti hafuuni fi nama gadii ta'uunisaa

itti dhagahama. Gatii bilisummaa beekke mirga isaatiif kan falmachuu danda'uu nama barate qofa akka ta'ee hubachuun ni danda'ama.

Dargiin kaadiroota isaa hunda meeshaa waraanaa hidhachiisee ijoollee oromoo sabasaaniif qabsaa'an akka diinatti akka halagaa akkasummas akka lammii biyya ormaati lakkaa'uudhaan harka qullaa isaan isaani hambise.(Isaayyaas,)

Waraabbii kana irraa wanti hubatamu: Oromoota haqa saba isaanitif falmaan biyya ofii isaanii keessatti akka lammii lammaffaatti ilaalamuun ossuma balaaleffatamanuu qabsoo saba isaa bilisoomsuuf taasiisu irraa osoo boodetti hin deebi'in, bilisumma isaaf hidhaa, du'aa fi gidiraa gara garaa keessa jiraacha qabsoo isaani itti fufuun mirgaa isaanii falmaachaa dhalootatti dabarsaa turuu isaani nuhubachisa. Kanaafuu dhaloonni ammaas waa'ee ofii isaa fi saba isaa beekuun, sabni kun dhiibbaa akkamii keessa darbee akka as gahe hubaachuun gara fuulduraatti gahee isaa irraa eegamuu bahachuu akka qabatu, beekuun barbaachisaadha.

4.1.5. Xiinxala Haala Diinagdee

Diinagdeen dhimmoota utubaa biyyaa ta'an keessaa isaa angafadha. Gama Maarkistootaatiin ammoo, ta'iinsonni hawaasaan hawaasa keessatti uumamu hunduu diinagdee bu'ureeffatu. Kanaafuu, diinagdeen jiruufi jirenya ilma namaa waliin hariiroo cimaa kan qabuufi wanta bu'uura jirenya hawaasa sanaa ta'edha. Haala qabatamaa addunyaa keessa jiraannuu kana yoo ilaallu, namoonni umurii kamiyyuu gidduu jiranu diinagdee malee warraaqsa gaggeessuun rakkisaadha. Dammaqina hawaasa tokkoo arguuf qabeenyi dhuunfaafi waliinii daran murteessaadha.

Miidhaan gama diinagdeetiin hawaasa irratti mul'atu, gabroomuu saba tokkootiif sababa guddaadha. Kana jechuun, inni qabeenya qabu kallattii barbaadetti maqsuun itti fayyadamuu danda'a. Hawaasni diinagdeen hincimne taanaan, sirna siyaasaa addunyaa kanaa yoo fidanii itti haasa'an homaa hin fayyadu. Diinagdeen madda gabrummaafi bilisummaa ta'uu akka danda'uufi kana irratti dabree madda walitti bu'iinsa sabaa, biyyaafi addunyaa ta'uu mala. Kunis, qabatamaan addunyaa keessa jirru keessatti yemmuu biyyoonni qabeenya qaban isaan hinqabnerratti dhiibbaa adda addaa taasisaa jiran arguun keenya dhugaa hin haalamnedha. Yaada kana ilaalchisee, hayyuu Eageltan(1976:6) irratti akkas jedha. Form the economic structure of

asociety what is communily noun by marks has the economic base or infrastructure emerges and then surestructure certain froms of low politics a certain kind of state whose essential function is to legitimate the power of the social class owns the means of production.

Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti xiyyeeffannoon maarkistootaa bu'uurriifi caaseffamni isaa kallattiidhaanis ta'e alkallattiin dinagdee irratti ta'uu isaati. Ilaalchi hawaasummaa kallattiidhaan bu'aa hojii ogbarruu keessatti karaa qabiyyeefi unka ogbarruutiin kan tumsamudha. Bu'uurri caasichaas dinagdee yoo ta'u caasaaleen kanneen akka siyaasaa, artii, amantiifi seeraa sadarkaa 2ffaa irratti kan dhufan immoo dinagdeedha.

Oromiyaan dachee magariisaafi soorettii akkasumas, qabeenya uumamaatiin kan badhaate dha. Qabeenyi ishee kun saba Oromoo mitii kannen birootif kan gahu ture. Haata'uu malee, qabeenya Oromiyaan qabdu kanarraa Oromoon faayidaa argachuu qabu argachuu hin dandeenye. Kun immoo, saamicha diinaan taasifamaa tureefi ammas kan jiru irraan kan ka'eedha. Bifuma kanaan waa'een diinagdee saba Oromoo bara mootummoota asoosama kana keessatti caqafameetiin maal akka fakkaatu waraabbiin asoosamicha keessaa fudhataman bifa kanaa gadiitiin ilaalamee jira.

Nuti cubbuu maalii hojjannee harka alagaa irratti kufnee? nuti abaarsa akkamii qabna? jetti Aadde Taliileenis yeroo aartu. Jireenya ishii gara boodatti deebitee yaaduudhaan. Ilmi ishii Jaarraan lafa isaanii Giraazimaachiif kenname kana irratti guddate. Haati isaa Taliileenis osoo isiif hindarbin waggaa dheeraa jiraattee dulloomtee duute. (Isaayyaas, 2013:10).

Waraabbii armaan olii akka mul'isutti, baroota hedduu Oromoon qabeenya uumamni lafa isaa badhaasee irraa fudhatamee nafxanyootaaf qottuu akka ta,u dirqame. Dubartiin Oromoo nafxanyaaf nyaata qopheessiti, qoraan cabsiti, midhaan daakti. Inni dhiiraa immoo niqotaaf gombisaa midhaan nafxanyichaa keessatti kuufamu hojjetaaf, Horii tiksaaf, walumaagalatti hojii nafxanyichi isa ajaje hunda hojjechuu banana yoo barbaade gurguruu, hidhuu, reebuu, ajjeesuu fi lafa sana irraa ari'uuf mirgi kennameeraaf. Waan kana ta'ef, kan ofii hojjetetti dhimma bahuun ulfaataa akka ta'eefi mirga hojjachuu malee kan fayyadamuu akka hinqabne mul'isa. Kunis, dhiibbaa mootummootaa adda addaa walitti daddabarfamaa ture ta'uu isaa nutti hima. Fakkeenyaaf, "Nuti cubbuu maalii hojjannee harka alagaa irratti kufnee"? nuti abaarsa akkamii qabna?" jetti... Haalli kun saba guddaafi beekamaa kanatti jireenya hadheessuun qabeenya

hawaasichaa saamanii duroomu qofa yaaduudhaan guddinaafi badhaadhina dhuunfaa irratti xiyyeeffatu malee, rakkinni saba kanaa dantaa isaanii akka hintaane kan agarsiisudha.

Oromoonni bara mootummoota darbanii lafa isaanii irra haa jiraatan malee qabeenyi isaan hojjatan kan qaama cunqursaati. Sirna ittiin bulmaata dabaa kana hawaasa Oromoo ittiin gabroonfata ifaan ifatti qajeelfama baafachuun hawaasicha miidhaa turanii jiru. Fakkeenyaaf, “Nafxanyooti biyya Oromoo weeraranii lafa irraa fudhatan irra Oromoo jiraatu tokko irratti tarkaanfii fudhachuuf, Atsee Minilik irraa labsiidhaan kennameeraaf.” Himni kun kan agarsiisu Oromoonni lafa isaanii irraa fudhachuun qofti gahaa akka hintaaneefi tarkaanfii isaanirratti fudhachuufis seerri baafatan akka jiru mul’isa. Kana galmaan gahuufis, ciicachaa akka xiinsammuun isaanii miidhamuufis taasisaa turuu isaanii waraabbii armaan gadii ni mul’isa.

Nafxanyoonni lafa irraa fudhatanii ofii abbaa lafaa ta’anii Oromoon Harargee garuu nafxanyoota lafa qotanii akka jiraatan dirqaman.Tuffiin isaanii kunis, qabeenyaan caalanii miti. Lafti isaan gooftaa irratti ta’an lafti magariisni kan Oromooti. Nafxanyooti biyya Oromoo weeraranii lafa irraa fudhatan irra Oromoo jiraatu tokko irratti tarkaanfii fudhachuuf Axee Minilik irraa labsiidhaan kennameeraaf. (Isaayyas, 2013:11).

Qabeenyi dhabuun madda gabrummaafi cunqursaa ta’uun isaa beekamaadha. Kana raawwachuuf ammoo, hawaasa laftiifi namni isaas hojiif ta’u hakuucuun filannoo mootummoota gabroonfataati. Jabaatee kan hojjate jajjabeessuun osoo barbaachisuu qabeenya irraa fudhachuufi carraa lubbuun jiraachuu isaani dhoowwachuuf yaaluun amala mootummaa nafxanyaati. Sabaafi sablammoota Itoophiyaa carraan kun isaan qunname keessaa Oromoon isa angafaati. Kunis, sammuu waa hubatu waan qabaniif karoora cunqursitoootaa dursanii hubachuu danda’uu isaaniitini. Akkasumas, amala fakkaatanii buluu, dhugaa dabsuufi nama miidhuu waan hinqabneefidha. Qabeenyi Oromootaa qaama biraatiif akka galu taasisaa turanii jiru. Kanaafuu wanni harka isaanii jiru badaa miti.

..... Gaashee! gommaan hojjatameera birriin ittiin hojjachiise natti kennee! jedhe. Gommaa atoobisii Waariyoo ture. Waariyoon konkolaataa tuyootaan kun Dargiifi kaadiroonni isaa utuu irraa hinfudhatin yoona gahuu isaatti baay’ee dinqisiifate. Harargee kana keessattis taanaan kaadirooti yookiin hoggantoonni Dargii irraa fudhatu jedhee yaadda’e. (Isaayyas, 203:207)

Oromoota bara H/Sillaasee aangoo qabaniif ergamaa turanis mootummaan dargii carraa dhaalaa akka qabu ifatti labsatee jira. Namoota carraan kun qunname keessaa Obbo Wariyoon konkolaachisaa Raas geetahuniifi dhaabbata biyya alaas hojjachaa kan ture qabeenya isaanis ta'ee dhaalaan argatan itti fayyadamuuf sodaa guddaa keessa ture. Carraan ilmaan Oromoo bara baraan yaaddoo qabeenyaa irra darbee lubbuu gabbaraa akka jiru hafeen kanaa gadii nimul'isa.

“Dhiifama jaallee Difaabbaachoo maaloo sanyii keenyatu hojjaa dhedheeroo waan taaneef malee intallikoo kanaaf hin geenye. Bakka isheetti birriin sii kenna. Birrii 10,000” jette. Akka atijettes utuu hin ta'in birrii 50,000 fida. Isas hardha hamma sa'atii 12aatti harka koo keessa galchuu qabda” (Isaayyaas 2013:f,254)

Akka waraabii armaan olii irraa hubannutti; Namoonni tokko tokkoo yeroo gara aangootti dhufaan, carraa argateen horii kuufachuuf karoora qabata. Kanas kan raawwatan karaa seera qabeessa hin taaneen qarshii argatanii duroomu fi akkasumas, waan fedhii isaani guttachuuf tattaaffii isaan taasisan argina. Nuti warraaqtoti sirna diimokiraataawaa kan ta'e Sooshaaliizimii ijaaruuf kan qabsoofnu qabsaa'ota haqaati. Kayyoo kanaafis nutti ijoolleen warraaqsa hanga wareegama lubbuutti qabsoofna jechaa birri nama gaafachuun faallaa kayyoo qabataanii ka'anii tahuuisaas ni argina. Kun immoo gaarii akka hintaane, namoonni yeroo aangoo argataan birriis akkasumaas waan fedhaa is guttachuuf gochaa isaan raawwachaa turan ta'uu nu hubachisa. Egaa baruma baraan sabni Oromoo qabeenyaa gidiraa meeqaan argaate illee akka itti hin fayyadamne namoonni aangoo qaban yeroo harkaa fudhatanii ofii duroomu barbaadani fi fedhii dhunfaa isaani guttachu yoo yaalan argina. Kun immoo guddina biyyaafis ta'e, kan nama dhuunfaa irratti miidhaa inni qaqqabsiisu guddaa ta'uu isaa hubanna.

Lubbuun shambal Sabsibee keessaa ba'uu erga hubatan booda boorsaa surree isaa keessaa warqee qomaa. Lootii gurraa, Qubeelaa fi shawaaliyaa biyya alaa baay'iee akka akaayii keessaa haammaaranii baasan. Boorsaa jaakkeettiisaa keessaa sa'atii harkaa garaagaraa fi birrii kuma baayi'ee keessaa baasan. “ Ashkoo kana hundumaa fudhadhu” ittiin jette. (Isaayyaas 2013, f.130)

Akka waraabii armaan oliitti; Namoonni tokko tokkoo gara aangootti yoo dhufan aangoo saanattti fayyadamee karaa gabaabaa ta'een duroomuuf carraa argateetti fayyadamuuf yoo yaaduu kaaniif milkaa'ee kaaniif immoo utuu hin milkaa'in hafa ta'aa. Haalumaa kanaan fkn

shaambal Sabsibee kan jedhamu kun qarshii baay'ee argatee duroomuufi waan fedhii isaa guuttachuuf yoo yaadu lubbuu isaa dhabee jira. Kunis kan ta'eef, toofta namfakkiin Fiqirjedhamtuu rakkoo inni irraan gaa'uuf yaadee fashaaleesiiten. Kanaaf namni aangoo isaatii amanuun addunyaan kun akka isaa harka jirtutti yaadu miidha irraa akka bu'u nu hubachisa

“O! O! O! miliyoona tokko qofa moo Lubbuun tokko birrii miliyoona kudhan caala kana hin beektuu atii? Haata'u egaa birrii miliyoona kudhaan qopeessi”.(Isaayyaas 2013,f126)

Akka Waraabbii armaan olii irraa hubanutti; lubbuun nama maallaqaan hin bitamu. Haata'uu malee warri aangoo qaban carraa sanatti gargaaramuun duroomuu fi aangoo isaaniitiin hawaasa irratti miidhaa garaagaraa yoo geessisan argina. kun immoo dinagdee hawaasaa irratti miidhaa geessisuu danda'a.

Daandiin konkolaataa Finfinnee ka'ee Naqamtee keessa darbee Gimbii ga'u malee daandiin konkolaataa bonaa fi ganna koonyaalee, aanotaa fi magaalota kutaa biyya Wallaggaa walqunnamsiisu hin jiru. Magaalota Wallaggaa keessaa magaalaa bishaan dhugaatii qulqulluu qabu hin jiru. Keessumaa humni ibsa fincaa'aa keessaa burqee magaalota kutaa biyya sanaaf ifa kennuu waakkatee ormaaf tajaajila kennuunsaa nama gaddisiisa. Ofiif dukkana keessa ta'ee ormaaf tajaajila ifa kan laatu wallaggaa qofadha. (Isaayyaas, 2013:144)

.Bu'uraaleen misoomaa dhimma diinagdee kutaa hawaasaa kamiifuu angafa ta'anidha.

Oromiyaan oomishuun ala carraa akkanaa waan argatte hinfakkaattu. Kutaaleen Oromiyaa guutuun mudannoo kana yoo qabaataniyyuu asoosaan asoosama kanaa kutaa wallaaggaafi misoomaa ishee hamma tokko nutti himee jira. Keessumaa wantoota bu'uura jireenyaa kan akka bishaanii isa uumamni badhaase malee kan hinjirreefi daandiinis dhibuu isaa bal'inaan addeessee jira. Kanarra dabruun burqaa bishaan isheetiin humni ibsaa yoo uumamu irra darbee iddoo biraatiif ifuun isaa dukkana, qabeenyaafi gabrummaatiin jaamaa jechuu fakkaata. "...humni ibsa fincaa'aa keessaa burqee magaalota kutaa biyya sanaaf ifa kennuu waakkatee... Ciroon kun kan agarsisu maddi qabeenyaa Oromiyaa osoo ta'ee jiru qabeenyichatti qaamni fayyadamu kan biraa akka ta'e nuu hubaachisa. Haaluma kanaan hireen Oromootaa ifaajeedhaan ala fayyadamummaa irratti mirga Rabbiin laateef kan irraa mulqame ta'uu hafeen kanaa gadii ni ibsa.

Kana malees kutaaleen Oromiyaa qabeenya uumamatiin badhaatee osoo jirtuu bu'uraalee misoomaa kan hinqabne akka ta'e ibsa. Dhimmoota bu'uuraa kan jedhaman keessaa bishaan angafa osoo ta'ee jiruu, bishaan dhugaatii qulqulluu dhabuu, daandiin konkolaataa bonaa gannaa koonyaalee aanotaafi magaalota walqunnamsiisu dhibuunifi humni ibsaa burqaan isaa Oromiyaa ta'ee osoo jiruu Oromoonni carraa kanarraa hiree dhabuun nimul'ata. Keessumaa kutaa Wallaggaa carraa kanaatti akka fayyadama hin ture nutti agarsiisa.

Naqamteen akka Finfinnee fi Adaamaa miidhaguu didde. Daandiin konkolaataa magaalaa keessaa dhoqqee, Qorqorroon manneetii ligidaa'anii gurraacha'aniiruu Manneetiin dhagaa kara irrattii muldhatan waajjiraalee mootumaa adda addaafi mannee amaantaa, akkasumaas mana barumsa sad. Iffaa fi lammaffaa irra kan hafee Manneetiin jireenyaa viillan tokkollee hin mul'atu. (Isaayyaas, 2013:f, 134)

Waraabbiin armaan olii: Magaalaa guddaa kutaa wallaggaa taatee kana fakkaachuun ishee sirna mootummaa zawudii kutaa biyyaa sana bitaa kan turan hundi akka ishee miidhaan hubanna. Kanaafuu, lammii biyya sanaa ta'aanii kan biyyaf hin yaadne faayidaa ofii fi jireenyaa qannoo keessa jirachuuf ofii guddaachaa saba gidirsuu irraa kan hafee kan waa'ee guddinaa biyyaa fi lammiif yaadu akka hin jirree hubana. Mootummonni bara sana ta'ee warrii jarraaf eergamanu waa'ee aangoo isaanii tursiifachuu malee waa'ee uummataa dhimmaa kan hin qabaanne ta'uu isaa agarsiisa. Dhaloonni amma kana irraa waa huubatee carraa argatee kamittuu fayaadame guddina biyya fi saba isaatif quuqamuu akka qabu asoosama kanairraa hubachuun dandaamee jira.

4.1.6. Xiinxala Haala Ilaalchaa

Ilaalcha kan jennu karaa lamaan ilaaluu dandeenya. Kunis, ilaalcha hamaafi gaarii jechuun qooduu nidandeenya. Kunis, haala qabatama bara asoosamichaafi yaadxina qorannoof filatameetiin ilaaluun barbaachisaadha. Gama Maarkistootaatiin ilaalchi akkaataa jiruufi jireenya yeroo irratti hundaa'uudhaan garee hawaasaafi ilaalcha isaan qaban maal akka ta'e hubachuu irratti kan xiyyeeffatudha. Yaadxinni maarkisizimii haala jiruu hawaasaa keessatti dambiin ittiin bulmaataa qabsoo gitaafi jijjiirama isaanii akkamitti akka ibsu bu'uura.

Maarkistoonni yaada ilaalcha jedhu karaa adda addaatiin hiika kennaniiruu. Ngara (1985) yaada ilaalcha jedhu yoo ibsu, "Ideology refers to the dominant idea of an epoch or class with regard to politics and low morality, religion art and science" jedha. Akka hayyuu kanaatti, "ilaalchi yaada gareewwan olaantummaa qabani kanneen siyaasaa, seera amantii saayinsii waliin wal qabatan akkasumas yaada gareewwan aangoo qabaniin too'atamu dha" jedha.

Haala namni tokko garee isaa keessatti ittin jiraatu, safuu, yaada fi fakkaati hawaasicha keessatti qabu kan walitti fiduu fi yaada dhugaa hawaasa keessaa jiruu yookaan beekumsaa hawaasaa guutummaa guutuutti ittiin jala dhokatudha jedha.

Haala kanneen irraa ka'uun ilaalchi yaada sammuu namaa kan dhugummaa addunyaa keessaa jiraniin walitti isaan fidudha, jechuun ni danda'ama. Wanti qeeqa maarkistoota hundaa wal fakkeessuu garuu xiyyeeffannoon isaanii ilaalcha ta'ee bu'urrii caasaa olaanaan isaan irratti hundaa'an haala diinagdee ta'u isaati. Haaluma kanaan ilaalchi garee caasaa olii keessaa tokkoo fi faayidaan isaas kan garee caasaa olaantummaa qabaniif akka seera ittiin bilmaataattii gar gaaruudha jechuun nidanda'ma

Ilaalchi yaada gareewwan olaantummaa qabani kanneen siyaasa, seera, amantii fi saayinsii waliin walqabatan akkasumas, yaada gareewwan aangoo qabaniin too'atamudha. Bu'uruma kanaan, sirna yeroo sanaa biyyi kun ittiin geggeeffamaa turte, ilaalchisee taateewwan asoosama kanaa keessatti tooftaa fakkoommiifi tooftaa namfakkiilee haasofsiisuutiin ball'inaan calaqqisameera 'Oromoota keessaa maqaa gita hojiitiin kan waamamu Oromoota Harargee qofadha. Nafxanyoonni "Qottuu" ittiin jechuudhaan isaan waamu.Silaa maqaa isaani isa sirrii tahe Oromoo jedhanii ittiin hinwaamu.' (Isaayyas, 2013:11).

Ilaalchi gitni bittootaa hawaasa Oromootiif qabdu baay'ee kan nama ajaa'ibuufi daran hammeenyummaa warra sanaa kan mul'isuudha. Kanas, hafeen armaan olii madda ragaa guddaadha. Keessumaa hawaasa Oromoo hunda maqaa inni jibbuun kan waamtuufi Oromoota Harargee ammoo, maqaa dabalataa 'qottuu' jechuun kan waamtudha. Kana jechuun isaanii qotanii isaan nyaachisuun itti hanqannaan tuffii hawaasa kanaaf qaban akka ta'e hafeen armaan olii nimul'isa.

Ilaalcha yemmuu jennu gita bittootaatiin kan mul'atu qofa osoo hintaane bitamtoonni qaawa argatanitti gargaaramuun yaada ofii yemmuu calaqqisiifatanis ni argina. Oromoonni walii

isaaniitiif iddoo akka qabaataniif namoonni dhuunfaan yookiin gareen carraaquun ilaalcha hawaasa isaaniitiif qaban calaqqisiifachuunis asoosama kana keessatti nimul'ata. Askeessatti Sandaabaan tokkummaan isaanii akka cimuufi Oromoota darbee darbee alagaaf walkennuuf yaalan harka isaanii akka sassaabbatan waan barbaadeef ilaacha isaa mul'isuun "Yoomi Laata" kan waliif iddoo qabaannu jechuun miira tokkummaa Oromoota keessoo isaa jiru ibsate. Haalli kun ammoo sirna bara sanaafi kan isaan itti cehan keessa akka jiruufi Oromoonni dararaa adda addaa keessa darbaa kan jiran waan ta'eef tokko tokkoon dhala Oromoo gocha kana dhaabatee itti yaaduun furmaata walii kaa'uu akka qabu waraabbii armaan gadii ni agarsiisa.

"Qaawwaan nugidduutti hin uumamin. Qilleensi nugidduu hingalin. Nuti walii keenya dabarsinee diinatti kennuu hinqabnu.kan dabre irraa haabarannuu.Goobanooti sirnoota darban keessaa har'as jiru. ...Yoomi Laataa jechaa jiraachuu hinqabnu....Yoomi laataa? kan hidhaa sibiilaa ittiin hidhamne keessaa itti baanu. Deebisaa ofgaafadhaa." jedhee haasaa isaa xumure Sandaabaan. (Isaayyaas, 2013:152).

Akka waraabbii kanatti :Nafxanyooti kan waggoota dheeraadhaaf Oromoota bitaa kan turan sababaa tokkummaa dhabuu keenyaa fibu'aa yeroof jecha kan dabarsanii harka diinaatti wal kennaa turaan jiraachuu isaanifi bara sana oromoonni hidhaa sibiilaa keessa turuu isaaniiti; kana jechuunis mirga afaan ofiittin barachuu falmaachu, nagaan bahaani galu, bilisummaan biyya ofii keessa jiraachuun kan hin jirre ta'u isaatti. Kana keessa bahuun kan danda'aamuu immoo yoo tokkummaa qabaneef fi waliif amanamoo tanee qofa akka ta'e nu hubachisa. Kanaaf immoo saba kanatti gabrummaa dheeressuu irraa waliif kallatti kennuun isa darbee irraa barachuun akka qabnu kan jedhu ergaa guddaa dabarsa. hafeen armaan gadii nimul'isa.

Baradha jechuun gaariidha. Nuti ammoo, ummata Gaallaa kana wallaalummaa keessatti tursinee Waggoota dhibba of duubatti yoo hambisne malee isaan galaanadha. Nuliqimsuu dandau waan kana ta'eef yeroo waa'ee barumsa dubbattu kanas yaadachuu fi hubachuu qabda. (Isaayyaas, 2013: f,74).

Qabsoo barnootaaf taasifamu keessatti qaamoleen gita bittaa ilaalcha hamaa yoo qabaataniyyuu, ilaalcha kana dhabamsiisee lammii barateefi mirga ofii gaafatu horachuuf barnoonni furtuu ta'uun ilaalcha J/Taaddasaati. Keessumaa bilisummaaf bu'uurri barnoota akka ta'e amana.

Lammiin isaa wallaalummaa keessatti akka hafu namni barbaadu garuu inni nama sammuu xuraa'aa qabuudha. Barachuufi utuu hinbratin hafuun akka nama walcaalchisu dagachuu

hinqabnu. Namni baraate mirga isaa gaafata Namni hin baranne booddeetti hafuun isaafi namaa gadi ta'uun isaa itti dhagahama. Gatii bilisummaa beeke mirgi kana jechuu kan danda'u nama barate qofadha. Asoosama kana keessaas ilaalchi jiru kanumadha.

“Maqaa ijoollee eenyuufi eenyu jettanii ?” Waariyoonis;” Alkumaafi alkitil jedhe moggaaseera. “jedhe . Liidiyaanis “Ayii! Taaxiboo ciqaa ! Ati ammallee hin qarroomne !Ijoolle babbareedoo kana fafakkaatan maqaa fokkisaa akkasiittii moggaastaa?Lakkii maqaan isaanii kana hin tahu .kaffaale fi Dubbaalee,ykn caarewu fi shaarewu ,ykn Naadewuufi Naaxewu ykn Fallaaqaa fi Zallaaqaa ykn Asmaaree fi Amaaree ykn Ashebiriifi Amberbir ...”Jechuudhaan maqootaakkf,tarreessan. Itti fufaniis” Ani gama kootiin amaareefi Asmaaree jedheera. “Jechuudhaan moggaasan.(Isaayyaas 2013:f,65)

Nafxanyoonni ilaalchi Oromootaaf qaban dhala nama ta'uun isaanii akka of gaafannu kan nama taasisudha. Kanas , moggaasa afaan ofiitiin ilma ofiitiifis taasifamu irrattillee dhiibbaa uumaa turuun isaanii ni yaadatama. Dabalataanis, qaamni Oromummaa himatu akka dhoqqeetti yoo giiftiin ilaaltu agarra. Maqaan Oromoo nama bareedaadhaaf akka hinmalle taasistee haasofti. Ilaalchi gama kanaan jiru dhimma amantii wajjiinis hidhata cimaa qaba. Kanumaaf Giiftiin Sandaabaa dur yeroo Harargee dhufe maqaa jijjiruun kiristinnaa kaasan.Haalli kun ilaalcha gareen bara sana aangoo irra jiru oromootaaf qabu kan agarsiisudha.

4.1.8. Dammaqinaafi Gita bittaa

Dammaqina kanneen jennuun ogbarruu sana keessatti qabsoo gabrummaa keessaa bahuuf kan hawaasaan taasifame kan barreessaadhaan kalaqamaniidha. Kunis, gita isaan bitu sana wajjiin wal'aansoo taasifamu jechuudha.

Biyya Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti dhiibbaan kara dinagdee,hawaasummaa, siyaasaa aadaa afaanii, amantiifi k.k.f dhiibbaafi cunqursa uummata kana irra gaha ture amanaa kan hin jedhamneedha.Bu'uuruma kanaan uummatni oromoo akkuma hawaasa kamiyyuu dhimmoota bulchinsaa fi siyaasaa jaarraawan darbanii hanga ammaatti yoo ilaaltee seenaa jaarraa dheeraa mataa isaa akka qabu ta'uun isaa beekamaadha. . Haala bulchinsaafi siyaasaa uummata oromoo ilaalchisuun ,Asmaron 2006;128)akkas jedha, “Historically Gadaa has been seen as better method of governing than other forms in the region. The gadaa system was oppressive in practice though proclaimed as democratic and just in oromo oral tradition.

Yaada kana irraa kan nuuti hubannu, uummanni oromoo jaarraa tokkoon duratti sirna bulchinsaa fi siyaasaa kan mataa isaa qaba ture;innis sirna Gadaa jedhamuudhaan beekama. Sirni kun immoo Sirna bulchinsa biyyatti sirnaa dimookiraasii akka ta’etti kan amanamu dha. Haaluma kanaan sirni bulchinsaa siyaasaa uummata oromoo kun bu’uura sirna dimokiraasii kan addunyaa yeroo ammaa kana faarsaa jirtuu fi kan biyyoonni qarooman itti gargaaramaa jiran akka ta’etti kan fudhatamu dha. Angoo siyaasaa oromoo sirna Gadaarraa qabaachaa ture akka ukkaanfamu gochaa inni raawwate hamaa ture. Kanarraa wanti hubatamu oromoon aangoo diinagdee lafa isaa aangoo hawaasummaa aangoo siyaasaa fi eenyummaa isaa akka dhabu taasifamee kan ture ta’uu saba oromoo akka saaxila ture hubachuun ni danda’ama

“Walaka jaarra19ffaarratti bara Minilik mootii shawa turan Atsee Yohaannis 4ffatiin ta biyyoota Absiiniyaa gara kibbatti argaman tokko tokko waraanuuf duulan Tibbi kun Oromootti Kallatti sadiin,Mootota Absiiniyaa (Atsee Yohaannisfaa irratti)tibba lola waraanaa kaasanii weeraran ture Karaa kaabaa Atsee Yohaannis OromootaRaayyaa, Yejuufi Walloo irratti duula gabroomfannaa gocha turan.Bara Mootummaa Atsee Yohaannis duras uummattooti oromoo, Afaar, Sidaamaa, Somaalee fi k.k.f tasa sirna bittaa Absiiniyaa jalatti bitamanii hin beekan (“Gadaa meelbaa 1988 A.LAwu) (Isaayyaas,2013:f,6)

Waraabbii kana irraa wantii hubannu:Oromoon baroota hedduu dhiibbaa akkanaa baachaa turuun maddoonni adda addaa ni akeeku .Itiyoophiyaa amma ijaaru keessatti gaheen oromoo qooda guddaa akka qabu beekamaadha. Gama siyaasaatiin ta,ee nageenyaa biyyaa tiksuu irratti mootimmoonni durii hammaa har’aatti kan itti fayyadamaa jiran ta’uu waan haalamuu miti.Humna mootichaa cimsuuf, waraanni oromoo gara Yejuu,Walloo fi Raayyaa irraa gara Goondaritti waan dhufeef loltuun lafoo fi fardaan Goondar keessa bal’inaan akka qabate agarsiisa.Kaayyoon guddaan uummanni oromoo qabsaa’eef duudhaa oromoo duraanii kan ta’e sirna Gadaa deebisuu, saba oromoo bilisoomsuufi oromiyaa olaantummaa alagaa jalaa baasuu jijjiirama bu’uuraa dinagdeefi siyaasa oromoo bilisummaa walitti fufaa ta’e fiduu akka ta’uu isaa nuu hubachisa.

Maqaa giiftii Liidiyaan moggaasan fudhachuu isaanii mirkaneeessuuf keessummooti sirna kana irratti argaman harka waliitti rukutuudhaan ibsan. Garuu akka aadaa Oromoo Booranaatti kan

maqaa moggaasu dhiira malee dubartiin hinmoggaastu. Haata’ullee malee, sirna raawwatamaa jiru, Aadaa Oromoo tiin ala waan ta’eef Waariyoofi Siintolinnaan akkumma garbiittiin Iddoo naa dhukkubuu utuu hin ta’in iddoo gooftaan jedhaan na kooba “jette ta’an.Oromoon aadaa nyaataa, Sirna moggaasa maqaa walumaa galatti dhimmoota jiruuf jireenyaa gutumatti kan hammatu aadaa boonsa ta’ee kan qabu dha. Akkumaa armaan oliitti hubanutti sirna moggaasa maqaa dhala Oromootiif taasifamu irraatti qaamniaangoo qabu dirqamuun harka walitti rukutuu yoo mirkaneessaniyyuu,barasana kan mammaaksa sana wajjiin deemu “Iddoo na dhukkubuu utuu hin ta’in iddoo gooftaanfaa jedhaan na koobaa”jedhutti gargaaramuun Waariyoo fi siintolinaan maqaa giiftiin moggaafame akka hin fudhaanne mirkaneesse.

“... Warri kee waan nyaatanillee kan hin qabne obboleettii koo ulfeessuun kee yakka guddaadha.Isheen giiftii keedha. Ati ashkara miilla ishee dhiqxuu malee kan ishee wajjin sireeti ol baatu hin turre. Silaas sanyiin xinnoo xinnoo waan ta’eef kabajaa warra sanyii guddaa eessatti beekaa?xinnootu nama xinneessa. (Isaayyaas 2013:f,81)

Waraabbii kana irraa wanti hubannuu, jalaallii kun sanyii hiyyeessati kun immoo sanyii sorreessati jedhee hin filatuu haata’uu malee warrii yeroo qabanuu fi qabeenyaa oromoo kan ofii godhaachuu ofii soromaanii oromoo sanyii hiyyeessaa sanyii xinnoo jechuun saba oromoo dacheen ishee waan hundaa magarsiituu saba ishee irraa darbitee kan biraatiifu kan taatuu akkana jechuun isaani ilaalcha badaa sirnii sun oromoof qabu kan agarsiisuu dha.akka yaada isaanitti saba oromootii n xinnoo jechuu isaani ammo saba guddaa abbaa lafaa abbaa qabeenyaa of gochuun of tulummaa isaani agarsiisa, sanyii xinnoo fi guddaa kan jedhamuu haala aangoo bara sanaatiin malee silaa saba oromootu warraa sanyii guddaa jedhamaa ture,dhaloonnii itti anuu waa’ee ofii beeku akka qabu nu huubachisaa.Oromoon durumaa kaasee hiyyeessa hin turree qabeenyaa ofii isaa kan ta’ee uumamani kan kenneef irraa fudhachuudhaan kan jarrii oomishaanis qoodachuudhaan ofii isaanii jireenyaa gaarii jiraacha saba kaan garuu akka hojjetaa isaanii ta’aan gochaa turuun dhaloonni boodaa kun garbummaaf jilbeefachuu diduun lubbuu isaa wareeguu fi aarsaa guddaa kaffaluun hanga tokko fooyyee qabachuu isaa nu hubachisa.

Mo’amuu Xaaliyaanii booda Oromoon Finfinne fi Harargee mootummaa Oromoo of danda’e (bilisa) tokko hundeeffachuuf mootummaa Ingilizii deggeersa gaafannaan deggeersa irra dhaban mootumman Ingilizii garuu H/sillaasee angoo mootummaatti

deebise. Haala kanarraa ka'uudhaan gootonni oromoo Gumaa Limmuu fi Iluu Abbaa booraa fincila guddaa kaasan. Sochiin siyaasaa biyyaa jaallattoota oromoo jabaataa deeme. (Isaayyaas, 2013, f 85)

Ummati Oromoo mirga isaa sarbame deebifachuuf qabsoo gitaa gaggeessa turuun bu'aa bahiin isaan keessa hin darbinee hin jiru. Kunis Oromoon Finfinne fi Harargee keessa jiraatan Mootummoota Oromoo of danda'e (bilisa)ta'e hundeeffachuuf, mootummoota gamtoomanitti akka dhiheessuuf yoo gaafatan warra deggarsa gaafatee diduun mootumma H/Sillaasee angoo mootummaatti yoo deebisuu argina. Kunis kan agarsiisu, Mootumman Ingilizii kunis qabsaa'onna oromoo akka boodeetti deebi'aniifi qabsoo isaanii dadhaabsiisuu yaadanitti. Haata'u malee qabsaa'onna Oromoo immoo Baalee keessatti riphanii lolaa akka turan hubachuun ni danda'ama. Kunis kan mul'isu qabsaa'onna oromoo gita bittaa cabsuufis gargaarsa waan dhabeef waraanaas sodaate qabsoo isaa irraa akka boodatti hin deebinee nu hubachisa. Ragaan waraabbii armaan gadii keessaa fudhatames kanuma agarsiisa.

Waldaan maccaafi tuulamaas yeroo gabaabduu keessatti ummatan sababii amaataameef bara 1959 Mootummaan H/sillaasee akka hinsochoone uggureen. Hoggantoota waldichaas sababii kanaan ajjeefamanii baay'een ammo hidhamuu danda'aniiruu. Qabsoo riphanii loltoota qabsaa'ota Oromoo waggoota saddeetiif Baalee keessatti godhaa turan gargaarsa ogeeyyota kutaa waraanaa Ameerikaaniitiin rukutamuu danda'e. (Isaayyaas 2013, f 85)

Barreessaan asoosama kanaa jabina Oromootaa bifa kalaqaatiin haa kaa'uu malee, gootonni bara sana guyyaa guutuu qofaa lolan kutaalee Oromiyaa keessaa kan akka Elemoo qilxuufi Waaqoo Guutuu jiraachuu isaanii dhaloonni amma jiru akkaan nibeeka. keessumaa mootummaa Soomaaliyaa irraa boombii farra namaa argataniin deggeeramaa naannoo iddoo Gola Abeed jedhamu irratti humna waraana sirna nafxanyaa irratti balaa guddaa irraan ga'uudhaan sochoosuu dhorkan. sababii kanaan xayyaaraan akka rukutaman mootummaan nafxanyaa kun yeroo murteessu jeneraal Waaqoo rebicha xiyyaaraa kan caljedhaanii ilaaluurra toofta adda ta'ee uumachuun rebichaa xayyaaraa sana jala baa'u isaani oromoonni bara sanaa meeshaa qofaan osoo hin taane toftaan ille akka lolaa turan nuhubaachisaa.

Hoteellishee “wiirtuu waarraa waanbadootaa Ye shiftoochi maa’ikel ittiin jedhaniiti. Sababiin isheen itti hidhanis miseensoti koree hojii raawwachiisaa waldaa qonnaan bultoota kutaa biyya Harargee hoteela ishee keessaa nyaatan baay’een saanii qabsoo mirga oromoof bosonatti waan galaniif ishee shakkuudhaan ture walquunnamtii qabdi jedhani. (Isaayyaas 2013,f.215).

Nafxanyooni bara baraan angoo walitti daddabarsaa bifuma wal fakkaatuun ummata oromorratti tarkaanfii wal fakkaatu fudhataa turun isaani beekama dha.Siintolinnanis kan qabamtee hidhamte hoteellishee “Wiirtuu warra Waanbadootaa,Ye shiftoochi maa’ikel” ittiin jedhaniiti.Sababiin isaan ishee itti hidhanis miseensoti koree hojii raawwachiistoti waldaa qonnaan bultoota kutaa biyyichaa hoteela ishee keessaa nyaata nyaachaa turaan qabsoo mirga oromoof bosonatti waan galaniif. Qabsoon waraanuu qofa osoo hintaane bakka hidhattoonni marii itti gaggeessaniifi iccitii isaanii eegaan akka madda qabsootti fudhatama. Kana keessatti hoteelli Siintolinnaa bakka guddaa qaba. Gita bittaa fonqolchuu keessatti iddoo walgeettii jara kanaaf taasisuun qabsoo Oromoonni dhiiraaf dubartiin gabrummaa hammaataa jalaa bahuuf taasisaniidha. Hafeen armaan gadiis kanuma kan mirkaneessuudha.

“...akka bosonuu daggalaa ammaa ammaa qabamnee ajjeefamna jennee hamma yoomitti birdhaachaa irriba malee jiraannaa? Yaa rabii! Kun yoomi laataa kan nurra hafuu? Yaa rabbi! Barri walabummaan jiraannu yoomi laataa?yaa waaqayyoo waanjoo garbummaa kana jala kan nu baastuu?”(Isaayyaas 2013:f,86)

Mootonni Nafxanyoota bara baraan aangoo walitti daddabarsaa bara jalqaba warraaqsaan kan ga’an bifuma wal fakkaatuun uummata Oromorraatti tarkaanfii wal fakkaatu fudhachuudhaan akka ture beekamadha. Dargiinis itti fufee Dhiphummaa sabaatiin shakkamtaa, ati dhiphoo dha,farreen warraaqsaatti farreen tokkummaa Itoophiyaatti Biyya diiguuf kan sochootanidha, jedhe Oromootaa fi Tigiroota baay’ee hidhee ajjeesa akka ture, Sirni nafxanyoota kun dabaree naqatanii bara baraan aangoo wal harkaa fuudhachuun gabrummaadhaan saba kan bituun isaa kun yaaddoo gudda sabichaa yoo ta,u gara fuuladuraatti yoomi laataa waanjoon gabrummaa kun kan nuurra hafuu jechuun gar tookkoon akka abdi namaa kutachiisuu, gara biraatiin immoo yaa rabbi guyyaan waanjoon gabrummaa kun nuurra hafuu nuuf gabaabsii jechuun namooni quqama

lammuuma qaban abdi isaanii waaqaatti kennachuu isaani fi guyyaa bilisuummaa hawwuu sabicha nu hubaachisa.

oromoo bakka sadiittin hiree ilaala ;Tokko osoo Oromummaa isaa hin beekin orma fakkaatee kan jiraatudha. Lammaffaa osuma Oromoo tahu isaa beekuu bu'aa yerootiif jecha oromoo tahuu Ani isaa ganee orma fakkaatee kan jiraatudha. Inni sadaffaa oromummaa jechuun maal jechuu akka ta'e beekke mirga sabasaatiif kan qabsaa'u, bu'aa dhuunfaaiin utuu hin gowwomiin walabummaa sabasaatiif kan quqquuqamu sabboonaa oromoo dha. (isaayyaas 2013,f.86)

Gama qabsootti nama fiduudhaaf, madda rakkoo beekuun isa angafaati. Kanas, Oromoondi tokko tokko qabsoo kanaatti gufuu ta'aa jiraachuun isaanii hubachiisuufi akka of mil,ataniif yaada adda addaatiin karaattii waldeebisuun ni mul'ata. Kana keessatti Oromoo bakka saditti gooduun kanneen beekani wallaalan , osoo hinbeekin akkuma horii jiraataniifi kanneen ofirra sabaaf bakka qaban jiraachuu eeruun akka namoonni of yaadatan yoo taasisu ni mul'ata.Kanaaf Uummanni Oromoo gabrummaa keessa jiru keessaa kan isa baasuu ijoollee Oromoo dhugaadhaan isaaf qabsaa'an kan barbaaduu yoo ta'u kanaaf immoo Oromummaa jechuun maal jechuu akka ta'e beekke mirga saba isaatiif kan qabsaa'ufi bu'aa dhuunfaatiin utuu hin gowwamin walabummaa sabatiif kan quqqamu sabboonaan oromoo jiraachuun dirqama akka ta'e beekuun barbaachisa akka ta'edha.Kunis, qabsoo gitaa sadarkaa ayidiyooloojii namaa jijjiiruudhaan taasifamu keessaa tokkodha. Akkasumas, diinota qaama keenya fakkaatanii miidhaa qaqqabsiisaa jiran akka hubataniif bifa walalootiinis kaka'umsa namootatti horuun kan mul'atuudha. Kanas, sagantaalee argatan irratti walaloon waldeebisuufi qaawa jiru hubachiisuu isaanii hafeen armaan gadii ni agarsiisa.

Ashamaa isin hundi keessanii

Warri waldhaansoon yoona geessanii

Wal beektuu isi hundi keessanii

Sin keessa jirti diinni keessanii

Of keessaa baasaa yeroo keessanii

Beettuu Goobanaa

Bitamtuu horii gurgurtuu sabaa

Ciraa balleessaa abiddaan gubaa

*Saba Oromoo! Yaa cunquurfama!
Garaan madaa'ee kan kuuse malaa
Jirti diinni kee bobaa kee jalaa
Jabaadhuu
....ka'ii (Isaayyaas2013,f,139*

Walaloo armaan olii irraa kan hubatamu qaama Oromoo ta'ee qabsoo isaanitti gufuu ta'u keessa matoon Oromoo mataa isaa ta'uufi kana dhabasiisuuf akkuma gita bittaa sana tooftaafi kutannoo barbaachisuu isaa kan agarsiisuudha. Walumaagalatti Oromoonni baroota dheeraadhaaf gabrummaa keessa turuu isaafi madda gabrummaa kanaa kan ta'e ammoo, caasaa kaabaajafi bitamaa ilma Oromoo garaaf jiraatu akka ta'e hubatamee jira.

Bara sana roorroo sirna nafxanyaaH/sillaasee mommuutiin biyya bahe.sirni sun kufnaan Dargiin kun angoo qabatee sina diimookiraasii ijaarra jedhe nugowwomse. Dhugaa seenee biyyaatti deebi'eene ture. Kan gara jabummaan nu hidhaa fi nu ajjeesaa nu bitu malee kan nu baraaruu nuuf hin dhufnee.(Isaayyaas, 2013:f181)

Akka waraabbii armaan olii irraa hubannutti, dhalattoonni oromoo harki caalu fedhii dhuunfaa caalaa mirga uummata isaaniitiif bakka kan kennu , lubbuu isaa caalaa qabsoo uummata isaa akka dursa laatu nutti mulisa. Keessumaa Yaadannoon Qanyaazimaach erga ajjeessee yeroo muraasaafis ta'u haadhaa warraa fi ilma isaa waliin gammachuun dabarsuu osoo danda'uu inni mana isaa mudaate kun mana nama hundaa jira waan ta'eef hawaasaaf dursa laachuun ilma isaattis ejjennoo ofii qabu dhaamee deemuun ciminaa fi jabiina akkasumaas ejjennoo ofii kan mul'isuu ta'uu isaa nuu hubachisa. Ilmi isaa Sandaabaanis akkuma abbaa isaa cimaa kan ta'eefi ilaalcha gaarii warraa saba isaaf hinqabanees mana warra gita bittatti guddatus, eenyuummaa isaa osoo hin dagaatiin dhaamsa Abbaa isaa galmaan gahuuf tokkummaa oromootaa labsuun yoomi laataa jechuun oromoonii gabrummaa jalaa bahuuf gaaffii kanan uummata dadamqsaa akka tureef ofii isaatiis qabsoof akka biyyaa ba'e, dargaggonni hedduun biyyaa bahaniifi lubbuu isaaniis itti wareegaman ta'uu nu hubachisa.

Boorsaa jaakkeettiisaa keessaa sa'atii harkaa garaagaraa fi birrii kuma baayi'ee keessaa baasan. "Lubbuun shambal Sabsibee keessa ba'uu erga hubatan booda boorsaa surree isaa keessaa warqee qomaa.Lootii gurraa, Qubeelaa fi shawaaliyaa biyya alaa

baay'iee akka akaayii keessaa haammaaranii Ashkoo kana hundumaa fudhadhu."Ittiin jette.(Isaayyaas 2013: f, 130)

Akka waraabbii armaan oliitti, namni aangoo isaatti fayyadamee karaa gabaabaa ta'een duroomuuf carraa argaateeti fayaadamuuf yoo yaaduu kaanii milkaa'ee, kaaniif immoo utuu hin milkaa'in hafa ta'aa. Haluumaa kanaa fkn shambal Sabsibee kan jedhamuu kun qarshii baayee argatee duroomuu yoo yaaduu lubbuu isaa dhabuu danda'era. Kanaaf namni aangoo isaatii amaanuun aduunyaan kun akka isaa harka jirtutti yaadun miidhairraa akka bu'uu nu hubachisa.

"Bara sana ganda dhaloota koo Harawwee irraa aannan qabeetti naqee mataatti baadhee kaan ammoo harkatti rarraafadhee; Hoteelota itti gurguraa ture isinnittin agarsiisa". (Isaayyaas. 2013 f,213). Bara mootummoota darbanii sana keessa Oromoota irra dhiibbaan adda addaa gahaa turuun niyaadatama. Haaluma kanaan namfakkiin goobaangaleessi asoosama kanaa seenaa bara gabrummaa dabarsiteefi wantoota isaaniif hojjataa turte, ijoollee ishee fi ilma isheetti himuun yemmuu yaadattu waraabbii armaan olii keessatti niagarra. Kun ammoo, gitaa bittaa bara sanaafi dhiibba barichatti hawaasni sun keessumeessaa ture kan nutti agarsiisudha. Kanarraa ka'uun, gitni bara sana aangoo qabu hojii hojjesiisuu irraa jalqabee akka barbaadetti namoota bituu danda'uusaa hubanna.

4.1.9. Gama Hawaasuummatiin

Obboo Gammachuu, Sandaabaa fi Saabaa gara mana isaatti fudhatee gale nyaata guyyaa isaanii dhihaate nyaatanii buna dhugaa haasa'aa turan. Isaayyaas, (2013:f,108) Yaada kana irra waanti hubatamu, hawaasummaa Oromoon sabaaf sablamoota biroo wajjiin qabu mul'isa. Kunis, Gammachuu fi Sandaabaan ilmaan Oromoo ta'anii, Saabaan lammii Ertiraayoo taates wajjiin hawaasummaa qabaachuu isaaniiti.

Eliyaas gaafa walliistoti tuuta aadaa wallaggaa hidhaman afata irra rafan baachisee utuu geessuurraa jiruu koonyaa Naqamtee kaadireen ma.Le.Li.ri. di tokko warra tokkummaa biyyaaf farraa ta'aniif uffata geessitaa? Atis garee isaaniitti Ani durattillee siin shakkaan ture, itti jedhe wallistoota kana wajjiin guyyoota sadiif isa hidhe. (Isaayyaas, 2013f,189)

Ilmaan Oromoo jireenyaa waliin keessatti rakkoo irrattis ta'ee gammachuu irraatti waliif kan birmaatani dha. Haata'u malee ilaalcha sirna bara sanaa keessatti namoota hidhaman gaafachuun

akka yakkaatti ilaalamaa ture. Fkn namfakkiin Eliyaas warren wellistota sana sababa afata irra bulaan geesef sii shakkina jechuudhaan; mana hidhatti galchaan. Kun immoo hawaasummaan waliin jireenyi oromoon qabu akka inni baduu taasiisuu isaa nama hubachisa.

Hawaasummaan hawaasa Oromoo biratti beekamaadha. Keessumaa kabajuufi bakka kennuun ammoo, aadaa gaarii hawaasni kun qabuudha. Asoosama kana keessattis, abbaan manaa maatii isaa wajjiiniin hidhata qabuufi saba isaanii wajjiin qabu agarsiisa. Kunis, waadaa galchiisiisuun haadha manaafi ilma isaa lammii ofitti kennuun hawaasummaa gidduu jaraa jiru ibsa. Hafeen armaan gadii hawaasummaafi jaalala maatii gidduu jiru bifa gargaarutiin ni eera.

Gaaf tokko guyyaa Dilbataa Yaadannoon haadha manaasaa; Faaxumaafi ilmasaa Toofiiqiin qabatee hoteela siintolinnaa dhaqee akkuma yeroo kaani isaa simatte akka gariitti keessummeessuu jalqabde. Haaluma kanaan kan nyaatan kennitee haasaa garaa garaa haasa'aa erga turaani booda Yaadannoon iddo taa'uu ol ka'e. Harka mirga Siintolonna harka mirga hadha manaasaa Faaxumaa wajjiin wal qabsiise Harka bitaa ishee ammoo fuudhee mataa ilma isaa Toofiiq irraa kaa'ee : Rabbii fi sitti keenneen jira. (Isaayyaas 2013f 181).

Hawaasni Oromoo hawaasummaa keessatti dhala namaa irra darbee bineensotaaf jaalala guddaa fi bakka ol'aanaa qabaachuun isaa beekamaadha. Keessumaa saba isaafiis haa ta'u saba kamiifuu jaalala fi kabajuun kennuufiin immoo, aadaa gaarii hawaasni kun qabuufi ittiin beekamudha. Asoosama kana keessattis, Yaadannoon haadha mana isaa Faaxumaa fi ilmasaa Toofiiqiin Siintolonnaatti waadaa galchiisiisuun yoo itti laatee, ofii isaati immoo qabsoof yoo bobba,uu argina. Kana gochuun isaas jaalalaa fi aanttuuma saba isaaf qabu kan agarsiisuudha. Kana gochuun isaas yoon bakka qabsoo kanatti du'ee illee lammiin koo kun dhala koo Kanas naaf guddisti jedhee yaadetu. Kanas, akka ofii fedhetti qofa osoo hintaane mirga qaama sanaatis, eeguun wajjiin jiraachuun isaanii ammayyuu argaa jirra. Haalumaa kanaan baroota darbaan keessas rakkinuma keessa jiraachaa Oromoonni kunniin hawaasummaa mataa isaaniifi kan biroo wajjiinis hariiroo gaarii qabaachuu isaanii waraabbii armaan olii irraa hubachu dadenyaa.

4.1.10 Gama safuu Hawaasaa Eeguutiin

Akka maarkisizimiin jedhutti safuu walqabatee hojii ogbarruu tokko dhimma dabarsuu barbaaderratti hojiicha keessaatti maaltu dhiyaatee?maaltuu jedhame? Kanneen

jedhan irratti xiyyeefata. Bara ogbarruu sun barreeffame keessa safuuwwaan jiran irratti hundaa’uun hojjichi hammaan namummaa akka agarsiises ni madaala. Haaluma kanan asoosama kana keessattis akka armaan gaditti ni mula’ata

“Maal taatee ati hardha?Ni machoofte akka hin jenne dhugaatii alkoolii hin dhugdu.Garuu fayyaadha mitii ati?” Eeyee nan machaa’e.Machiin koo Dhugaatii alkooliidhaan utuu hin ta’in

Jaalala keetu namacheessee safuu na wallaalchise.”Jettee duddaan isa ciibsatee irratti kuftee dhudhungachuu jalqabde. Haalli Fiqir ta’aa jirtu tas Sandaabaaf hin gallef.

“Fiqir turi mee maal hojjechaa jirtaa?”

“Sin jaalladhe malee homaa hin taane”

“Ani obboleessa keeti mitii?”

“Haati koo fi abbaan koo si guddisan malee ati ana wajjin

Firummaa dhiigaa hin qabdu ati alagaadha.”Jettee(Isaayyaas, 2013:f,56)

Akka waraabbii armaan olii irraa hubanuuttii; ijoolleen kun wal fuudhuus ta’ee ija biraatiin wal ilaaluu hin qaban turan ;jarrii kun obboolaa jedhamu turan.

Akka aadaa oromooti halli kun Haaraamuudha. Ilma isa dhalchan tahuu yoo baatellee guddifachaan aadaa oromoo keessaatti akka ilma dhalchanitti lakkaa’ama malee akka alagaatti ykn ormaatti hin ilaalamu.Asirratti Fiqir oromoo ta’uu ishee walaaluudhaan yoo ta’u, sandaabaan garuu utuma beekuu dogogoruu danda’ee jira.aadaa oromoo keessatti akka safuu cabseetii ilalama.

Sandaabaa fi Fiqir ji’a afur booda gadda guddaa keessaa galan innis Fiqir ulfaa’uu isheeti(Isaayyaas2013,f. 50).Yaadakana irraa wantii hubannuu shammareen tokko osoo hin heerumiin ulfaa’uun akka safuu hawaasaa cabsiteetti ilaalama.

4.1.11 GAMA AADAATIIN

“yaa gooftaa ,Nutu utuu Atsee miniliik nungabroomsin qullaa hin deemnu, Fo’aa

Jirbii irraa Qomee, bullukkoo, biddiqqoo ,kalleefi gogaa irraa ammo, Jandee Dakkuu, makaddaa/boraatii/, Itillee siree teephaa,muka irraa ammo siree barcuma

Miilla sadii, meexxii irraa Dibaabee, Gasaa, Handaqii, Gonfee Qeeddiroo, irraa ciisan daabbasaa, mataa ittiin filachuuf filaa (faaqqee) muka irraa soofnee ittiin fayyadamna, Ilkaan keenyaaf rigaa, uffata ittiin miiccuuf handoodee, qodaa ittin

Dhiquudhaaf Eebbichaa, kusaayee qodaa aannanii ittiin dhiquudhaaf foolii gaarii akka qabaatuuf ejersaan qoraasna.

Waraabbii kana irraa waantii hubannuu; durumaa kaasee oromoon Aadaa boonsaa fi barreedaa kan qabu dha. Fakkeenyaaf aadaa nyaataa, dhugaatti fi meeshaalee aadaa garagaraa ogummaa qabuun hojjeete (bocee akka itti gargaramaa kan turefi meeshaalee itti gargaaraman sana illee maaliin akka qulqulleessu qaban ogummaa uumamaan qabanitti fayyaadamuun meeshaan sun foolii gaarii akka inni qabaatu maal gochuu akka qaban beekumsa gahaa kan qabanu ta'uu isanii hubana.

Qodaa aannanii kan akka Qabee, Habuubbii, Ro'oo Quluu, willee coocii fi k.k.f, gingilchaa kana malees Gundoo, Gombisaa, (gootaraa Gumbii,) Guuboo, Quunnaa,

Qalqalloo, Gabatee fi k.k.f. Meeshooti nyaata itti bilcheessuuf itti tajajilamnu; Boojiitoo xebbee, xuwwee, Eelee, suphee, fi k.k.f. kana malees meeshoota qotisaas qabna.

Akkasumaas nyaata aadaa kanneen akka buna qalaa satatoo, Boxala, cuumboo,

Caccabsaa, Maxinoo, maraa, Qorsoofi Qoriin nyaata keenya. Akkasumas

Dhugaatiis bulbulaa dammaa, Daadhii (bookaa), Bordee, kana malees biqiltootaa

Hundeen isaanii afeellee nyaatamuus kan akka Hancootee Qoccoo, Booyinaa, keessumaa lafee cabeeff Hancooteen qoricha dha.

Dhukkuboota garaa garaa ijaa, hiddaafi baala muka garaa garaa irra qoricha qopheessuun ittii fayyadamana. (Isaayyaas 2013, ff33-39)

Akka waraabbii armaan olii irraa hubanuutti :oromoon aadaa garaagara qabachuu fi aadaan kun yeroo sanattii dhiibamaa fi jibbamaa akka ture hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee oromoonni aadaan isaani kun warra gabroomfaata biratti illee yoo jibbamaa ta'ee aadaa sana egaanii tursiisuun, yeroo amma barnoota amayyaa keessalee galuun dhaloota hubachisuu fi aadaa sana akka beekaan gochuun danda'ame jira.

BOQONNAA SHAN:GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan dhihaatan guutummaa qorannoo cuunfuuf kan gargaaru goolaba qorannichaa, argannoofi yaada furmaatati.

5.1. Goolaba

Qorannoo kana keessatti asoosama '*Yoomi Laataa?*' ija yaaxxina maarkisizimiitiin maal akka fakkaatu hubachuuf gadi fageenyaan xiinxalamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaa, asoosama '*Yoomi Laataa?jedhu*' kana keessatti: haalli siyaasaa, diinagdee, akkaataa hawaasummaa yeroo sanaa, sabseenaa ummata Oromoo, ilaalcha bara sana ture, hawaasummaa, haala jiruufi jireenyaa ummata Oromoo akkaataa itti calaqsiiameefi ergaan asoosamichaa yeroo seeneffamichi keessatti seeneffameen hammam walsima? kanneen jedhaman irratti adeemsifamee jira.

Qorannoo kana galmaan ga'uuf akaakuun qorannoo itti dhimma bahame akkamtaadha. Odeeffannoon kitaabicha keessaa walitti qabames jechaan ibsi kan itti laatamedha. Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaaba asoosamaa '*Yoomi Laataa? (2013)*' bifa iddatteessuun akkayyootiin kan filatameedha. Kana galmaan gahuuf qabxiileen mirkaneeffannoo qopheeffachuun itti gargaarameen jira. Ragaaleen walitti qabaman kunniin ammoo haala walfakkeenya isaaniitiin walitti fidamuun haala qabatama asoosama keessatti kalaqameen walitti hidhuun kan raawwateedha. Asoosamni kun dhiibbaa ummata Oromoo irra gahaa ture, qabsoo ummanni kun diddaa gabrummaatiif taasise, haala seenaa, duudhaa akkasumas, haala jiruufi jireenya haala qabatama yeroo sanaafi abdiin gara fuulduraa kan calaqqisiisuudha.

Kaayyoon ijoo qabsoo kanaas sabni Oromoo sirna nama nyaataa namaafi lafa waliin bitu jalaa bahuun baddaafi gammoojjiitti tokkummaa uumuun akkamiin akka saba bilisoomsan yemmuu ta'u; kanuma keessa ammoo, hadhooftuu foon keessaa karaatti deebisuufi gidiraa walwajjiin qoodachuuf waldaaleen adda addaa hundaa'uun addunyaan asoosama '*Yoomi Laataa?*' lafa kaa'ee jira. Kun akka galma ga'uuf asoosamichi "*Yoomi Laataa?*" jechuun gita cunqurfamaatti onnee hore. Haaluma kanaan, taatewwan asoosama kana keessatti dhihaatan haala qabatama addunyaa keessa jiraannuu waan calaqqisee jiruuf, ogbarruu tokko haala keessatti barreeffame irraa adda baasanii ilaaluun rakkisaadha , yaada jedhu akka mirkanaa'u taasisee jira.

Akkasumas, hojiin asoosama kanaa keessatti, haala waliigala xiinxalameen ciminaafi hanqina inni qabu ifatti baasuun dhiyaatee jira. Kunis, qindoominni dhimmoota sabseenaa, siyaasaa, ilaalchaafi diinagdee achi keessatti dhiyaatan ragaa qabatamaan deggeraa deemmuun, asoosamichi fudhatamummaa akka argatu, yoomessa qabatamaatti garagaaramuu, namfakkaattiiwwan dhimmoota bakka bu'aniin walsimannaa qabaachuu isaanii, sabseenaan achi keessatti dhihaate waanuma Oromoota ibsu haala qabatama addunyaa keessa jiraannuu bu'uureffachuun ijaaramanii jalqabaa hanga xumuraatti bifa nama ofitti hawwachuu danda'uun dhiyaachuun isaa dhimmoota akka cimnaatti ilaalamanidha. Kana malees, ergaan asoosama kanaa dhimmoota hawaasa keessatti baay'ee murteessoofi barbaachisoo ta'an kanneen akka: ilaalchaa, siyaasaa, diinagdee, aadaa, duudhaa, afaan, hawaasummaa, amantaa, falaasamaafi kan kana fakkaatan irratti fuulleffachuun akka ciminatti ilaalamee jira.

Kallattii biraatiin akka hanqinaatti kan ilaalaman iammoo yoomessi asoosamichaa bal'aa waan ta'eef dubbistoonni yoomessa qabatamaa bira gahuuf danqamuu, namfakkiiwwan garmalee waan baay'taniif ergaa asoosama kanaan darbu hubachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Akkasumas, seenaa dhihaate baay'ee dheeraa waan ta'eef, asoosaan waan dabarsuu barbaade sana argachuu nama rakkisa. Haallii kun immoo dubbisaa burjaajessuu waan maluuf akka hanqinaatti ilaalamanii jiru.

5.2. Argannoo

Xiinxala asoosama '*Yoomi Laataa?*' ija yaaxxina maarkisizimiitiin xiinxalamuun argannoo tokko irra ga'amee jira. Xiinxala taasifameenis; addunyaa asoosama kanaa keessatti hawaasni Oromoo ijaarsa Itoophiyaa ammaatiif bakka ol'aanaa qabaachuun isaanii yoomessa mootummoota sadii keessatti calaqqisiifamee jira. Kun ammoo kan mul'isu: dhiibbaawwan siyaasaa isaan keessa darban, ilaalcha mootummoota gara garaafi murna muraasaa, haala diinagdeen ummata Oromoo irra tureefi dhiibbaa hiyyummaaf gamtoomuun dhabuun qabu, akkasumas, haalli sabseenaa ummatichaa bal'inaan ilaalamuun kaa'amee jira.

Akka qorannoo kanaatti asoosama kana keessatti uummanni Oromoo bara mootummaa Atsee Teediroos irraa jalqabee hanga kufaatii mootummaa Dargiifi seensa A.D.W.U.I tti miidhaawwan gama ilaalchaan, siyaasaan, diinagdee, seenaan, hawaasummaafi kkf niin irra gahaa ture ragaalee bifa armaan oliitiin xiinxalameen lafa kaa'amee jira.

Hawaasni Oromoo barootan dheeraadhaaf mirga abbaa biyyummaa isaa dhabuun mootummoota kana jalatti akka buluuf dirqama tureera. Keessuummattu, bara Minilik Oromiyaa humnaan gabroomsee qabatee as uummanni Oromoo rakkoo garaagaraaf saaxila baheera. Haata’u malee, rakkoo fi miidhama irra ga’u kana uummatichi callisee fudhatee ta’aa hin ture. Mirga isaa sarbame kana deebifachuuf qabsoo hadhaawaa fi obsa fixachiisaa ta’e taasisaa ture. Akka asoosama kanaattis dhimmoonni kun haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti balinaan mul’achaa turee jira. Cuunfaadhumatti , qabxiileen argannoo qorannoo kanaa haala armaan gadii kanaan dhiyaatee jira. Uummanni oromoo sirnoota darban keessaati dinagdee gahaa qabaatus itti gargaaramuuf sirni yeroo sanaa akka isa danqaa ture ifoomeera.

- Sirnoota darban keessaatti akkaataa uummanni Oromoo dhimma dinagdee isaa irratti aangoo qabaachuu fi dhabuun wal qabatee rakkoo gurguddoof akka saaxilamaa turee fi hirkataa ta’u ifoomee jira.
- Uummanni Oromoo gita cunqursaa baroota dheeraaf isarra ture of irratti baatee turuu diduun qabsoo diddaa gaaggeessaa akka ture mul’ateera.
- Olaantummaan gita cunqursaa Oromoo irra ture olaanaa ta’uun hacuuccaa kana jala bahuuf wareegama gudda gaffaachuun isaa ifoomee jira.
- Asoosamni kun haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo gama bulchiinsaafi siyaasaa bu’uura taasifachuun dhiyaachuun isaanii ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun danda’ameera.
- Dhimmoonni dhiyaatan kunniinis taateewwan hawaasichaa bu’uura taasifatee kan kalaqamedha.
- Jiruufi jireenya saba tokkoo keessatti qabxiileen bu’uuraa qabeenyaa, diinagdeefi siyaasa haala jireenya isaanii waliin hidhata cimaa warra qabaniidha. Haalonni jireenya hawaasaa waliin walqabatan kun asoosama “Yoomi Laataa”? xiinxalame keessattis xiyyeeffannoo olaanaa argatanii jiru.
- Akkasumas, haalli qabeenyaa, diinagdeefi qaroominaa uummata Oromoo bara mootummaa Astee Teediroos hanga mootummaa Dargiitti maal akka fakkaachaa ture karaa dhugummaa qabuun tarreeffamuun isaanii ragaalee xiinxalamaniiraa hubachuun danda’ameera.
- Asoosamni tokko yeroo kalaqamuu dhimma irratti fuulleffatu niqabaata. Dhimma irratti fuulleffatu sanaaf xiyyeeffannoo olaanaa kennee irra deddeebi’uudhaan mul’isa. Haaluma kanaan, asoosama xiinxalame kana keessatti ija yaaxxina qorannoo kanaatiin

dhimmoonni hawaasummaa, siyaasaa, ilaalchaa, diinagdeefi sabseenaa uumamaa irratti fuulleffachuun kan dhiyaatan ta'uun isaanii ragaalee boqonnaa afraffaa jalatti xiinxalame irraa hubatamee jira.

- Asoosamichi dhimmoonni bu'uura yaaxxina kanaa ta'an kalaqamuun ol'aantummaan dhiheessuun isaa hubatamee jira. Haalli kun ammoo, asoosamni kun ija qeeqxotaa keessa akka bu'uufi haalota jiru hubachuuf qooda guddaa qabaachuu isaa nutti agarsiisa.
- Mootummoonni dhufanii fi darban diinagdee saba oromoo irratti dhiibbaa gurguddoo geessisaniiru. Qabeenya oromoo saammudhaan ofii abbaa lafa ta'anii sooromanii kaan ergamaa godhachuun waanjoo garbummaa jala galchuun dhumarrattis ergamtuusaa akka taasifatu hojii qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- Qabeenya oromoo saamamuu keessaa inni guddaan saamicha lafaati. Gitni aangoo olaanaa qabu qabeenya kana saamuuf oromoota ergamaa isaa godhateera.
- Sirni ittii sabni kun gaggeeffamaa jiruu sirna fedhii cunqursitootaa giddugaleessa godhatee dha. Sirna dhugaa hawaasaa dhoksuun sobaan hawaasa yakku. Namoota kaayyoo sirna kanaatiin mormaan kaan ajjeessanii kaan immoo hidhanii gidirsuu kaan godaansaaf saaxilan, warra hafa bakka isaan bu'aan dhabamsiisanii. Dhugaa kana barreessaan fakkoommiin gargaaraa fayyadamuun dhimma sirnicha ibseera.
- Kaayyoon guddaan ummanni oromoo qabsaa'eef duudhaa oromoo duraanii kan ta'e sirna Gadaa deebisuu saba oromoo bilisoomsuufi oromiyaa olaantummaa alagaa jala baasuu jijjiirama bu'uura dinagdee fi siyaasa oromoo bilisummaa walitti fufaa fi bilisummaa waliinii akka dhufu ta'u hubachisa.

5.3. Yaada Furmaataa

Qorannoon kun asoosama Yoomi Laataa? Bara 2013 ALH irra deebiin maxxanfame ta'e hojii kalaqa barreessaa Isaayyaas Hordofaa kan ta'e irratti taasifamedha. Walumaa galatti, asoosamni kun kallatti yaadxina qorattuun itti gargaaramteetiin Maarkisizummaatiiniifi yaadxina dhugummaatiin asoosama biraa wajjiin qindeeffamuun Dassaaleny Hayiluutiin xiinxalli irratti gaggeeffamee jira. Haaluma kanaan, namoonni kana booda asoosama kanarratti qorannoo wal fakkaataa geggeessuu barbaadan kallattiiwwan garaagaraatiin yoo geggeessan guddina Ogbarruu Oromoo kanneen birootiif galtee ta'uu mala. Qorattoonni qorannoo gaggeessuu barbaadan ergaa isaa xiinxaluu, Itti fayyadama Afaanii ilaalchisee, Yaadxina Hawaasummaa, Yaadxina Xiinsamuu, Yaadxxina Dubartummaa fa'atti dhimmaa bahu dandeesu.

WABIILEE

- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa.Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee .
- Asaffaa Tafarraa (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee.Fareast Trading PLC.
- Birhanu Mathews (2009). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa:Alpha Printers PLC.
- Creeswel J. (2003).*Qualitative, Quantitative And Mixed Research Methods Approchs*. London:sage.
- Cuddon, J.A.(1999). *The Penguin Dictionary of Literary terms and Literary terms and Literary theory*. (3rd ed.). London:Macmillan Publishers.
- Dastaa Dassaaleny (2013). *Bu'ura Qorannoo*. Maxxansa 2ffaa Addis Ababa: Far eastbtrading plc.
- Dutton, R (1984). *An Introduction to Literary Criticism*. England: Longman York Press
- Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism, A logical Analysis*.USA: University of California Press Ltd.
- Finnegan Ruth. (1970). *Oral Literature in Africa*: Oxford: Oxford University press.
- Filee Jaallataa (2019). Malleen Qorannoo Finfinnee: Oromiyaa
- Green, K.(1996). *Critical theory and Practice*. London and NY: Routledge.
- Habib (2005). *A History of Literary Criticism from Plato to Present*. USA: published by Blackwell Ltd.
- Ibsa Gutema (2003).Prison conscienes new York Gubirmans publishing.
- Isaayyaas (2013), Yoomi Laataa?: Finfinnee.
- Jennifer McClinton-Temple(2011). *Encyclopedia of Themes in Literature*. New York NY: Library of Congress Cataloging-in-Publication
- Kumar,R .(2014)Research methodology a step ba step Guide for Beginners 4.ed London sage
- Lamlam Taayyee (2013) ‘Xiinxala Caaseffama Aangoo Koorniyaa Asoosamoota *Suuraa Abdii, Hawwii fi Illaa*, ija yaaxxina Maarkistoota Dubartummaatiin’. Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa. Yunivarsitii Addis Ababa .
- Lazar,G.(1993)Literature and Language teaching. combridge university preessUK
- Lodge, D. (1988). *Modern Criticism and Theory*. Longman:London.alifornia Press Ltd. Mario,
- Mareemaa Abduu, (2011), ‘Xiinxala Asoosama “Arraa Gurbaa!” Ija Yaaxxina Maarkisiizimiitiin.’ Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa kan hinmaxxanfami. Yunivarsitii Jimma.

- Mario (2005), *An Introduction To Literary Studies*. London And New York : Published By Routledge. Taylor and Francis Group.
- Mekuria Bulcha (ed). (1994). "*History of Oromoo Literature*" In *Journal of Oromoo Studies*. Vol.1, No.2, Middel Tennessee.
- Meyer, M. (2005). *The Bedford Introduction to Literature*. University of Connecticut. 7th. edition. Boston, New York.
- Mohammed Hassen (2015). *The Oromoo and the Christian Kingdom of Ethiopia 1300-2017* James Currey.
- Nagara, E. (1985). *Art and ideology in the African Novel: A study of the Influence of Marxism on African Writing*. London: Heinemann Education Books Ltd.
- Raajii Mokonn (2012). *Xiinxala Asoosama Miila hinshokoksine: Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa kan hinmaxxanfami*. Yuunivarsitii Jimma.
- Sarah C. (2018). *Political Economy and the Novel: A Literary History of Homo*
- Seigel (1970). *Leon tlotzky on Literature and Art*. New York: Path finder Press.
- Terry E. Boswell, Edgar V. Kiser, Kathryn A. Baker (___). Recent developments in Marxist theories of ideology.
- Teshome Egere. (2013). "*A feminist reading of selected novels in Afan Oromo a study in deconstruction*". Addis Ababa University. (Unpublished PhD Thesis).
- Tomasz H. (2002), *The Concept Of Marxism: International Library* Publishing.

Dabalee

Qabxiilee mirkaneeffannoo kitaaba asoosamaa “*Yoomi Laataa*” keessaa ragaalee walitti qabachuuf qophaa’e.

1. Asoosamni kun haala diinagdeefi hawaasummaa jiru deeggara moo cunqursaa morma?
2. Barreessaan mala maaliitiin hariiroo garee cunqursaafi cunqurfamaa gidduu jiru ifa baase?
3. Asoosamichi waa’ee cunqursaa akkamiin eere?
4. Asoosamicha keessatti qooddattoonni akkamitti cunqursaa irra aanuuf yaalan?
5. Cunqursitoonni aangoon isaanii akka irraa hinmulqamne akkamiin tikfatan?
6. Yaaliin cunqurfamtoonni rakkina siyaasaafi diinagdee jalaa bahuuf yaalaa turani?
7. Dhimmi fincila diddaa gabrummaa Oromoon yeroo sanaa maalfakkaata?
8. Barreessaan saamicha diingdeerratti taasifamu ifa baasuuf mala maalii gargaarame? Fkn’f, malleen dubbiiitiin ibsee? ni seenessee?, dubbii qoolaatiin ibsee, fakkoommii fayyadamee?, moo qooddattootaanii?
9. Hacuuccaa saba Oromoo yeroo sanaa, barreessichi tooftaa maaliitiin lafa kaa’e?
10. Uummanni cunqurfamaan yeroo sanaa daangaadhaa hanga daangaatti fincilee jiraa?
11. Ogbarruun kun rakkoolee asoosamicha keessatti hawaasa mudataniif akka furmaataatti fuulcha wayii ni kaa’aa?
12. Ergaan seeneffama asoosamichaa yeroo keessatti seeneffameen walsimaa? haala kamiin?
13. Yoomi Laataan saba Oromootiif dhaamsaa maalii dabarsa?